

The Boy in the Striped Pyjamas

Barreessaan- Joon Booyin

2006



Cunqursaa

Guutuu Amsaaluu

“dallaan nu gidduu jiru sin dabarsu”

Boqonnaa 1

Bruunoon Waa Arga

Gaaf tokko gara waaree booddee Bruunoon mana barumsaadhaa manatti yeroo deebi’u hojjetuun isaanii mana ciisichaa isaa keessa uffata isaa hunda saanduqatti naqxee utuu isheen dhaabbattuu arge. Hojnettuttiin yeroo hunda akka gadi jettetti dha; takkaa ol jettee nama hin ilaaltu. Mi’i isaa homtuu hin hafne; kanneen inni namni kamiyyuu akka itti jalaa hin buuneef dhoksee kaa’e illee jechuu dha.

Aariin isaa akka fuula isaarraa hin mul’anne yaalaa “maal gochaa jirta?” jedhee gaafateeni. Mi’a isaatti bu’uu isheetti baayyee aarus haati isaa Maariyaa akka abbaan isaa ifatu akka ishee hin ifanne, akka kabajuun waan gorsiteef itti hin dheekkamne. “Mi’a kootti hin bu’in” jedheeni hojnettuttiidhaan.

Maariyaan mataa raastee qubaan gara olii itti agarsiiste; haati isaa gadi dhufaa jirti. Haatii Bruunoo dheertuu, rifeensi mataa ishee diimaa kan booddeetti qabsiifame dha. Harki ishee akka nama waa himuu sodaatee hollatuu ta’aa jira.

Bruunoon itti siqee, “Harmee, maaltu ta’aa jira? Maariyaan maalif mi’a kootti buuti?” jedhee gaafate.

“Karaa deemsaaf qopheessaa jirti” jettee ibsiteefi.

“Karaa deemsaaf?” jedhe Bruunoon. Kaleessa maalan balleesse ta’a jedhee yaaduu jalqabe. ‘Tarii waanan itti bu’uun naaf hin eyyamamnettin bu’ee laata? Moo jecha naaf hin eyyamamne dubbadheen turee laata?’ jedhee yaade. Haa ta’u malee balleessaa tokkollee yaadachuu hin dandeenye. Hamma inni beekutti guyyaa muraasa as dhiyoo keessatti amala gaarii agarsiise. “Maalan balleesse?” jedhee harmeesaa gaafate.

Harmeen isaa deebii utuu hin kenniniif mana ciisichaatti deebite. Mi’i isaanii walitti sassaabamaa jira. Harmeen isaa hafuura jabaa baafattee aariidhaan harka ishee facaastee ol baate. Bruunoon ishee dudduuba deeme. Deebii utuu hin argatin hin dhiisu.

“Harmee, maalif deemna?” jedhee gaafate.

“Naa wajjin gadi bu’i; achittin sitti hima” jettee gara kutaa nyaanni itti nyaatamu kan fuuriin torbee darbe irbaata itti nyaate deemte.

Bruunoon ariitiidhaan fiigee deemee mana nyaataa keessatti ishee eege. Callisee yeroo ishee ilaalu iji ishee diimatee waan tureef dibata ishee sirriitti hin dibanne jechuudha jedhee yaade. Innis balleessee yeroo reebame boo’ee akka iji isaa diimate ni yaadata.

Haati isaa barcuma isa dubartii bareedduun fuurii wajjin dhufte irra teessee turte irra teesse. Dubartittiin yeroo deemu nagaatti jetteenii akka isheen itti harka itti raafte yaadate. “Bruunoo, homaa hin yaadda’in; adveencharii gaarii dha” jette harmeen isaa.

“Maaltu? Manaa na ari’aa jirtuu?” jedhee gaafate Bruunoon.

Harmeen isaa akkaa seequu taatee gidduutti dhiiste. “Si qofa miti. Hunda keenyatu deema; ana, abbaa kee, Greetalii fi si’i, afran keenyatu deema” jette.

Bruunoon takka yaade. Greetel abdii kan hin qabnee fi isa kan rakkistu waan taateef deemuun ishee isa hin aarsu. Isaan ishee wajjin deemuun isaanii garuu sirrii fakkaatee itti hin mul’anne.

“Eessa dha garuu kan deemnu?” jedhee gaafate.

Harmeen isaa “Hojiin abbaa kee hammam hojii barbaachisaa akka ta’e beekta mitii?” jettee ibsuufii yaalte.

Bruunoon mataa olii fi gadi raasaa “eeyyee, beeka” jedhee deebise. Kana kan jedhe garaa isaarraati. Mana isaanii keessummoonni yuunifoormii babbareedaa uffatan, dubartoonni taayippii inni itti bu’uun hin eyyamamneef ittiin barreessan qaban dhufaa oolu. Kana malees keessummoonni dhufan abbaa isaa akka kabajan, Fuurichi karoora guddaa akka abbaa isaaf qabu yommuu haasa’an ni dhaga’a.

Haati isaa “ Yeroo tokko tokko hojjetaan isaanii hojjetaa gaarii yeroo ta’u warri isa qacaran hojii guddaan lafa jirutti isa ergu” jette.

“Hojii akkamii?” jedhe Bruunoon. Bruunoon hojiin abbaan isaa maal akka ta’e hin galuufi.

Gaaf tokko mana barumsaatti ijoolleen abbaan isaanii maal akka hojjetu himu turani. Kaarl abbaan isaa daldalaa fuduraa fi kuduraa akka ta'e dubbate. Bruunoon suuqii isaanii waan arguuf dhugaa akka ta'e beeka. Daani'el immoo abbaan isaa barsiisaa ta'uu hime. Abbaan isaa dargaggoota Bruunoon itti dhiyaachuu hin jaallanne barsiisa. Maartiin immoo abbaan koo nyaata-qopheessaa dha jedhe. Yeroo Maartiiniin mana barumsaadhaa fuudhuuf dhufu uffata adiidhaan akka dhufu waan arguuf kunis dhugaa ta'uu Bruunoon beeka.

Dabareen Bruunoo ga'ee abbaan isaa maal akka hojjetu yeroo isa gaafatan deebisuuf erga afaan banee ofiisaayyuu hojii abbaa isaa akka hin beekne bare.

Wanti inni jechuu danda'e abbaan isaa waan baayyeen kan irraa eegamu ta'uu fi fuurichi karoora guddaa akka isaaf qabu, yuunifoormii miidhagaas akka qabu qofa dha.

“Hojichi hojii baayyee murteessaa dha; namni cimaan qofti kan hojjechuu danda'u. Sii gala mitii?” jette haati Bruunoo, afaan keessa qaqqabachaa.

Bruunoon “Hundi keenya deemuun dirqama dhaa?” jedhee gaafate.

“Abbaan kee hundi keenya wajjin jiraachuu baannaan nu yaada” jettee deebiste haati isaa.

Bruunoon “Hunda caalaa eenyuun yaada? Anaan moo Greetaliin?” jedhee gaafate.

“Lachuu keessan iyyuu qixxee isin yaada” jettee deebiste haati isaa. Ijoollee wal-caalsisanii ilaaluu dhiisuutti amanti; Bruunoon amala ishee kana ni jaallata. Dubbachuu baattus isa akka caalchistu waan beekuuf.

Bruunoon ammas gaaffii gaafachuu hin xumurre. “Mana keenya hoo eenyutu nuu eega?” jedhee gaafate.

Haati isaa manicha akka waan yeroo dhumaaf argituutti ilaaltee hafuura quunnaa tokko baafatte. Mana baayyee bareedaa gamoo shan qabu dha. Kutaa gadii kan itti hojjetuun nyaata qopheessituu fi kutaa xiqqoo ishee gubbaa kan Bruunoon yoo qeensaan dhaabatee keenyanitti rarra'e Barliiniin gad-ilaalu dabalatee jechuu dha.

Haati isaa “Ammaaf mana cufnee deemna; gaaf tokko deebinee dhufnee keessa jiraanna” jette.

Bruunoon “Hojjetuun keenya hoo? Laarsii fi Maariyaanoo nu duukaa hin dhufanii?” jedhee gaaffii isaa itti fufe.

Haati isaa “Eeyyee isaanis nu duukaa dhufu. Kana caalaa gaaffii natti hin baayyisin; deemii Maariyaa mi’a kee sirreessuu gargaari” jette.

Bruunoon barcuma isaarraa ka’us eessayyuu hin deemne. Ammayyuu waan gaafachuu qabu hunda gaafatee hin fixne.

Bruunoon “Iddichi hammam asirraa fagaata? Maayilii tokko ni caalaa” jedhee gaafate.

“Ayii,” jette haati isaa kolfi ishee qabatee. Kolfichi garuu kolfa gammachuu waan hin taaneef Bruunoon akka ishee hin argineef achi irraa garagalte. “Eeyyee, maayilii tokko caalaa fagaata. Maayilii tokko baayyee caala” jette.

Odeeffannoon kun Bruunoo baayyee ajaa’ibsiise. “Barliiniin gadhiisnee deemaa jirra jechuudhaa?” jedhe hafuura citaa.

“Eeyyee,” jette haati isaa gaddaan mataa raaasaa. “Hojiin abbaa kee-“

“Mana barumsaa hoo?” jedhe Bruunoon afaan irraa ishee butee. Haasaa namaa addaan kutuun akka hin eyyamamne beekus har’allee naa dhiisu jedhee yaade. “Kaarlii fi Daani’elii fi Maartin hoo? Wajjin taphachuu yeroo barbaannu eessatti wal argina?”

“Ammaaf hiriyoota keetti nagaa dhaami. Yeroo xiqqoo keessatti deebitanii wal arguun keessan garuu hin oolu. Lammaffaa utuun haasa’uu addaan akka na hin kunne ” jette haati isaa. Oduu gaddisiisaa yoo dhaga’es naamusa haasaa barate cabsuun dheekkamsa irraa isa hin oolchine.

“Nagaa itti dhaamii?” jedhe naasuudhaan ija babaasee. “Nagaa itti dhaamii?” jedhe ammas irra deebi’ee. Sagaleen isaa ni ukkaamame. “Kaarlii fi Daani’elii fi Maaartiinitti nagaa dhaamii?” jedhe sagaleen isaa gara iyyaatti dhiyaatee. “Hiriyoota koo yeroo hundaatiim isaan!”

“Hiriyoota kan biraa ni argatta” jette dhaqnaa dhabaa harka facaastee. Hiriyoota yeroo hunda waliin taphatan sadii argachuun akka waan salphaa ta’ee.

“Waan karoorfanne qabna turreem” jedhe.

Haati isaa gurra qeensaa “Karoora? Karoora akkamii?” jette.

“Sitti himuu hin danda’u” jedhe Bruunoon. Karoorri isaanii jeequu ture, keessumaa immoo yeroo torbee muraasa booda manni barumsaa cufamu isa karoorfatan hojiirra oolchuuf yeroo ni qabaatu.

Haati isaa “Nan gadda; karoorri kee amma fiixaan bahuu hin danda’u. Filannoo hin qabnu” jette.

“Garuu, harmee!”

Haati isaa ol kaatee dhaabattee itti dheekkamte: “Ni ga’a. Torbee darbe jijjiiramni mana kanaa natti hin tolle jettee of nyaachaa hin turree?” jette.

“Galgala galgala ibsaa dhaamsuun dirqama ta’uun isaa natti hin tolle” jedhee amane.

Haati isaa “Hundi keenyayyuu akkas gochuu qabna; balaarraa ooluuf jenneetu. Maaltu beeka achi lafa deemnu wanti nu sodaachisu homtuu hin jiraatu ta’a. Amma gubbaa deemii Maariyaa gargaari. Yeroo koo waan gubdeef qophaa’uuf yeroo ga’aa hin arganne” jettee ofirraa ariite.

Bruunoon tole jedhee gaddaa ol ba’e. Yaada isaa keessa kan jiru manicha baayyee kan jaallachiiseen gardafoo isaa fi akaakayyuu fi akkoon isaa naannoo sana jiraachuu isaanii ti. Akaakaa fi akkoon nu duukaa dhufu moo asitti hafu kan jedhu gaaffii itti ta’e. Xiqqoo turee yeroo yaadu garuu isaan namoota gatamanii deeman miti jedhe. Griitel abdii kan hin qabne waan taateef nama bu’aa buuftuuf hin qabdu- haftee utuu mana eegdee wayya- akaakaa fi akkoo garuu maaltu dhiisee deema?

Bruunoon suuta jedhee gara kutaa isaatti deeme; utuu hin deemin garuu al tokko yeroo gadi ilaalu haati isaa biiraa abbaa isaa kan yeroo kamiyyuu seenuuf dhorkaa ta’e utuu isheen seentuu arge. Haati isaa sagalee guddaadhaan yeroo dubbattu, abbaan isaas sagalee caaluun yeroo deebisu dhaga’e. Sana booda lachuu ni callisani. Biiron abbaa isaa cufamee sagaleen dhaga’amus gaafa dhibu Maariyaa harkaa fuudhee mi’a isaa qopheessuuf murteesse. Sababni isaa mi’a isaa eeggannoodhaan akka isheen hin qabne waan beekuufi. Keessumaa immoo mi’a

gara dudduubaaa jiru kan namni biraan akka argu hin barbaannetti akka hin
buuneef jedheetu.

Boqonnaa 2

Mana Isa Haaraa

Bruunoon mana isaanii isa haaraa yommuu argu naasuudhaan ija babaase; afaan bane. Mana isaanii isa duraa wajjin faallaa waliiti. Kana keessa akka jiraatan amanuun itti cime.

Manni isaanii inni Barliinitti argamu iddoo callisaa irratti kan argamu yoo ta’u, manni naannoo sanaa hundi mana gurguddaa dha. Xiqqoo ishee mana isaanii irraa adda waan ta’aniifis yeroo ilaalan ni babbareedu. Ijoolleen inni duukaa taphatus wajjin hin taphannes baayyeetu jira. Manni inni haaraan garuu kophaa dhaabata; onaa fakkaata. Ollaa isaa manni biraa hin jiru; maatiin biraan naannicha hin jirani. Kana jechuun ijoollee wajjin taphatus wajjin wal lolus hin qabu jechuu dha.

Manni inni Barliin baayyee guddaa ta’uu isaarraa kan ka’e wagga sagal keessa jiraatuyyuu iddoo dhokattuun inni bira hin geenye hin dhibu. Kutaan inni hin seennes jira, fakkeenyaaf biiraa abbaa isaa kan yoomiyyuu keessa seenuun hin heyyamamne. Manni inni haaraan garuu gamoo sadii qofa qaba: gamoo gubbaa kan manneen ciisichaa fi mana fincaanii tokko qofa qabu, lafa (kushinaa, gorduubaa fi biiraa abbaa isaa kan qabu), kutaa lafa jalaa lafa hojjettoonni rafan. Biiraa abbaa isaa akkuma isa mana Barliin seenuun dhorkaa ta’a jedhee tilmaame.

Manni inni Barliin manneen gurguddoo biroon kan marfame dha. Gara wiirtuu magaalaa yeroo deemtu namoota adeeman, dhaabatani walitti odeessan, namoota yeroo hin qabu jedhanii fiigan argita. Suuqii babbareedoo, manneen fuduraa fi muduraa akka raafuu fi kaarotiifaa tuulanii qaban baayyeetu jira. Fuduraa meeqaaf meeqatu keessaa urgaa’a. Bruunoon takka takka dunuunfatee dhaabatee foolii quufee gammada ture. Manni inni haaraan garuu karaa tokkittii qaba; namni suuta jedhees ta’e ariitiidhaan irra deemu hin jiru; mana fuduraa fi muduraa miti suuqiin iyyuu hin jiru.

Yeroo dunuunfatu naannoon isaa onaa fi cabbaa’aa ta’ee itti dhaga’ame. Qofummaatu itti dhaga’ame.

Barliinitti karaarra minjaalli hedduun tarree galee taa'a. Takka takka yeroo inni Kaarl, Daani'elii fi Maartiinii wajjin mana barumsaadhaa galu namoonni hedduun taa'anii dhugaatii oomacha'aa dhugaa yeroo kolfan arga. Namoonni iddoo sana taa'an baayyee nama kolfisiisuu danda'u jechuu dha; namni yeroo hunda utuu kolfuufiin arga jedha ture. Waa'ee mana isa haaraa gaafa yaadu garuu namni kolfu hin jiru jedhee yaade. Manichi wanta nama kolfisiisus, wanta nama gammachiisus hin qabu.

Bruunoon dhufanii sa'atii muraasa gidduutti "As jiraachuun keenya yaada gaarii miti" jedhe utuu Maariyaan uffata ishee shaanxaa keessaa baastuu. (Mana isa haaraa keessa hojjetuun maariyaa qofa miti; dubartoonni huqqatoo sadii kan hasaasanii malee hin dubbannes jiru. Jaarsi tokko kan nyaata qopheessee yeroo nyaataa immoo dhiyeessu akka jirus dhaga'eera. Namichi fuula isaarraa gaddaa fi aarii tu mul'ata.)

"Nuuf ofii keenyaan yaaduun nuuf hin eyyamamu. Namoota birootu jireenya keenyaaf murteessa" jette haati isaa daayimandii akaakaa fi akkoon gaafa abbaa Bruunootti heerumtu kennaniif qaqqabaa.

Bruunoon waan isheen jette waan hin galleefiif akka hin dhageenyetti irra darbe. "As dhufuun keenya yaada gaarii miti" jedhe ammas irra deebi'ee. "Isa darbe dhiisnee manatti yoo deebine wayya. Muuxannoo irraa barannu nuu ta'a." Jecha 'Muuxannoo irraa barannu' ishee jettu dhiyoo waan bareef hamma danda'ametti ammaa ammaa itti fayyadama.

Haati isaa kolfaa daayimandicha keesse. Animmoo jecha biraan sii kenna, "Haala gadhee jiru hamma danda'ame gaaritti jijjiirra."

"Ni ta'a jedhee hin yaadu," jedhe Bruunoon. "Abbaatti yaada akka kaaste itti himiitii, har'a dadhabnee waan jirruuf bullee bor sa'atii shaayii dursinee akka geenyutti bariidhaan haa kaanu."

Haati isaa hafuura quunnaa tokko baafatte. "Bruunoo, ol ba'ii Maariyaa mi'a shaanxaa keessaa baasuu gargaari."

"Shaanxaa keessaa baasuun maalif barbaachisa erga--"

“Bruunoo, deemin siin jedhe!” jettee dheekkamte, isheen haasaa isaa addaan kutuu dandeessi jechuu dha. “As dhufneerra, as jirra gara fuulduraa mul’atuttis asuma jiraanna. Kanaafuu amannee fudhachuu qabna. Sii galee?”

Gara fuulduraa mul’atu jechuun maal akka ta’e waan hin beekneef hiika isaa gaafate.

Haati isaa, “ Bruunoo, amma kan jiraannu asuma dha. Kanuma!” jetteen.

Bruunoon keessa isaatii dhukkubni wayii itti dhaga’ame. Dhukkubni isaa garuu gadda dha malee waan biraa miti. Waan keessa isaa jiru baasee yoo dubbate wanti isarra ga’e sirrii akka hin taanee fi warri isa miidhan kan hojii isaanii akka argatan dubbatee iyyee maraata yookin immoo caraanee boo’a. Kun hundi akkamitti akka ga’e galuufii dide. Kaleessa akka garaa isaa manatti hiriyoota isaa sadanii wajjin taphachaa, gardaafoorra utaalaa, qeensaana dhaabatee Barliniin ilaalaa ture. Har’a kunoo mana cabbaa’aa, jibbisiisaaa, hojjettoota hasaasuu jaallatan qabuu fi hojjetaa dallanaa qabu, iddoo namni gammadaan hin jirre jira.

Haati isaa “Bruunoo kutaa olii deemii mi’a kee sisirreessin siin jedhe” jette dheekkamsaan. Dheekkamuu ishee yeroo argu utuu homaa hin dubbatin ofirra garagalee deeme. Imimmaan isa qabatus akka hin boonye murteessee of dhowwe.

Kutaa olii deemee ulaa xiqqoo yoon argadhe jedhee barbaacha naanna’e. Homaa hin arganne. Gamoon kun balbala afur qofa qaba; asii fi asiin walitti garagalee lama lamaan jechuu dha: Balbala kutaa mana isaa, balbala kutaa Greetal, balbala kutaa abbaa fi haadha isaa fi balbala mana fincaanii.

“Kun manas miti; yoomiyyuu mana hin ta’us” jedhe sagalee isaa gadi qabee. Kutaa isaa yeroo seenu uffatni isaa sireerra tamsa’ee jiraachuu arge; meeshaaleen taphaa fi kitaabonni isaa immoo shaanxaa keessaayyuu hin baane. Maariyaan kam dursuu akka qabu illee hin beektu.

“Harmeen deemii gargaariin naan jetteetu” jedheen Maariyaadhaan. Maariyaan tole jettee shaanxaa isaa kan kaalsii fi paantiin keessa nam’ee jiru itti agarsiiste.

“Gaafa fixxu masaabiyaa kana keessa kaa’uu dandeessa” jettee biiffee fokkisaa daawwitii xuraa’aa bira jiru itti agarsiiste. Bruunoon shaanxicha seenee rafee gaafa ka’u manatti utuu of argee hawwe.

“Waa’ee kanaa maal yaadda?” jedhee Maariyaa gaafaate. Maariyaa baayyee jaallatuuf akka maatiitti ishee ilaala. Abbaan isaa garuu akka hojjetuutti malee hin lakkaa’inaa jedha; miindaan ishee hamma isheef gituu ol dha jedhee aara.

“Waa’ee maalii?” jettee gaafatte.

“Kana kaa, iddoo kana dhufuu keenya”

“Kun anaan na hin ilaallatu” jette Maariyaan. “Akka sila haati kee sitti himaa turte dha; hojiin abbaa kee-“

“Waa’ee hojii isaa dhaga’uun na nuffisiiseera. Yeroo hunda waa’eema isaa haasa’u. Hojiin isaa mana bareedaa sanaa nu baasee, hiriyoota koo sadan irraa adda na baasa taanaan hojicha dhiisuu hin qabuu?” jedhe Bruunoon.

Bruunoomaa dubbatee afaanii fixuu balballi fuulduraa baname. Bruunoon yeroo ilaalu balbala kutaa warra isaa ta’uu arge. Na’ee achumatti gogee hafe. Haati isaa goda waan jirtuuf balbala kan bane abbaa isaa dha jechuu dha; waan inni haasa’e hunda dhaga’eera ta’a. Bruunoon achuma dhaabbatee eege; amma dhufee natti dheekkama jedhee yaadda’e.

Balballi banamee namni keessaa gadi ba’e; namichi garuu abbaa isaa miti. Nama umriin abbaa isaa gadiiti; hojjaan isaas hamma abbaa Bruunoo hin ga’u. Yuunifoormiin isaa garuu akka kan abbaa isaati, faaya baayyee qabaachuu baatus. Nyaarri isaa guduunfamaa dha; koofiyyaan isaa mataa isaatti sirriitti marmeera. Rifeensi mataasaa koofiyyaa jala darbee jiru keelloo dha. Namichi saanduqa xiqqoo baaatee ol ba’aa ture. Bruunoon dhaabbatee ilaalaanii akka jiru gaafa baru garuu akka dhaabachuu ta’e. Akka nama ijoollee argee hin beeknee olii fi gadi ilaaleeni. Waan jedhu wallaalee darbaamatti dubbiseenii deeme.

Bruunoon namichi eenyu akka ta’e Maariyaa gaafate. Nyaara-guduunfaa fi hojiin kan itti baayyatu waan fakkaatuuf nama barbaachisaa dha jedhee yaade.

“Loltoota abbaa kee jala jiran keessaa tokko natti fakkaata” jette Maariyaan. Yeroo namichi jiru ol jettee ture akka nama kadhannaarra jiruu harka ishee fuulduratti gootee kan dhaabbatte. Ol jettee ija isaa keessa hin ilaalle; fuula isheerraa sodaatu dubbifama ture. “Booda wajjiniin wal barra ta’a” jette Maariyaan.

“Namichi badaa natti hin tolle; gar malee nyaara guduunfa” jedhe Bruunoon.

“Abbaan kees akkuma isaa nyaara guduunfa” jette Maariyaan.

“Eeyyee, garuu inni abbaa dha kaa jedhe Bruunoon. “Abboonni nyaara-guduunfoo ta’uu qabu. Daldalaa, barsiisaas ta’e sheefii abbaan kamiyyuu nyaara-guduunfaa dha.” Hojii abbootni inni beeku hundi hojjetan tarreessuu isaati. “Namichi nyaara guduunfu kun ijoollee kan qabu natti hin fakkaatu.”

“Hojiin isaanii hojii baayyee guddaa dha; ta’uu baatus isaan akkas jedhanii yaadu. Isaanirraa akka of eeggattun si gorsa” jetteen Maariyaan.

“Filannoo biraa hin qabu” jedhe Bruunoon. “Greetal malee naman duukaa taphadhu kan biraa hin qabu; ishee wajjin taphachuun immoo waa’ee hin baasu. Isheen abdii hin qabdu.”

Imimmaan isa qabatus Maariyaan akka ijoolleetti akka isa ilaaltu waan hin barbaanneef boo’uu irraa of qusate. Ija isaa faffacaasee waan nama hawwatu yoo argeef jecha kuticha waliin ga’e. Waanumti namatti tolu tokko hin jiru. Xiqqoo turee garuu waa arge. Balbalatti garagalee kan jiru foddaa wayii keenyan irratti arge. Foddichi hojjaan isaaa hamma sana ga’uu baatus foddaa isa Barliinii wajjin wal-fakkaata. Ilaaluuf qeensaan dhaabachuun akka isa hin barbaachisne yaade.

Suuta jedhee itti deeme; fedhiin isaa achirraa Barliiniin arguu dha. Mana isaanii durii fi karicha isa namoonni irra taa’anii dhugaa kolfan ilaaluu fedhe. Fuula isaa daawwitiitti maxxansee gaafa ilaalu waa arge. Wanti inni arge baayyee adda waan itti ta’eef ija babaasee afaan bane. Harki isaa garuu sodaa fi qorri waan itti dhaga’ameef hin sochoone.

Boqonnaa 3

Ishee Gatii Hin Qabne

Bruunoon Greetal rakkistuu waan taateef mana akka eegduuf Barliinitti dhiisnee utuu dhufnee wayya ture jedha. Rakkistuu akka isheen taate hundatu dubbata.

Greetal Bruunoo waggaa sadiin caalti. Sababa kanaaf waan hunda irratti anatu ajajuu qaba jetti. Bruunoon amanuun yoo isa qaanesses Greetaliin xiqqoo ishee akka sodaatu ni beeka.

Akkuma obboleettii kamiyyuu amala badaa tokko tokko qabdi. Isaan keessaa tokko ganama ganama mana fincaanii keessa turuu jaallachuu isheeti; Bruunoon sardames dhiises dhimma ishee miti.

Greetal ashaangulliitii baayyee kutaa ishee keessaa qabdi; Bruunoon waaninni hojjetu hunda ilaalanii akka gabaasanitti waan yaaduuf isa jibbisiisa. Greetal akka isa aarsitu kan godhu tokko immoo hiriyoota isheeti. Isaan umrii waggaa sadiin waan isa caalaniif itti taphatu; Bruunoon ani utuun ijoolleen waggaa sadii caalu argadhee akka hiriyoota ishee itti hin ta’u jedhee amana. Hiriyoonna Greetal isa qoccoluu malee waan biraa hin beekani.

“Umriin Bruunoo waggaa sagal miti, waggaa ja’a dha” jetti rakkistuun tokko isa tuttuqaa.

“Ja’a miti; sagal dha” jedha Bruunoon irraa gadhiifachuu yaalaa.

“Akkas taanaan maalif xinnaatte ree?” jettiin intalittiin. “Ijoolleen waggaa sagalii ani beeku hundi si caalu.”

Bruunoo waa’een hojjaa isaa isa aarsa. Ijoolleen kutaa isaa hundi hojjaa isa caalu. Gatiittii isaanii biratti hafa. Yeroo Kaarl, Daani’elii fi Maartiinii wajjin mana barumsaa dhaa galu namoonni tokko tokko obboleessa isaan sadanii keessaa abbaa tokkoo isa quxisuu se’uuni. Bruunoon garuu isaan afran keessaa hangafa lammaffaa dha.

“Ni sobda; waggaa ja’a hin caaltu” jetti intalli rakkistuun ammas isa gadhiisuu diddee. Bruunoon jalaa miliqee deemee ispoortii hiixachuu hojjetee hojjaa isaa dheeressuu hawwa.

Barliiniin gadhiisanii dhufuun isaanii kara kanaa qofa isaaf gaarii ta'e; namni isa qoccolu hin jiru. Mana isa haaraa keessa ji'a tokko turee yoon deebi'e hojjaan koo dabalee isaan ajaa'ibsiisa jedhee abdata. Sana booda isa hin rakkisan jechuu dha. Akka haati isaa jette haala gadhee irraa gaarummaa argachuu yaade.

Kutaa Greetal utuu balbala hin rukutin seene. Ashaangulliitota ishee tarree naqaa jirti.

Gaafa isa argitu "Maal gochuu keeti?" jettee itti iyyite. "Kutaa shamarranii utuu balbala hin rukutin seenuun sirrii akka hin taane hin beektuu?"

"Ashaangulliitota kee hunda fidde akka hin taane?" jedhe Bruunoon. Gaaffii isheen gaafattu deebisuu dhiisee gaaffii mataasaa gaafachuunii jaallata.

Greetal "eeyyee hundan fide; silaammoo dhiiseen dhufaaree?" Torban muraasa as turuun keenya hin oolu" jettee deebiste.

"Torban baayyee? Dhuguma hamma kana as turraa?" jedhe Bruunoon. Waan aare fakkeessuu yaalus ji'a tokko as turuuf waan murteesseef gammadeera.

Greetal "Eeyyee, abbaa gaafadhee fuuldura mul'atu naan jedhe" jette.

Bruunoon "Maal jechuu dha?" jedhee gaafate.

Greetal of jajaa "Torban muraasa booda jechuu dha. Tarii torbee sadiifaa" jettee itti himte.

"Ji'a tokko hin ta'in malee rakkoo hin qabu" jedhe Bruunoon. Biyyi kun na jibbisiiseera."

Greetal yeroo jalqabaaf obboleessa ishee wajjin walii galte. "Sirrii jette. Namatti hin tolu" jette isheenis.

"Baayyee jibbisiisaa dha" jedhe Bruunoon ammas irra deebi'ee.

"Dhugaa dha" jette Greetal. "Manichi amma jibbisiisaa dha. Booda erga sisirreeffamee booda garuu ni fooyya'a. Warri nu dura as Aawut-wiiz jiraachaa turan hojii akka tasaa gadhiisanii waan deemaniif nuu babbareechuuf yeroo akka hin arganne abbaan utuu haasa'uu dhagaa'eera."

"Aawut-wiiz maal dha?" jedhee gaafate Bruunoon.

"Maqaa manichaa dha" jette Greetal.

Bruunoon takka yaade. Manicha irratti maqaan barreeffamee maxxansame hin jiru. Manni isaanii inni Barlin maqaa hin qabu; lakkoofsa afur qofa jedhama.

“Hiiki isaa maal jechuu dha, Aawut-wiiz?” jedhee gaafate.

“Warri nu dura mana kana keessa jiraatan ba’uu isaanii mul’isa natti fakkaata. Manicha sirriitti waan hin qabneef ba’aa jedhanii nama manicha sirriitti qabuu danda’u waan gashaniif jechuu dha.”

“Nama manicha sirriitti qabuu danda’u kan jette abbaa jechuu keedhaa?” jedhee gaafate.

“Eeyyee kaa” jette Greetal. Yeroo hunda waa’ee abbaa ishee kan haasoftu akka inni dogoggoree hin beekne, aaree hin beekne, galgala galgala yeroo hunda dhungatee akka ishee raffisu dha. Dhugaa dubbachuuf taanaan Bruunoottis hanqisee hin beeku.

Bruunoon “Amma kana as Awut-wiiziin dhufne namoonni nu duraa asii waan ari’amaaniif jechuu dhaa?” jedhe.

“Eyyee” jette Greetal. “Amma siree koorraa ka’i. Isan afe na jalaa diigaa jirta.”

Bruunoon siree isheerraa utaalee ka’eef. Sagalee lafichi dhageessise itti hin tolle. Manicha keessatti hin utaaluu; kanaa achi nu fudhatee jiga jedhee murteesse.

Si’a dhibbaffaa irra deebi’ee “mana kana hin jaalladhu” jedhe.

Greetal “Akka ati hin jaallanne beeka. Wanti gochuu danda’amu garuu hin jiru” jette.

“Kaarl, Daani’elii fi Maartiniin yaadeera” jedhe Bruunoon.

Greetal immoo dabaree ishee “anis Hiildaa, Izoobelii fi Luwiiziin yaadeera” jette. Bruunoon isaan keessaa kan baayyee isa rakkistu ishee kam akka turte yaadachuu yaale.

Bruunoon “ijoolleen biyya kanaa akkan argetti faara hin tolan” gaafa jedhu Greetal ashaangulliitii ishee lafa keessee itti garagalte.

“Maal jette amma?” jettee gaafatte.

“Ijoolleen biyya kanaa faara hin tolan” jedhee irra deebi’e.

Greetal bitaa itti gale. “Ijoollee? Ani amma yoonaa tokkollee hin argine” jette.

Bruunoon kutaa Greetal naannessee ilaale. Foddaa qabaatus kallattiin isaa garuu kallattii faallaa kutaa mataasaa dha. Suuta jedhee itti adeeme. Harka kiisii kaa’atee siiqsaa deeme; Greetaliin takkaa hin mil’anne.

“Bruunoo, maal gochaa jirta? Ni maraatte moo?” jette obboleettiin isaa.

Siiqsaa deemsa isaa itti fufee foddaa bira ga’e. Gara bakkee yeroo ilaalu konkolaataa Barliinii itti dhufaniifi kan loltoota abbaa isaa afur arge. Loltoonni sun tamboo xuuxaa dhaabatanii kokkolfaa taphatu; giddu gidduutti ija sodaadhaan ol gara mana Bruunoofaa ilaalu. Isaanirraa achi hiiqee karaa konkolaataatu mul’ata; isa darbee immoo bosonatu mul’ata. Bruunoon bosonicha keessa deemee abuuruu hawwe.

“Bruunoo, maaloo isa sila jette irra deebi’i; naaf hin galle” jette Greetal obsi ishee dhumaa.

“Achi bira bosonatu jira” jedhe Bruunoon gaaffii ishee deebisuu dhiisee.

Greetal “Bruunoo!” jettee itti iyyite. Bruunoon naasuun darbateenii keenyanitti isa hirkise.

“Maal inni” jedhe beekaa akka waan hin galleefii ta’ee.

“Ijoolleen naannoo kanaa faara hin tolan hin jennee?”

Bruunoon “Eeyyee, faara hin tolan” jedhee deebise. Gorsa haati isaa ‘nama bifa isaa ilaaltee utuu itti hin dhiyaatin fageenyatti hin tilmaamin’ jettee gorsite hojiirra oolchuu yaalus hin dandeenye.

Greetal “ijoolleen naannoo kana jiru moo? Yoo jiraatanis bakka kam?” jette.

Bruunoon kolfaa gara balbalaa adeeme; na hordofi jechuu isaati. Greetal aartee gubachaa faana deemte. Dura garuu ashaangulliitii ishee fudhatte. Yeroo isheen kuticha seentu Maariyaan hantuuta du’aa fuutee gadi baasuuf ariifachaa turte. Xiqqoof malee ashaangulliitii ishee harkaa kuffistee turte.

Bruunoon foddaa dura dhaabatee “kuunnoo, achi jiru” jedhe. Ijoollittii ilaaluutti waan qabameef Greetal jiraachuuf dhiisuu ishee illee baruuf garagalee hin ilaalle. Jiraachuu isheellee irraanfateera.

Greetal ilaaluu barbaaddus haalli Bruunoon itti ijoollittii ilaalu fi waa'ee isaanii wanti inni dubbate immoo ishee sodaachise. Bruunoon kanaan dura ishee gowwoomsuu danda'ee hin beeku; haa ta'u malee haalli isaa ammaa ijoollittii ilaalu dhiisuu akka yaaddu ishee godhe. Sossodaachaa akka Bruunoon jedhe ji'a tokko utuu hin ta'in torbee muraasa keessaatti akka deebi'aniif keessa isheetti kadhannaa goote.

“Maarree, as siqxee hin ilaaltuuree?” jedhe as itti garagalee. Greetal ashaangulliitii ishee laphee isheetti maxxansitee qabatteetti.

“Eeyyee, nan ilaala” jette ciqileedhaan foddaa biraa isa kaastee.

Greetal gara bakkee yeroo ilaaltu aduun duumessa mo'attee ba'aa jirti. Fageessitee gaafa ilaaltu isa Bruunoon jedhe argite.

Boqonnaa 4

Waan Isaan Karaa Foddaa Argan

Karaa foddaa kan isaan argan ijoollee qofa miti. Ijoollee, abbootii fi akaakaawwantu jira. Eessumoonnii fi wasiilonni muraasis hin dhibani. Namoonni karaa irra jiraatan kan fira hin qabnes jiru.

“Eenyu dha isaan?” jette Greetal naasuudhaan akka Bruunoo gaafa duraa afaan bantee. “Iddoo akkamiiti kun?”

“Dhugaa dubbachuuf anis maal akka ta’e hin beeku” jedhe Bruunoon. “Akka mana keenyaa gaarii akka hin taane garuu beeka.”

“Shamarranoo eessa jiru? Haadholii fi akkoowwanoo?” jette Greetal.

“Iddoo adda addaa jiraatu fakkaata” jedhe Bruunoon.

Greetalis akkasuma yaadde. Kana caalaa ilaaluu yoo hin barbaannes iji ishee garuu irraa buqqa’uu dide. Hamma yoonaa kan isheen argite bosona foddaa kutaasheetti garagalee jiru qofa ture. Bosonichi xiqqoo duukkana’aa ta’us karaa xiqqoon saaqamna bashannanaaf ni ta’a. Kutaa Bruunoo fi kutaa isheerraa gaafa ilaalan garuu garaagarummaa qaba.

Foddaa Bruunoo jala abaabootu jira. Abaaboowwan isaaniimmoo abaaboo seeraan dhaabamanaii fi seeraan kunuunsamani dha. Abbaan as ture iddoo akkanaatti abaaboo dhaabuun akka mana duukkanaa’aa keessatti shaaamaa ibsuu ta’uu isaa waan hubate fakkaata.

Abaaboo darbee lafa magariisa barcuma dheeraa qabutu jira. Greetal achi teessee aduu qaammachaa kitaaba dubbisuu akka dandeessu yaadde. Barcumicha irratti barreeffamni wayii maxxansamee jira. Fageenyarraa kan ka’e Greetal barreeffamichi maal akka jedhu dubbisuu hin dandeenye.

Laficha magariisa irraa xiqqoo achi siqee dallaa shiboo ol dheeraa manatti naanna’utu jira. Ol dheerinni dallichaa hojjaa mana isaaniyyuu ni caala. Dallichi mukkeen teelegraafiidhaan utubamee kan dhaabbate dha. Gubbaa isaarra shiboon maraa maraadhaan itti qabatee jira. Greetal qara isaa fagoorraa ijaan ilaaluun iyyuu akka waan waraanamtee ishee dhukkubse.

Dallicha booda margi hin jiru. Waanumti magariisni tokko illee hin mul'atu. Lafti isaa cirracha wayiirraa kan hojjetame dha. Mana xixxiqqoo, gamoo muraasaa fi karaa aarri itti ba'u malee homtuu hin jiru. Dubbachuuf afaan bantee kaatee jecha madaalu dhabdee deebistee dhiiste.

"Siin hin jenneeree?" jedhe Bruunoon. Iddichi maalis haa ta'u maal kan jalqaba arge isa ta'uu isaatti gammachuutu itti dhaga'ame. Wanti isa gammachiise kan biraan iddichi foddaa isaarraa waan mul'atuuf yeroo barbaade daawwachuu danda'uu isaati.

"Naan galle" jette Greetal. "Waan akkas fokkisaa kan ijaaru eenyu inni?"

Bruunoonis "fokkisaa wayiiti mitii?" jedhee irratti walii gale. "Gamoo tokkoyyuu waan qaban hin fakkaatu; manootni isaanii hammam akka isaan lafatti dhiyoo ta'an ilaali."

"Manneen ammayyaa dha fakkaata" jette Greetal. "Abbaan wantoota ammayyaa ni jibba."

"Akkas taanaan kanas hin jaallatu" jedhe Bruunoon.

"Sirrii dha; hin jaallatu" jette Greetal takka dhaabattee ilaaltee. Greetal umriin ishee waggaa kudha lama waan ta'ee fi ijoollee kutaa ishee keessaa warra qaxaleetti kan ramadamtu waan taateef hamma dandeesse dhaabattee waa'ee iddichaa baruuf yaalte. Deebii tokko argatte.

"Bakki kun baadiyyaa ta'uu qaba" jette deebii argachuu isheef gammaddee obboleessa isheetti of-jajaa.

"Baadiyyaa?"

"Eeyyee, baadiyyaa ta'uu hin oolu. Manni keenya inni Barliin magaalaa keessatti argama. Kanaafi dha namoonni kan baayyatan. Kanaaf manni barumsaa, fi manneen hedduun jiru. Kanaafi dha sanbat-duraa karaan darbaan illee kan dhabamu."

"Eeyyee..." jedhe Bruunoon hubachuu yaalaa.

"Ji'oograafii yeroo baranne baadiyyaan lafa qonnaan bultoonnii fi beeyladoonni itti argaman akka ta'e, lafa bal'aa qotanii irraa nyaata oomishan nuufis irraa nuuf kan kennan isaan akka ta'e baranneerra" Jette Greetal. Lafa bal'aa sana yeroo

argituu fi fageenya manneen gidduu jiru yeroo yaaddu baadiyyaama ta’a jettee goolabde. “Tarii kun mana yeroo boqonnaa dhufnu ta’a.”

Bruunoon takka yaadee mataa raase. “Natti hin fakkaatu”

“Ati ganaa mucaa waggaa sagaliiti; maal beekta?” jette Greetal. “Yeroo hamma koo geessu sii gala.”

“Ta’uu danda’a” jedhe Bruunoon. Umriin isaa ganaa ta’uun garuu akkamitti akka hin beekne akka isa taasisu hin fudhatamneef. “Akka ati jettu baadiyyaa taanaan beeyladoonni meerre ree?”

Greetal deebii kennuufiif afaan bantus waan deebistu gaafa dhabdu beeyladoo ta barbaacha ija faffacaaste. Beeylada tokko illee hin argine.

“Lafa qotiisaa utuu ta’ee saawwa, booyyee, hoolaa, fardaa fi lukkuun ni jiraatu turani” jedhe Bruunoon.

“Sirrii dha hin jiran” jette Greetal.

Bruunoon gagammadaa “Utuu akka ati jette nyaata asitti oomishu ta’ee lafti isaa akkas hin fokkisu ture. Kosii kana keessatti maaltu guddata?” jedhe.

Greetal dogoggoruu ishee amante. “Sirrii dha. Lafa qotiisaa hin fakkaatu” jette.

“Hin fakkaatu” jedhe Bruunoonis.

“Akkas taanaan kun baadiyyaa miti jechuu dha” jette Greetal itti fuftee.

“Anis akkasuman yaada.”

“Bakki kun iddoo boqonnaa keenya miti jechuu dha” jette Greetal.

Bruunoon kanarrattis ishee wajjin walii gale.

Bruunoon sireerra taa’e. Greetal utuu isa hammattee itti barra, manicha booda keessa ni jaallanna; hin yaadda’in jettee hawwe. Greetal garuu ammayyuu karaa foddoo ilaalaa jirti. Amma garuu akka silaa karaa yookis mana utuu hin ta’in namoota sana ilaalti.

“Eenyu dha jarri kun?” jette sagalee ishee gadi qabdee. Bruunoo utuu hin ta’in nama biraa waan gaafattu fakkaata. “Maal hojjetu isaan asiitii?”

Bruunoon sireerraa ka’e. Yeroo duraaf wal bira dhaabatanii ilaalani.

Dallichi namootaan guutamaa dha: dheeraa, gabaabaa, jaarsa, ijoollee- hundinuu asii achi deddeemu. Warri kaan gareedhaan dhaabatanii jiru; ol jedhanii dhadhaabbattu. Loltuun tokko waan itti dheekkamaa jiru fakkaata. Kaan tarree galanii dabaree dabareedhaan kaaroolaa oofanii mana wayiitti gashu. Tokko tokko garee uumanii callisanii dhaabatu; tapha taphachuu hin barbaannetu jira fakkaata. Tokko tokko kraanchiidhaan deemu; kaan faashaa mataatti xaxataniiru. Kaan immoo akaafaa baatanii loltootaan fuudhamanii deemani.

Bruunoo fi Greetal namoota dhibba meeqa ta'an argani; haa ta'u malee iddichi bal'aa waan taa'eef kan isaan hin argines waan jiraniif kumaatama akka ta'an tilmaamaniiru.

"Isayyuu akkas nutti dhiyoo jiraatuu?!" jette Greetel bakkicha jibbaa.

"Mana keenya isa Barliinitti karicha irra iyyuu mana ja'a qofatu jira. Asii garuu dhuma hin qabu. Aabbaan maal ta'e kan iddoo akkas jibbisiisaa fi namni itti baayyatutti hojjechuu dhufu? Homaa naa galuu hin dandeenye."

Bruunoon "sana ilaali!" yeroo jedhu Greetal lafa inni itti argisiise ilaalte. Mana xiqqoo tokko keessaa loltoonni itti iyyaa ijoollee xixiqqoon walitti maxxananii yeroo ba'an argani. Akkuma iyyi loltootaa dabalaa deemeen ijoollettiin caalaatti walitti maxxanani. Xiqqoo turee garuu loltuun tokko gargar isaan baasee hiriira isaan gashe. Loltoonni ijoollittiitti kokkolfaa harka rukutu turani.

"Diraamaa wayii ta'uu hin oolu" jette Greetal. Ijoollittiin baayyeen isaanii, warra hamma ishee ga'an dabalatee, boo'aa jiraachuu dhiisuu isaanii utuma argitu draamaa seete.

"Ijoolleen akka jiran sitti hin himneeree ani?" jedhe Bruunoon.

"Ijoolleen faana taphachuu fedhu miti" jette Greetal. "Xuraa'oo fakkaatu. Hiildaa fi Izoobelii fi Luwiiz ganama ganama yeroo hunda qaama isaanii dhiqatu. Anis akkasuma guyyaa guyyaattin dhiqadha. Ijoolleen kun garuu jireenyaa isaanii keessatti dhaqna dhiqatanii waan beekan hin fakkaatani."

"Sirrii dha baayyee xuraa'oo fakkaatu. Tarii shaaworii hin qaban ta'a." jedhe Bruunoon.

“Atimmoo Gowwaa hin ta’in mee” jette Greetal isa warri ishee Bruunoodhaan gowwaa hin jedhin jedhanii si’a baayyee itti dheekkaman dagattee. “Namni shaaworii hin qabne eessa jira?”

“Hin beeku” jedhe Bruunoon. “Tarii bishaan ho’aa hin qabani.”

Greetal takka dhaabattee ilaaltee “kutaa koo deemuu naa wayya; ashaangulliitota koon sisirreessa” jettee demte.

Greetal kutaa ishee seentee balbala ishee cufatte. Ashaangulliitota ishee garuu hin sisirreessine. Sireerra teessee yaadaan badde.

Bruunoon dhaabatee karaa foddaa ilaaluu itti fufe. Waan isa dinqetu jira. Xiqqaanis, guddaanis, abbootiinis, akaakaawwanis, eessumoonnis, namoota karaarra jiraataan kan fira hin qabne warri fakkaatanis, hundinuu bijaamaa sarara daalacha qabuu fi baarneexxaa daalacha mataarraa qabu uffatanii jiru.

Bruunoon “waan akkam nama ajaa’ibu dha” jedhee ofiin haasa’aa deeme.

Boqonnaa 5

Yoomiyyuu Seenuun Hin Danda'amu

Bruunoon waa'ee bakka sanaa abbaa isaa gaafachuu malee filannoo biraa akka hin qabne murteesse.

Ganama gaafa biyya kana dhufan abbaan isaanii Bruunoofaa wajjin hin dhufne. Guyyaa lama dursee deeme. Galgala gaafa Bruunoon Maariyaan mi'a isaa utuu sirreessituu ishee arge jechuu dha. Guyyoota itti aanan lachan Bruunoo, haati isaa, Greetal, Maariyaa, Laarsii fi Hojjetuun mi'a isaanii geejjibaaf qopheessuudhaan dabarsani.

Ganamaan mana keessa waan ture hunda baasanii fixanii konkolaataa Awut-wiiz deemu kan alaabaa diimaa fi gurraacha dibametti fe'anii Barliinii ba'an. Dhumarratti manicha cufanii kan ba'an Bruunoo, haadha isaa fi Maariyaa dha. Yeroo dhumaaf mana itti yeroo gammachiisaa dabarsan, lafa mukni qillee dhaabatu, lafa yeroo gannaa dibaabeen jiidhaan itti qoorsamu, lafa itti Bruunoodhaan kophee kee baafadhuu seeni jedhanis inni hin baafanne, yaadannoo kana hundaa dhaabatani ilaalani.

Haati Bruunoo mataa raasaa waa dubbatte. "Fuurichi mana kana irbaata afeeramee utuu hin dhufne gaarii ture; isatu kana nu godhe" jette.

Kana yeroo dubbattu imimmaan ija ishee guutee akka jiru Bruunoon ni arge. Maariyaan achi jiraachuu yeroo argitu garuu naasuudhaan utaalte.

"Maariyaa" jette sagaleen ishee ciccitaa. "Konkolaataa keessa jirtan se'e."

"Achin deemaa jira" jette Maariyaan.

"Wantin jechuu barbaade" jette haati isaa mataa raasaa. "Akkas jechuun-"

"Deemaan jira" jette Maariyaan ammas irra deebitee. Harmeen haasaa utuu hin fixin addaan kutuun akka hin eeyyamamne hin beektu fakkaata. Maariyaan ariifattee deemtee konkolaataa seente.

Haati Bruunoo takka yaaddoftee kaatee dhimma isaati jettee dhiiste. "Haa deemnu, Bruunoo" jette harka isa qabatee balbala cufaa. "Gaaf tokko kun hundi dhume asitti akka deebinu nan abdadha."

Konkolaataan alaabaa diimaa fi gurraacha dibame garaa buufata baaburaatti isaan geesse. Achi hadiida karaan gargara baasu lamatu jiru. Baayyinni uummataa buufata baaburichaa jiru dhuma hin qabu. Loltoonni bitaa fi mirgaan hiriira galanii socho’u. Baaburicha kan seene garuu nama baayyee miti; barcumni duwwaan iyyuu baayyeetu jira. Foddaan gaafa babbanamu qilleensa gaariitu seene. Baaburri lachuu deemsa jalqabani. Bruunoon lachuu kallattii tokkoon deemtu erga ta’ee maalif lama gochuun akka barbaachise isaaf galuu dide. Barcumni duwwaan akka jiru bu’ee deemee namoota ala jiranitti himuu yaadee ture. Haa ta’u malee harmeen natti aarti jedhee sodaate. Harmeen itti aaruu dhiistus Greetal isatti aaruun ishee hin oolu. Kan ishee immoo isa caalu.

Bruunoon mana isaanii isa haaraa Awit-wiiz erga dhufanii abbaa isaa hin argine. Sila balballi mana ciisichaa yeroo banamu abbaa isaa se’ee ture; kan gadi itti gadi bahe garuu loltuu tokko dha. Sagalee abbaa isaa ergaa dhaga’ee tureera. Konkolaataan mana isaanii bira dhaabbatee akka jiru sagalee isaadhaan baree ilaaluuf gadi itti ba’e.

Yeroo gadi ilaalu biiruu abbaa isaa bira namoonni shan kokkolfaa utuu wal dubbisaanii arge. Abbaan isaa yuunifoormii bareedaa uffatee gidduu dhaabbatee jira. Mataan isaa filamee dibameera; Bruunoon abbaa isaa ni dinqisiifates, ni sodaates. Warra isa faana dhaabatani odeessan irraa adda dha. Warri kaan akka abbaa isaa hin bareedani. Yuunifoormiin isaanii akka kan abbaa isaa hin bareedu. Sagaleen isaanii hamma kan isaa furdaa miti; kopheen isaanii akka kan isaa cululuqaa miti. Baarneexxaa isaanii harkatti baattatani abbaa Bruunoo wajjin haasa’uuf wal saamu. Bruunoon ol ba’aa waan isaan haasa’an keessa muraasa dhaga’e.

“... Jalqabuma yeroo dhufee kaasee dogoggora baayyee hojjete. Fuurichi hojiirraa isa ari’uu malee filannoo biraa hin qabaanne.”

“Diisiippliinii” jedhe tokko immoo harkaa fuudhee. “Diisiippliinii fi ga’umsa dhabne erga bara kudha sagal afurtamii lamaatii. Diisiippliinii fi ga’umsa malee immoo...”

“Lakkoofsa isaa yeroo ilaallu ifa nuu ta’a. Ifa dha, koomaandar” jedhe namichi inni sadaffaan.

“Kan biraa daballee yoo ijaarre maal hojjechuu akka dandeenyu yaadi” jedhe inni dhumaa.

Abbaan Bruunoo harka isaa yeroo ol godhu hundinuu callisanii waan inni dubbatu dhaggeeffachuuf qophaa’an. Bruunootti abbaan isaa koondaaktarii itti fakkaate.

“Yaa jamaa” jedhe abbaan Bruunoo. Sagaleen isaa baayyee guddaa waan ta’eef fagootti dhaga’ama. “Yaadaa fi jajjabeessa naa kennitaniif isinin galateeffadha. Kan darbe darbeera. Borii kaasnee waan hunda akkaa haaraatti jalqabna. Amma deemee maatiin koo akka itti manichatti baran gargaara; kanaa achi akka jarri achitti rakkattu animmoo manatti rakkadha.

Yeroo inni kana dubbatu hundinuu kolfaa nagaa itti dhaamani. Hiriiraan harka isaanii akka abbaan isaa Bruunoo barsiisetti kaasanii deemani. Innis harka ofii qilleensarra kaasanii barruu diriirsanii fuulduraatti deemuu dha. Jechoota lachan abbaan isaa Bruunoo yeroo akkasii jechuu qabda jedhee barsiise jechaa deemu. Isaan gaafa deeman abbaan Bruunoo immoo biiroo isaa yoomiyyuu seenuun Bruunoof hin eyyamamne keessa gale.

Bruunoon suuta jedhee gadi bu’ee balbala biiroo abbaa isaa bira dhaabate. Bruunoon abbaan isaa sa’atii tokko dura dhufee amma yoonaa dubbisuunii dhiisuu isaatti itti gaddeera; abbaan isaa hojiin waan itti baayyatuuf wantoota xixiqqoo akka Bruunoo dubbisuufaaf yeroo akka hin qabne garuu itti himamee ture. Loltoonni erga deemanii yoon seene rakkoo hin qabu jedhee balbala rukute.

Ammas al tokko irra deebi’ee rukute. Balbalichi ammas waan hin banamneef Bruunoon tarii abbaan hin dhageenye ta’a jedhee guddisee rukute. Sagalee furdaan biiricha keessaa ‘ol seenaa’ jedhe.

Bruunoon balbala banee yeroo seenu wanti inni arge gar malee isa dinqe. Kutaan manicha keessa jiru inni kaan duukkanaa’aa fi kan hin mijanne yoo ta’u biiroon abbaa isaa garuu adda dha. Baaxiin isaa guddaa ol ka’aa dha; lafti isaa gasaa miidhagaadhaan haguugameera. Keenyan isaa baayyina sheelfii kitaabotaan guutamaniirraa kan ka’e badaa hin mul’atu. Foddaan isaa guddaa ta’ee baayyee bareedaa dha; lafti magariisni itti maxxanee waan jiruuf ija namaa hawwata. Gara gidduu deeskii guddaa abbaan Bruunoo itti fayyadamaa jirutu jira. Abbaan isaa ol jedhee ilaalee Bruunoo yeroo argu fuulli isaa ife.

“Bruunoo” jedhee barcuma isaarraa ka’ee itti deemee harka qabee dubbise. Abbaan isaa akka akaakaa fi akkoo haammatee dhudhungatee nama hin rakkisu. “Ilma koo” jedhe itti dabalee.

“Aabba, fayyaa dhaa?” jedhe Bruunoon. Ammayyuu waa’een biirichaa akka isa dinqetti jira.

“Bruunoo, anumaa dhufee si dubbisuuf jedhuu dhufte. Dhuguman siin jedha. Dura garuu walga’ii xumuree, xalayaa barreessee fixeen dhufa jedheeni. Nagaan as geessanii?”

Bruunoon eeyyee jedhee deebise.

“Mana cuftanii yeroo dhuftan harmee kee fi obboleettii kee hojii gargaarteetaa?” jedhee gaafate abbaan isaa.

Bruunoon ammas eeyyee jedhee deebise.

“Baga ilma koo taate” jedhe abbaan isaa. “Taa’i!”

Barcuma fuuldura jirurra akka taa’u Bruunoo afeere. Bruunoon barcumicha irra yeroo taa’u miilli isaa utuu lafa hin ga’ini. Yeroo murtaa’eef utuu waa hin dubbatin taa’ani. Abbaan Bruunoo xiqqoo turee afaan saaqqate.

“Akkamiree?” jedhe. “Maal jetta?”

“Waa’ee maalii?”

“Waa’ee mana keenya isa haaraa. Sitti toleeraa?”

Bruunoon ariitiidhaan “lakki” jedhee deebise. Afaan keessa qaqqabannaan nan sodaadha jedhee waan yaadeef dafee deebise. “Manatti utuu deebinee wayya.”

Abbaan isaa gidduutti gadi jedhee xalayicha isa barreessaa ture ilaalee deebi’e. Waan jedhu itti yaaduuf fakkaata. “Bruunoo, kana booda manni keenya isa kana dha” jedhe suuta jedhee. “Aawut-wiiz mana keenya ta’eera.”

Bruunoon deebii abbaan isaa kenne isa gaddisiiseera. “Barliinitti yoom deebina. Achi wayya.”

“Mana jechuun lafa isaa yookis keenyan isaa miti. Manni lafa maatiin ofii jiran mitiiree?” jedhe abbaan Bruunoo.

“Eeyyee, garuu-”

“Maatiin keenya immoo as Aawut-wiiziin jiru, Bruunoo. Kanaafuu manni keenya asi jechuu dha.”

Bruunoon waan deebisu argate. “Akaakaa fi akkoon garuu Barliiniin jiru. Isaanis maatii keenya. Kanaafuu manni keenya as miti jechuu dha.”

Abbaan isaa takka yaadee mataa raase. Xiqqoo callisee erga turee booda akkas jedhe. “Sirrii dha. Isaanis maatii keenya. Haa ta’u malee maatii keenyaa keessaa hunda caalaa barbaachisoon si’i, ana, Harmee kee fi Greetal dha. Kana booda kan jiraannu asuma dha. Hin gaddin!” (fuula Bruunoorraa gaddi waan mul’atuuf kana jedhe.) “Bakka kana yoom seeraan ilaalte? Ni jaallatta booda”

“Hin jaalladhu” jedhe Bruunoon.

“Bruunoo...” jedhe abbaan isaa sagalee dadhabaadhaan.

“Kaarl hin jiru; Maartiin hin jiru; Daani’el hin jiru. Naannoo kana manni biroon hin jirani; kaaffeen hin jiru. Sanbata duraa waaree booda namni nama konkolaachisu hin jiru.”

“Bruunoo, yeroo tokko tokko jireenya keessatti wantoonni nuyi hojjechuu malee filannoo biraa hin qabne jiru.” Abbaan isaa kana caalaa falmuun akka isa nuffisiise Bruunoon hubateera. “Hojiin amma asitti hojjechuu dhufne hojii warra ani filannoon biraa hin jiru jedhe keessaa tokko dha. Kun hojii kooti; hojii barbaachisaa. Biyya keenyaaaf barbaachisaa, Fuurichaaf barbaachisaa dha. Gaaf tokko sii gala.”

“Manatti deebi’uun barbaada” jedhe Bruunoon. Imimmaan isa qabateera. Abbaan isaa biyyichi akkam jibbisiisaa akka ta’e utuu galeefii hawwe.

Abbaan isaa garuu “manni keenya kana booda as ta’uu isaa hubachuu qabda” jedhee abdii isa kute. “Gara fuulduraatti asuma jiraanna.”

Bruunoon ija isaa dunuunfate. Kanaan dura dhimmi abbaa isaa hamma falmuutti isa geessise hin turre. Biyya jibbisiisaa nama duukaa taphatu hin qabne kana keessa jiraachuu yeroo yaadu garuu filannoo biraa dhabe. Xiqqoo turee ija isaa gaafa banu abbaan isaa barcuma isaarraa ka’ee bira taa’e. Tamboo baasee qabsiifate.

“Nan yaadadha yeroon ijoollee ture” jedhe abbaan. “Wantoonni ani gochuu hin barbaanne baayyeetu ture. Abbaan koo hunda keenyaaf jettee gochuu qabda gaafa naan jedhu garuu battaluma sanan waan jedhame godha ture.”

“Waan akkamiifaa?”

“Ijoollee waanan tureef maaltu barbaachisaa akka ta’e hin beekun ture. Fakkeenyaaf, takka takka mana taa’ee hojii manaa hojjechuu mannaa ala ba’ee akka kee ammaa hiriyoota koo wajjin taphachuun barbaadan ture. Amma yeroon taa’ee yaadu akkam akkan gowwaa turen hubadha.”

“Akkas taanaan maal akka natti dhaga’amu beekta kaa?” jedhe Bruunoon abdiidhaan.

“Eeyyee. Garuu immoo abbaan koo, akaakaan kee jechuu dha, waan na barbaachisu waan beekuuf hundinuu kan sirratu waan inni jedhe tole jedhee yeroon fudhadhu dha. Utuun yeroo sana yoom falmuu akkan qabuu fi yoom waanan ajajame callisee fudhachuu qabu utuun hin beeknee silaa jireenyi koo akka kana milkaa’aa ni ta’a turee?”

Bruunoon asii fi achi ilaalu eegale. Iji isaa lafa fokkisaa irra bu’e.

Xiqqoo turee “Waan balleessite qabdaa? Waan fuuricha aarsu hojjetteettaa?” jedhee abbaa isaa gaafate.

“Ani moo?” jedhe abbaan isaa dinqamee. “Maal jechuu keeti?”

“Hojiirratti waan balleessite qabdaa? Namni hundi akka ati baayyee barbaadamaa taatee fi fuurichi karoora guddaa akka siif qabu dubbata. Dhuguma garuu utuu ati waa hin balleessine ta’ee iddoo akkasiitti si erga turee ree?”

Abbaan isaa ni kolfe; Bruunoon kolfa isaatti ni aare. Namoonni guguddaan waa wallaalu isaatti yeroo itti kolfan isa aarsa; keessumaa immoo baruuf yeroo inni gaaffii gaafatu.

“Hojichi akkam hojii barbaachisaa akka ta’e siin galle.”

“Erga hojiin kee Barliinii baanee biyya jibbisiisaa akkasii akka dhufnu godhee hojii kee irratti badaa cimaa miti jechuu dha ati. Waan ballessite qabda jedheen yaada; daftee deemtee fuuricha dhiifama utuu gaafattee wayya. Waan hojjettetti gaabbitee garaa keerraa dhiifama gaafannaan dhiifama sii gochuu hin didu.”

Bruunoon dubbateema afaanii akka fixeen abbaa isaatti akkas ija jabaatee haasa'uun isaa isa naasise. Sila afaanii na ba'e maalan godha jedhee yaadda'uu itti dhiise. Abbaa isaa ija keessa ilaaluu garuu hin barbaadne.

Daqiiqaa muraasni sagaleen tokko utuu hin dhaga'amin darbe. Abbaan Bruunoo tamboo isaa dhaamsee gatee lafa taa'umsa isaatti deebi'e.

"Tarii guddis-baddee utuu hin ta'in goota ta'uu keedhaa jedheen yaada; akkas taanaan gaarii dha."

"Akkas jechuu barbaadee hin turre--"

"Amma garuu si ga'a; callisi" jedhe abbaan isaa dheekkamee. Seerri mana keessatti kabajan abbaasaarratti hojjetee hin beeku; kanaaf amma haasaa Bruunoo addaan kute. "As dhufuun keenya hammam akka si gaddisiise nan beeka; amma yonaas kanaafin sammuu kee eeguuf yaalaa ture. Kanaafin yeroo ati waan sirrii hin taane haasoftu callisee si dhaggeeffadhe. Kana booda garuu hunduma isaayyuu callistee fudhachuutu sirra jira."

"Hin ta'u" jedhee iyye Bruunoon. Iyyi sagalee isaa isumayyuu deebisee naasise. Abbaan isaa ulee yoo itti fudhate baqachuuf qophaa'e. Haa ta'u malee har'a abbaan isaa wanti isa aarsu waan jiru hin fakkaatu. Duruma iyyuu abbaan isaa callisaa fi jecha kan hin baayyisne ta'uu Bruunoon ni beeka; silas waan barbaade yeroo hunda waan argatuuf baayyee haasa'uun isa hin barbaachisu. Abbaan isaa itti dheekkamuu yookin reebuuniirra suuta jedhee mataa raasee Bruunoo ofirraa callisiisuu filate.

"Bruunoo, amma gara kutaa keetti deebi'i" jedhe sagalee isaa utuu ol hin kaasin. Akka inni lama keessa hin deebine Bruunoon sagalee isaarraa waan bareef iji isaa imimmaaniin guutee deemuuf ol ka'e. Balbala irra erga ga'ee gaaffii dhumaa tokko gaafachuuf as galagale. "Aabbaa?" jedhee jalqabe.

"Bruunoo, kana caalaa--" jedhe abbaan isaa obsa fixachaa.

"Waa'ee kanaa miti" jedhe Bruunoon dafee. "Gaaffii kan biraa tokkon qaba."

"Gaafadhu garuu kana caalaa gaaffii biraa siin eyyamu; na falmuunis hin danda'amu."

Bruunoon akkaataa itti gaafficha haala sirriidhaan gaafatu yaade. “Uummanni ala kana jiran eenyu dha?” jedhee hobbaafate.

Abbaan isaa gaaffichi xiqqoo bitaa itti gale. “Loltoota kaa” jedhe. “Barreessitoota, hojjetoota. Kana dura argiteettaam.”

“Lakki. Isaan jechuu koo miti” jedhe Bruunoon. “Namoota ani foddaa koorraan argu. Manoota fofokkisoo keessa. Hundi isaanii wayyaa wal-fakkaataa uffatu.”

“Ahaa, isaaniin jettee?” jedhe abbaan isaa sesseeqaa. “Isaan namayyuu mitiim, Bruunoo.”

Bruunoof waan abbaan isaa jedhe galuufii dide. “Nama mitii?”

“Eeyyee, nama miti” jedhe abbaan isaa itti fufee. “Amma waa’ee isaanii hin yaadin. Isaanii wajjin waal walitti si fidu hin jiru. Isaanii wajjin tasa wanti wal isin fakkeessu hin jiru. Mana keenya isa haaraa keessa sirnaan jiraachuu kee qofan sirraa barbaada. Haala amma keessa jirtu tole jedhii fudhadhu sii ta’a.”

Bruunoon “tole, aabbaa” jedhus deebii isa quubsu hin arganne.

Balbala banatee deemuuf yeroo inni jedhu abbaan isaa waa irraanfatteetta jedhee isa waame. Bruunoon mallattoo abbaan isaa mul’ise ilaalee akkuma inni jedhu jedhe.

Miilla isaa lachuu fuulduratti godhee harka isaa ol kaase. Sagalee abbaan isaa loltootaa wajjin gaafa gargar ba’an waliin jedhan jedhe.

“Heeyil Hiitlaar” jedhee deeme. Bruunoon “Heeyil Hiitlar” jechuun ‘chaawoo, nagaan ooli’ jechuu akka ta’etti yaade.

Boqonnaa 6

Hojjettuu Ishee Humnaa Ol Kaffalamuuf

Guyyaa muraasa booda Bruunoon kutaa isaa keessa ciisee baaxii ilaalaa ture. Keenyan isaa tatarsa'ee qalama adiin itti dibamee jiru irraa gagadhiisaa jira. Manni isaanii inni Barlin akkas hin turre. Qalamni waggaa waggaatti dibama. Ciisee keenyan tatarsa'aa jiru ilaale. 'Dudduuba isaa maaltu jira laata?' jedhee yaade. Ilbiisotatu karaa itti manichaa badan baafachuuf tatarsaasa fakkaata yaada jedhutu dhufee fi. Ilbiisonni illee biyya kana keessa jiraachuu hin barbaadani.

"Biyyi kun waan hundi isaayyuu jibbisiisaa dha" jedhe sagalee isaa ol kaasee. Namni isa dhaga'u bira jiraachuu baatus kanuma dubbachuun isaayyuu itti tole. "Mana kana nan jibba; kutaa koo nan jibba; qalama isaayyuu hin jaalladhu. Hunduma isaayyuu nan jibba."

Kana jedheema akka inni fixeen Maariyaan uffata isaa miiccamee, qoorsamee, tokkofame fiddee ol seente. Gadi jettee dubbisteenii uffata isaa ol keesse.

"Fayyaa dhaa?" jedhe Bruunoon. Hojjettuu wajjin haasa'uun akka hiriyoota ofii wajjin haasa'uu ta'uu baatus namni duukaa haasa'u kan biraa waan hin jirreef qofaa haasa'uurra Maariyaa wajjin haasa'uu filate. Greetaliin erga argee tureera.

"Bruunoo" jette Maariyaan sagalee gadi-qabaadhaan. Uffata isaa dadachaastee keesse.

"Atis akkuma koo gadditeetta natti fakkaata" jedhe Bruunoon. Waan inni jechuu barbaade waan hin galleefiif itti galagaltee ilaalteeni. "Kana kaa" jedhe ol jedhee taa'ee manicha ijaan waliin ga'aa. "Waanuma as jiru hundumaa. Jibbisiisaa mitii? Si hin jibbisiisuu siinis?"

Maariyaan waa dubbachuuf kaatee deebistee dhiiste. Waan jettee deebistu itti yaaddee, jechoota filattee kaatee yaada kaaste. Bruunoon umrii isaa guutuu jechuu danda'ama kan inni ishee beeku; yeroo inni mucaa waggaa sadii ture mana isaanii dhufte. Bruunoo fi Maariyaan baayyee walii galu. Maariyaan callistee hojiishee hojjechuu jaallatti. Hojiin ishee mana qulqulleessuu, wayyaa miiccuu, waa bituu fi Bruunoo mana barumsaa geessuu fi fiduu dha. Bruunoon erga waggaa saddeet guutee kaasee garuu ofii isaan deddeebi'uuf murteesse.

“Biyya kana hin jaallanneeree?” jette Maariyaan.

“Hin jaallannee? Hin jaallannee? Biyyi kun waan jaallatamu maal qabaafin jaalladha? Jibbisiisaa dha. Namni duukaa odeessan, namni duukaa taphatan hin jiru. Biyya kana dhufuu keenyatti gammadeera akka naan hin jenne.”

Maariyaan “lafa magariisa mana keenya isa Barliin baayyeen jaalladha” jette isa gaafatamte deebisuu dhiistee. “Takka takka waaree booda yeroo aduun ba’u mukicha bishaan qarqara jiru sana jaala taa’ee laaqana nyaachuun baayyee natti tola. Foolii isaa, kanniisonni gaafa mataa koo gubbaa balali’an... baayyeen jaalladhan ture.”

“Atis akkuma koo biyya kana hin jaallatu jechuu dhaa?”

“Ani jaallachuu fi jibbuu koo miti wanti barbaachisaan” jette Maariyaan.

“Barbaachisaa dha malee” jedhe Bruunoon Maariyaatti mufatee. “Maatii keenya mitii ati?”

Takka seeqxee “abbaan kee isa ati amma jettetti waan waliigalu natti hin fakkaatu” jette jechi Bruunoo garaa ishee nyaatee.

“Atis akkuma koo fedhii kee malee biyya kana dhufte. Lachuun keenya iyyuu haala wal-fakkaataa keessa jirra.”

Maariyaan waan hunda isaayyuu Bruunootti himuuf kaate. Uffata isaa sireerra keessee akka nama aarii wayii qabuu harka ishee walitti aboottifatte. Dubbachuuf afaan ishee bantee kaatee dhiiste. Dubbachuuf waan sodaatte akka jiru irraa beeksisa.

“Maariyaa, maaloo natti himi” jedhe Bruunoon. “Atis akkuma koo siif hin taane taanaan aabbaan Barliinitti akka nu deebisu lama taanee amansiisuunii dandeenya.”

Bruunoorraa garagaltee akka gadduu taatee deebitee as naannofte. “Abbaan kee waan nuuf ta’u beeka. Kana amantee fudhachuu qabda.”

“Fudhachuu hin danda’u” jedhe Bruunoon. “Abbaan baayyee dogoggoreera jedheen yaada.”

“Yoo ta’es dogoggora callisnee fudhachuu qabnu dha.”

“Ani gaafan waa balleessu nan adabama mitii?” jedhe Bruunoon aaree. Wanti isa aarse seerri ijoolleef hojjetu nama guddaarratti immoo hojjechuu dhiisuu isaati. Isumayyuu seera ofii isaanii baasan. “Aabbaan immoo rakkisaan kun” jedhe sagalee gadi qabee.

Maariyaan naasuudhaan afaan qabatte. Namni isa Bruunoon jedhe dhaga’e akka hin jirre mirkaneeffachuuf naannoo ishee ilaalte. “Lammaffaa waan akkasii akka hin dubbanne” jette.

“Maal rakkoo qaba” jedhe Bruunoon. Jecha dubbatetti yoo gaabbes silas namni dhimma koo qabu hin jiru jedhee gaabbuu isaa dhokse.

“Abbaan kee nama gaariidha” jette Maariyaan. “Baayyee nama gaarii dha. Baayyee nuuf yaada.”

“Sababii nuu yaaduuf as nu fidee?”

“Abbaan kee waan baayyee naa godheera” jette Maariyaan. “Utuu inni hin jiraannee silaa amma eessan jiran ture?”

“Silaa Barliiniin jirta turte kaa” jedhe Bruunoon. “Mana gaarii keessa hojjetta; Muka jala teessee laaqana kee nyaatta turte.”

“Yeroon mana keessan gale hin yaadattuu?” jette Maariyaan. Kan dur gootee hin beekne siree Bruunoorraa teesse. “Akkamiti yaadattas garuu? Umriin kee waggaa sadii ture. Abbaan kee yeroon hojii dhabee marmaaru hojii na qacare; beela’ee yeroon jiru nyaata naa kenne. Nyaata dhabanii rakkachuun akkam akka ta’e yaaduu hin dandeessu. Beeloftee hin beektu mitiiree ati?”

Bruunoon ammayyuu xiqqoo ishee beela’aa akka jiru itti himuuf ka’ee dhiise. Maariyaa yommuu ilaalu kanaan dura akka nama seenaa fi jireenya mataashee qabdutti ishee ilaalee akka hin beekne hubate. Hamma inni beekutti hojjetuu isaanii ta’uu malee waan biraa hojjettee hin beektu. Yuunifoormiidhaan malee uffata biraa uffatteeyyuu ishee waan argee beeku hin fakkaatu; argeera yoo ta’es hin yaadatu. Amma gaafa yaadu garuu maati isaanii tajaajiluu qofa utuu hin ta’in jireenya mataashee akka qabdu yaade. Akkuma isaa isheenis waan yaaddu qabdi. Akkuma isaa wantoota yaaddu, hiriyoota deebitee arguu feetu qabdi. Erga as dhufanii galgala galgala yeroo hunda boossi ta’a. Bareedduu ta’uun ishees amma

reefuu itti mul'ate. Yeroo kana yaadu waan kanaan dura itti dhaga'amee hin beeknetu keessa isaatti itti dhaga'ame.

“Haati koo fi abbaan kee yeroo abbaan kee hamma kee ammaa ga'uu kaasanii wal beeku” jette Maariyaan takka teessee. Haati koo hojjettuu akkoo kee turte. Akkoon kee yeroo isheen Koonsartiif biyyarra naannoftu uffata ishee kan sirreessuuf ishee ture. Wayyaa akkoo kee miiccuu, qixeessuu fi hodhuun ga'ee ishee ture. Harmeen koo bareechitee hodhuu hin gashitu turte. Yeroo ammaa akka isheetti bareechee kan hodhu hin jiru.” Bruunoon obsaan taa'ee dhageeffachuu itti fufe. “Akkoon kee yeroo isheen sirbuuf qophooftee deemtu harmeen uffata ishee sisirreessitee keessee eegdi. Akkoon kee sirba erga dhaabdees harmeen isheef hojjechuu itti fufte. Miindaan harmee maatii keenya jiraachisuuf waan hanqatuuf abbaan kee hojii na qacare. Ji'oota muraasa booda harmeen koo baayyee dhukkubsatte. Abbaan kee utuu dirqamni irra hin jiraatin harmeen koo akka wal'aanamtuuf maallaqa kenneefi. Kana kan godhe harmeen koo akkoo keef hiriya waan turteefi. Anaanis kanaaf na qacare. Harmeen yeroo duutus baasii awwaalcha ishee isatu danda'e. Kana booda abbaa kee utuu arrabsituu si dhaga'uu hin barbaadu. Siif hin eyyamu.”

Bruunoon Maariyaan garee koo taatee Aawut-wiizii akka baanu na deggerti jedhee yaadee ture; amma garuu isheenis abbaa isarra akka gortu bare. Seenaa isheen itti himte garuu isa boonseera.

“Maarree” jedhe waan jedhu wallaalee. “Abbaan waan baayyee gaarii godhe.”

“Eeyyee” jette Maariyaan kaatee foddad bira deemtee dhaabattee. “Anaaf oolmaa guddaa naaf oole” jette karaa foddad lafa namoonni huhuqqatoon sun jiran ilaalaa. “Nama gaarii akka inni ta'e beeka. Kanaafi kan gaaffii natti ta'u...” Gidduutti sagaleenshee bade. Namoota sana gaafa ilaaltu imimmaan ija shee guute.

Bruunoon “maaltu gaaffii sitti ta'a?” jedhee gaafate.

“Kan gaaffii natti ta'u... Akkamitti akka inni...”

“Akkamitti maal akka inni godhu?”

Balballi sagalee guddaadhaan yeroo darbatamu Bruunoon naasuudhaan utaale; Maariyaan akka iyyuu taate. Nama gara kutaa isaanii dhufaa akka jiru kotteen isaa

ni beeksisa. Bruunoon sodaatee sireerra ol ba'ee keenyanitti maxxanee taa'e. Kan dhufe garuu nama biraa utuu hin ta'in Greetal dha. Obboleessi ishee fi hojjettuun isaanii haasaarra jiraachuun isaanii xiqqoo ishee dinqeera.

"Maaltu ta'aa jira?" jettee gaafatte.

"Homtuu ta'aa hin jiru. Maal barbaadde? Gadi ba'i!" jedhe Bruunoon.

Greetal "ati gadi ba'i" jette kutaa Bruunoo ta'uu isaa akka waan dagattee. Ija shakkiidhaan Maariyaa ilaalaa "bishaan dhaqnaa naa ho'isi!" jettee ajajje.

Bruunoon "ofii kee maalif hin ho'ifattu?" jedhee itti dheekkamee gaafate.

"Hojjettuu waan taateefi kaa" jette Greetal ija itti babaasaa. "Kana hojjechuuf as jirti mitii ree?"

"Kanaaf miti kan as jirtu" jedhe Bruunoon sireerraa ka'ee. "Nuuf hojjechuuf qofa as jirti miti. Keessumaammoo waan ofii keenyaan hojjechuu dandeenyu hojjechuun isheerra hin jiru."

Greetal Bruunoon har'a ni maraatee laata jettee isa ilaalte. Itti fuftee immoo Maariyaa ilaalte.

"Tole" jette Maariyaan. "Uffata Bruunoo sisirreessee akkan fixeenin sii ho'isa."

"Daddafi kaa" jette Greetal. Akka Bruunoo Maariyaan nama yaada mataa ishee qabdu akka taatetti yaaddeenii hin beektu. Ajajjeenii fixxee kutaa isheetti deebitee cufatte. Fuula Maariyaarraa saalfiitu mul'ata.

"Ammayyuu garuu abbaan baayyee dogoggoreera jedheen yaada" jedhe Bruunoon erga takka callisee taa'ee booda. Waa'ee amala Greetaliif dhiifama gaafachuu yaadee ka'ee akkas gochuun sirrii ta'uu dhiisuu danda'a jedhee dhiise. Bruunoon hojjettuu ofiittis yoo ta'e seera malee dubbachuun sirrii akka hin taane waan amanuuf amala Greetalitti ni qaana'a.

"Dogoggoreera jettee yoo amantes afaanii baastee dubbachuu hin qabdu" jette Maariyaan Bruunootti siqxee. Waan isheen jettu akka tole jedhee fudhattu baayyee waan barbaadde fakkaata. "Waadaa naa seeni lammaffaa akka akkas hin jenne."

"Maalif?" jedhe Bruunoon aaree. Waan natti dhaga'amen dubbadhe. Waan natti dhaga'ame dubbachuu hin qabuu?"

“Lakki. Dubbachuun sirra hin jiru.”

Bruunoon ammas irra deebi’ee “Waan natti dhaga’amu dubbachuun narra hin jiruu?” jedhe. Gurra isaa amanuu hin dandeenye.

Maariyaan sagalee isa duraa caaluun “lakki” jette. “Lammaffaa waa’ee kanaa hin kaasin. Gudii nutti fiddu beektaa?”

Bruunoon callisee dhaabatee ishee ilaale. Akka isheen sodaa wayii keessa jirtu bare. Maariyaarraa fagaachuu barbaadee ka’ee balbala bira deeme. Biyya kana hin jaallannen jedhe malee waan biraa miti. Hamma ati uffata sirreessituttin si faana haasa’a jedheeni malee baduun barbaada hin jenne. Utuun badees namni na komachuu danda’u hin jiru.”

“Abbaaf haadha kee yaaddoodhaan akka du’an barbaaddee? Sammuun kee yaaduu ni danda’a yoo ta’e callistee barumsa kee baratta. Waan abbaan kee siin jedhu goota. Hamma wanti kun xumuramutti of eeggannoo gochuu qabna. Anis karoorri koo kanuma. Silaas kana caalaa maal gochuu dandeenya? Waa jijjiiruun ga’ee keenya miti.”

Bruunoon akkuma tasaa sababii tokko malee boo’ichi isa qabate. Imimmaan ija isaarraa akka hin mul’anneef ammaa ammaa libsate. Ol jedhee gaafa ilaalu ishees iji ishee imimmaan guuteera; qilleensi har’aa waan adda ta’e qaba fakkaata jedhee yaade. Haalli keessa jiru waan itti hin tolleef achi garagalee gara balbalaatti deeme.

Maariyaan “eessa deemta?” jettee gaafatte.

“Ala” jedhe Bruunoon sagalee ifannaadhaan.

Kuticha keessaa hamma ba’utti suuta jedhee deeme. Akka gadi ba’een garuu ni fiige. Manicha keessa yoo ture akka of wallaalee kufu yaade. Yeroo xiqqoo gidduutti dallaa keessaa ala ba’e. Waan isa dadhabsu hojjechuu barbaadee fiiga. Fuuldura isaa yeroo ilaalu karaa isa buufata baaburaa isa Barliiniin deemu arge. Baduu gaafa yaadu garuu qofaa isaa ta’uun as turuu caalaa isa waan yaaddesseef itti dhiise.

Boqonnaa 7

Akka Itti Harmeen Waan Ofii Ishee Hin Gooneef Jajamte

Bruunoon maatii isaa wajjin Awut-wiiziin erga dhufee turban baayyee ta'eera. Kaarl, Daani'elii fi Maartiin dhufanii isa hin dubbisne. Bruunoon dafee waan isa bashannansiisu argachuu baannaan akka hin maraanne yaadda'e.

Bruunoon jireenya isaa keessatti maraatu tokkittii beeka. Maqaan isaa Heer Roolar jedhama; umriin isaa hammuma abbaa Bruunoo ta'a. Manni Heer Roolar naannoo mana Bruunoofaa isa Barliinitti dhiyoo dha. Guyyaas galgalas karaarra qofaa haasa'aa deema. Ofii isaa wajjin waan wal-falmu fakkaataa. Yeroo tokko falmiin isaa lolatti jijjiiramee gaaddidduu isaa keenyanirratti argu abootteedhaan rukutuu yaala. Lolichi yeroo hammaatu immoo hamma harki isaa dhiigutti blokkeettii abootteedhaan reeba. Kana booda jilbeenfatee boo'aa of kakkabala. Takka takka Bruunoon utuu inni jechoota dhorkaa ta'aan jedhuu gaafa dhaga'u kolfatu isa qaba.

Gaaf tokko haati isaa utuu inni itti kolfuu argitee Bruunoodhaan "Heer Roolaritti hin kolfin; waan inni keessa darbe hin beektu" jettee gorsite.

"Maraatu dha" jedhe Bruunoon mallattoodhaanis agarsiisaa. "Dheengadda adurree karaarraa waamee kottuu shaayii dhugi" jedheeni.

Greetal "Adurrettiin maal jetteeniree?" jettee gaafatte.

Bruunoon "Homa hin jenne. Adurree ta'uu ishee irraanfatte moo?" jedhe Greetalitti aaree.

"Dhuguma koon jedhe" jette harmeen itti fuftee. "Fraans nama baayyee namatti tolu ture. Ijoollee yeroo turree kaaseen beekaani. Nama hubataa fi arjaaa ture. Akka Freed Asteeyir daansii hin gashu. Yeroo waraana addunyaa mataa isaarra waan rukutameef akkas ta'e. Nama hin kolfisiisu. Dargaggoon meeqaaf meeqa waan yeroo sana irra ga'e hin beektani. Baayyeetu miidhame."

Yeroo harmeen isaa kana itti himtu Bruunoon mucaa waggaa ja'aa waan tureef homaa hin galleefi. Gaafa inni ishee gaafatu "Waggaa hedduu dura ture" jettee deebiste. "Utuu ati hin dhalatin dura ture. Fraanz dargaggoota yeroos biyya

isaaniif lolan keessaa tokko dha. Abbaa kee wajjin sirriitti wal beeku; wajjiniin lolanii turan natti fakkaata.”

Bruunoon “Maaltu isa mudate?” jedhee gaafate.

“Amma waa’ee isaa dhiisi” jette haati Bruunoo. “Waa’ee waraanaa haasa’uun gaarii miti. Yeroo dhiyoo keessatti garuu haasaan keenya waa’ee waraanaa qofa akka hin taanen sodaadha.”

Kana hunda kan haasa’an waggaa sadii dura ture. Bruunoon dhiyootti waa’ee Heer Roolar yaadee hin beeku. Amma garuu waan sammuu isaa hojjechiisu argachuu baannaan dhiyootti karaarra of falmaa akka deemu, beeyladoo mana isaatti akka afeeru amane.

Bruunoon sanbata duraa ganamaa kaasee waan yeroo isaa itti dabarsu barbaachuu eegale. Mana isaaniirraa xiqqoo achi siqee qilxuutu jira. Ol dheeraa fi damee baayyee kan qabu dha. Dameewwan isaa jajjaboo waan ta’aniif mucaa waggaa sagalii baachuun isaaniif salphaa dha.

Bruunoon taphachuu jalqabuuf waan lama qofa isa barbaachise: funyoo fi gommaa. Funyoo akka salphaatti mana keessaa argate. Akka isaaf mijatutti haaduudhaan kute. Gommaa argachuun garuu qormaata itti ta’e.

Guyyaa har’aa abbaa fi haati Bruunoo mana hin oolle. Harmeen isaa guyyaa tokkoof magaalaa biraa deemtee ooluuf baabura yaabbattee deemte; abbaan isaa immoo gara mana warri karaa foddoo mul’atan jiraatanitti deemeera. Akkuma barame konkolaattonni loltootaa hedduun mana Bruunoofaa fuuldura dhaabatanii jiru. Bruunoon isaan jalaa gommaa hatuu akka hin dandeenye waan beekuuf kan lafatti hafe yoo jiraate barbaacha naanna’e.

Ala yeroo ba’u Greetaal utuu isheen Luutenaant Kotlarii wajjin dhaabbattee haasoftuu arge. Isa yoon gaafadhe wayya jedhee yaade. Luutenaant Kotlar loltuu isa Bruunoon guyyaa jalqabaa mana isaaaniitti arge dha. Bruunoon erga gaafichaatii si’a baayyee argeeraani. Mana isaaaniitti al meeqa deddeebi’a; biiroo abbaa Bruunoo seenuunis isaaf dhorkaa miti. Bruunoo fi Luutenaant Kotlar baayyee wajjin haasa’anii hin beekani. Bruunoon akkasumaan utuu sababa isaa hin beekin hin jaallatuuni. Faarri isaas itti hin tolu. Nama gaafatu kan biraa waan hin qabneef itti deemee haasofsiisuuf itti siqe.

Yeroo baayyee luutenaantichi uffata miidhagaa uffata. Yuunifoormiin isaa isarratti waan tokkosame fakkaata. Kopheen isaa cululuqaa dha; mataan isaas sirriitti filamaa dha. Shittoo baayyisee dibachuu waan jaallatuuf dhufaatiin isaa fagoorraa beekama. Bruunoon fooliin isaa akka hin kuffisneeniif kallattii qilleensaarraa faallaa dhaabata.

Har’a garuu sanbata duraa ganama waan taa’eefi aduun isaas baayyee waan gubuuf baayyee of hin kuulle. Bruunoon utuu irree guddaa akka isaa qabaatee hawwe. Luutenaantii fi Greetal haasaa cimaa qabatanii waan jiran fakkaatu. Waan nama kolfisiisu dubbate fakkaata; Greetal kokkolfaa rifeensa mataa ishee mammarti.

Bruunoon itti siqee nagaa yeroo gaafatu Greetal ija hin taaneen isa ilaalte.

“Maal dhabde?” jettee gaafatte.

Bruunoon aaree gubachaa “homaa hin dhabne; dubbisuuniifin dhufe” jedhe.

“Waa’ee obboleessa koof dhiifama” jette Greetal. “Ganaa mucaa waggaa sagaliiti.”

“Akkami mucaa?” jedhe Kotlar mataa Bruunoo tuttuqaa. Bruunoon utuu kuffisee achitti irra deemee hawwe. “Ganama kanaan maa kaate guyyaa sanbat-duraadhaan?”

Bruunoon “ganama hin jedhamu; sa’aatii afur qaata ta’e” jedhee deebise.

Luutenaant gateettii isaa ol darbachaa “yeroon hamma kee ga’u harmeen koo hamma sa’atii laaqanaatti hirribaa na kaasuu hin dandeessu turte. Callisee hirriba kanaan itti fufnaan qaama guddaa jabaa akkan hin qabaanne natti himti turte.”

“Baayyee dogoggorteetti mitiree?” jette Greetal ilkaan soddonii lama ala baastee. Bruunoo haalli obboleettii isaa isa qaanesse. Bruunoon dafee isaan biraa deemuu hawwus Luutenaant Kotlariin gaafachuu waan qabuuf ture.

Bruunoon “waa si gaafachuu nan danda’aa laata?” jedhee gaafate.

“Gaafachuu ni dandeessa” jedhe Kotlar. Greetal akka waan inni waan nama kolfisiisu dubbatee kolfa duute.

“Gomaa tirfii nan argadhaa laata?” jedhe Bruunoon. “Kan konkolaataarraa ba’e, yookin kan amma tajaajilaa hin jirre.”

Luutenaant Kotlar “naannoo kana gommaa tirfiin jiru isa Sarjant Hoofshnaayider mudhii isaarratti naanneffatee deemuu qofa dha” jedhe akka seequu ta’ee. Haasaan isaa Bruunoof hiika laachuu didus Greetal kolfaaf lafti ishee qaban dhibe.

Bruunoon “gommichatti tti fayyadamaa jiraa?” jedhee gaafate.

“Sarjant Hoofshnaayider moo?” jedhee gaafate luutenaantichi. “Eeyyee, gommaa isaa isa tirfiirraa adda ba’uu hin danda’u.”

“Dhiisi, Kart” jette Greetal imimmaan ijarraa haxaa’achaa. “Hin galuufi. Umriin isaa waggaa sagal qofa.”

“Uff, callisi mee” jedhe Bruunoon Greetalitti aaree. Silumayyuu Luutenaantiin waa gaafachuu jibbaa dhufe; ittumaa immoo Greetal isa qoccoluun ishee dabalee isa aarse. “Umriin kan kees kudha lama qofa. Sobdee akka dargaggeettii of gochuu dhiisi.”

Greetal naasuudhaan bishaan taate. “Kudha sadii ta’uufin jedha, Kart” jette fuulli ishee duukkanaa’ee. “Torban muraasa booda kudha sadiin ta’a. Akkuma kee tiineejarrii jechuu dha.”

Luutanaant Kotlar seeqee dhiise malee homaa hin jenne. Bruunoon callisee ilaaleeni. Bakka luutenaantichaa kan jiru nama biraa utuu ta’ee wajjiniin nyaaraan walii galaa shamarran, keessumaa immoo obboleettonni akkam rakkisoo akka ta’an dubbatu turani.

“Gommaa tirfii kan biraan hin jiruu?” jedhee gaafate.

“Hin dhibu” jedhe Luutenaant Kotlar seeqa isaa itti dhiisee. “Maalif barbaadde garuu?”

“Daddarbattuu hojjechuu barbaadeeni” jedhe Bruunoon. “Beekta mitii? Damee mukaarratti gommaan funyoodhaan hidhamee isa hojjetamu jechuu dha.”

“Eeyyee, beeka” jedhe Luutanaantichi. “Anis gaafan ijoollee ture akkuma kana nan hojjedhan ture. Hiriyoota koo wajjin ittiin taphannee yeroo gaarii dabarsine.”

Bruunoon isaa fi Luutanaanticha kan wal-fakkeessu waan tokko jiraachuun baayyee isa dinqe. Luutanaantichi hiriyoota qabaachuun isaa immoo caalaatti isa dinqe. “Maal jette ree? Gommaa tirfiin jiraa?” jedhee gaafate.

Luutanaant Kotlar takka dhaabatee yaade. Bruunoon akkuma silaa deebii jallaa akka hin kennineef yaadda'e. Battaluma sana garuu Kotlar Paaveliin arge. Paavel jaarsicha isa nyaata qopheessee dhiyeessuuf dha.

“Sii” jedhe caraanee. “Kottu dafii-” jedhe ammas itti caraanee. Bruunoon ni qaana'e; utuun hin gaafanne ta'ee jedhee gaabbe.

Paavel isaan bira yeroo ga'u Kotlar jaarsa akaakayyuu isaa ta'uu danda'u kanatti dheekkame. “Bruunoo fuudhii lafa mi'i kuufamee jiru geessi. Gommaa baayyeetu jira. Kan inni filate baadhuufii lafa inni barbaade geessi. Sii galee?”

Paavel koofiyyaa isaa fuulduratti godhee sagalee xiqqoodhaan “tole, gooftaa” jedhe.

“Isa booda yeroo kushinaatti deebitu utuu nyaatatti hin bu'in dura harka kee dhiqadhu, xuraa'aa wayi-”. Luutanaant Kotlar yeroo isa arrabsu waan caraanuuf ni tuttufa. Bruunoon Greetaliin ilaale. Akka silaa itti tolaa miti. Bruunoo fi Greetal kanaan dura Paavelii wajjin haasa'anii beekuu baatanis hojjetaa gaarii akka inni ta'e beeku. Akka abbaan isaanii dubbatuttis namni akka Paavel salphaatti hin argamu.

Luutanaant Kotlar “deemi kaa!” jedhee yeroo itti iyyu Paavel Bruunoo wajjin karaa jalqabe. Bruunoon ammaa ammaa garagalee obboleettii isaa fi Kotlariin ilaala. Keessi isaa deemee Greetaliin biraa fuudhee deemuu hawwe. Greetal jeeqxuu, ofittoo fi isa rakkisuu kan jaallattu yoo taates yaaduufii hin dhiisu. Silas obboleettii hamma taatetti rakkistuu ta'uun ishee ni oolaaree? Nama akka Luutanaant Kotlarii wajjin qofaatti ishee dhiisuun isatti hin tolle. Luutanaant Kotlar nama gadhee dha.

Balaan kan mudate sa'atii lama booda dha. Paavel gommaa Bruunoon filate fuudheefi deemee qilxuu dheeraa bira geesseefi. Bruunoon mukicha yaabbatee damee isaatti funyoodhaan jabeessee gommaa itti hidhe. Hamma sanatti hunduu gaarii ture. Kana duras daddarbattuu hojjetatee beeka; yeroos garuu Kaarl原因 fi Daani'elii fi Maartiin isa gargaaraniiru. Amma qofaa isaa gaafa hojjetu isa rakkisuu hin hafne. Isa rakkisus garuu inuma hojjetate. Hunda xumuree irra yaabbatee taphachuutti ka'e. Haa ta'u malee isaaf hin mijanne.

Gommicharra qixaa'ee taa'ee miilla isaadhaan ol of kaase. Qilleensa keessa yeroo ol ka'u hunda xiqqoof dame mukaatti utuu hin ba'in miliqa. Bruunoon saffisa itti

dabalaa deeme. Akka tasaa garuu utuu hin beekin gommaa yeroo gadhiisu gadi gombifamee fuulaan lafatti kufe.

Yeroo muraasaaf itti duukkanaa'ee ture. Gaafa dandamatee ka'u harkaa fi miilli isaa caba ta'uu baatus miidhamni irra ga'eera. Harka isaa gaafa ilaalu soofamuu isaa arge; ciqileen isaa immoo xiqqoo murameera iyyuuti. Kan miilla isaammoo isa caalu dha. Jilba isaa gaafa gadi ilaalu muramuu isaa arge; gaafa inni ilaalu immoo akka waan isa eegaa turee caalaatti dhiige.

"Ayii" jedhe Bruunoon sagalee isaa ol kaasee. Waan godhu wallaalee yaaduu jalqabe. Utuu badaa hin turin Paaveel dhufe. Paaveel karaa foddaa dhaabatee dinnicha soofaa waan tureef Bruunoo ilaalaa ture. Bruunoon ol jedhee gaafa ilaalu Paaveel dhufaa jiraachuu argee dhaabbachuu yaaluu itti dhiise. Paaveel ol isa kaase.

"Maal akka uumame hin beeku" jedhe Bruunoon. "Balaan ni uumama jedhee hin yaannen ture."

"Baayyee olka'aa turte" jedhe Paaveel sagalee gadi qabee. "Bareen ture. Amma amma kufaa jedhee yaadda'aan ture."

"Kufe kaa kunoo" jedhe Bruunoon.

"Eeyyee."

Paaveel Bruunoo baatee manatti gashe. Kushinaa geesseenii barcumarra isa kaa'e.

Bruunoon "harmeen koo eessa jirti?" jedhee gaafate. Balaan yoo uumame kan inni barbaadu harmee isaati.

"Harmeen kee amma yoonaa hin deebine" jedhe Paaveel jilbiinfatee miilla Bruunoo ilaalaafii utuu jiruu. "Ana qofatu mana jira."

Bruunoon sodaatee "Maal naa wayyaree?" jedhee gaafate. Imimmaan isa qabateera. "Dhiigni koo dhaabbachuu didee yoon du'e hoo?"

Paaveel takka seeqee mataa raase. "Homaa hin taatu" jedhe miilla Bruunoo dombiirra kaa'aa. "Hin socho'in. Saanduqni gargaarsa jalqabaa kuunnooti."

Paaveel yeroonni mana keessa deemu Bruunoon callisee isa ilaala. Saanduqa gargaarsa jalqabaa fidee bishaan saanii xiqqootti guutee fide. Bishaanichi baayyee qorraa akka hin taane quba isaa cuubee mirkaneeffate.

“Hospitaala deemuun qaba jechuu dhaa?”

“Lakki, lakki” jedhe Paaveel iddoosaatti deebi’aa. Carqii bishaan cuubee jilba Bruunootti buuse. Bruunoon isa dhukkubee iyye. “Muraa xiqqoodha. Hodhuun iyyuu hin barbaachisu.”

Bruunoon yeroo Paaveel carqiidhaan qoorsee ammas carqii kan biraa itti maxxanse qabu isa dhukkubse. Paaveel carqii isa kanas irraa kaasee jibii itti godheefi. Bruunoon ni iyye.

“Hamma kanas hin dhukkubu” jedhe Paaveel. “Yaadaan ofumaa dhukkubbii itti hin dabalini.”

Bruunoon gaafa yaadu jechi Paaveel sirrii ta’uu amane. Isa booda hin iyyine. Paaveel jibii itti godhee gaafa fixu baandeejii fuudhee itti maxxanseefi.

“Fixeera. Amma akkami?” jedhee gaafate.

Bruunoon nyaaraan akka itti fooyya’e ibse. Sodaataa ta’uu isaatti ofitti qaana’e. “Galatoomi” jedheeni.

“Homaa miti. Daqiiqaa muraasaaf garuu asuma taa’i. Madaan kee haa qooru. Har’a daddarbattuu keerra akka hin baane.”

Paaveel harka isaa yeroo dhiqatu Bruunoon immoo miilla isaa barcumarra diriirsee taa’ee ilaala. Paaveel kan dhiqatu of eeggannoodhaanii. Qeensa isaa jala utuu hin hafin shiboodhaan sirriitti dhiqate. Harki isaa gaafa qooru dinnicha soofuutti deebi’e.

Bruunoon “isa har’a ta’e harmeetti ni himtaa?” jedhee Paaveeliin gaafate. ‘Harmeen natti aarti moo naa gadditi laata?’ kan jedhu isa yaaddesseera.

Paaveel ‘ofii ishee iyyuu ni argiti” jedhee deebise. Bruunootti garagalee taa’ee kaarotii soofa.

“Sirrii dha” jedhe Bruunoon. “Tarii mana yaalaan si geessa naan jetti.”

“Natti hin fakkaatu.”

“Hin beekamu” jedhe Bruunoon miidhamni isaa akka salphaatti ilaalamuun waan isatti hin tolleef. (Dhugaa dubbachuuf taanaan erga inni biyya kana dhufee wanti addaa isa mudate kana qofa). “Isa mul’atu caalaa miidhameera ta’a.”

“Lakki” jedhe Paaveel. Yaadni isaa kaarotii soofuurra waan jiruuf haasaa Bruunoof bakka guddaa hin laanne.

Bruunoon dafee “maal beekta” jedhee deebiseefi. Balaan erga irra ga’ee isa kaasee kan kunuunse Paaveel ta’uu utuma beekuu itti aaruu jalqabe. “Ati dooktarii miti.”

Paaveel kaarootii lafa kaa’e. Mataa isaa gadi qabatee ija Bruunoo ol ilaale. Maal jedhee akka deebisu takka yaadee “eeyyee, ani dooktarii dha” jedhee deebiseefi.

Bruunoon ni na’e. Homaa galuufii dide. “Ati nyaata qopheessuu mitii hojiin kee? Akkamitti dooktarii ta’uu dandeessa?” jedhe.

“Ani dhuguma dooktarii dha. Namni tokko urjii ol jedhee ilaaleef astroonomarii hin ta’u” jedhee deebiseefi.

Bruunoof haasaan Paaveel hin galleefi. Callisee isa ilaaluu jalqabe. Paaveel gabaabaa huqqataa, qubni isaa dhedheeraa dha. Umriin isaa abbaa Bruunoo ni caala; akaakaan garuu isa hangafa. Paaveel jaarsa dha jechuu dha. Dur areeda akka qabu fuulli isaa ni beeksisa; amma garuu areedni irra hin jiru.

“Naan galle” jedhe Bruunoon. “Dooktarii erga taatee maalif asii nyaata qopheessita? Hospitaala keessa hin hojjettuu?”

Paaveel waan jedhee deebisu takka yaade. Bruunoon homaa hin dubbanne. Obsaan isa eege.

Paaveel afaan saaqqate. “As dhufuu koo dura shaakala dooktarummaa irrannure.”

Bruunoon “Shaakala?” jedhee gaafate jechicha waan hin beekneef. “Shaakala irra turte taanaan dandeettiin kee badaa miti jechuu dha kaa?”

Paaveel ni seeqe. “Lakki baayyee gaariin ture. Baran ijoollee hamma kee turee kaasee fedhiin koo dooktarii ta’uu ture.”

Bruunoon dafee “Abuuraa ta’uun barbaada” jedhe.

Paaveel “carraa gaarii” jedheeni.

“Galatoomi.”

“Maalfaa argatteettaree amma yoonatti?”

“Manni keenya inni Barliin abuurraaf baayyee mijata ture” jedhe Bruunoon.

“Manichi baayyee guddaa waan tureef abuura ooluun ni danda’ama ture. Bakki kun garuu akka sana miti.”

Paaveel “Biyyi kun akka isa kaanii miti” jedhee Bruunoo wajjin walii gale.

Bruunoon “Awut-wiiziin yoom dhufte?” jedhee gaafate.

Paaveel sagalee xiqqoodhaan “durii kaasee akkan as turetti natti dhaga’ama” jedhe.

“Asumatti guddattee?”

“Lakki, lakki” jedhe Paaveel lama irra deebi’ee.

“Durii kaasee asuman ture hin jennee-“

Bruunoon utuu dubbatee afaanii hin fixin sagalee harmee isaa alaa dhaga’e.

Paaveel akka sagalee ishee dhaga’een utaalee ka’ee kaarotii soofuutti deebi’e.

Bruunoo irraa achi garagalee mataa isaa gadi qabatee taa’e.

Haati Bruunoo akkuma ol seenteen jilba isaa pilaastariidhaan haguugamee jiru argitee “maal taate?” jettee gaafatte.

Bruunoon “daddarbattuu irraan kufe” jedhee deebiseefi. “Mataa koo irratti kufee of na wallaalchisee ture. Paaveeltu na fidee madaa koo dhiqee pilaastarii itti naa godhe. Baayyee na gubus ani hin boonye. Xiqqoo ishee illee hin boonye mitii Paaveel?”

Paaveel akkuma gadi jedhee jirutti xiqqoo as naanna’e. Gaaffii Bruunoo utuu hin deebisin “Madaa isaa dhiqeera; homaa wanti nama yaadessu hin jiru” jedhe.

Harmeen isaa Bruunoon kutaa isaatti akka deebi’u ajajjeeni. Faarri ishee jijjiirameera. Badaa itti tolaa hin fakkaattu.

“Garuu-“

“ Deebii natti hin deebisin. Amma isa ammaa kutaa keetti deebi’i” jettee itti dheekkamte. Hokkalaa ba’ee deeme. Harmeen isaa Paaveeliin “galatoomi” gaafa jettu dhaga’e. Paaveel du’arraa waan oosheeniif galata argachuun isaa isa gammachiise.

Dhumarratti harmeen isaa nyaata-qopheessaa isa dooktarii ofiin jedhuun waan isheen jette dhaga’e.

“Koomaandariin yoo nu gaafateef kan Bruunoo wal’aane ana akka ta’e itti himna.”

Bruunoon harmeen isaa waan namni biraa godhetti maqaa fudhachuu ishee argee akkam ofittooo dha jedhee taajjabe.

Boqonnaa 8

Akkoon Maalif Akka Aarte

Bruunoon hunda caalaa kan inni yaade akaakaa fi akkoo isaati. Manni isaanii gabaa bira dha. Akaakaan nama umrii waggaa torbaatamii sadiiti. Akka Bruunoon beekutti akaakaan isaa nama hunda hangafa. Bruunoon gaaf tokko jireenya isaa al saddeet irra deddeebi’ee yoo jiraate illee akaakaan isaa waggaa tokko akka isa hangafu herreege ture.

Akaakaan durii kaasee mana nyaataa magaalaa walakkaadhaa qaba. Hojjettoota isaa keessaa tokko abbaa hiriya isaa Maartiin dha. Abbaan Maartiin hojiin isaa nyaata qopheessuu dha. Akaakaan namoota keessummeessuu yookin nyaata qopheessuu dhiisus guyyaa isaa harka caalaa kan dabarsu achitti. Taa’ee maamiltoota wajjin haasa’uu, nyaachuu fi hiriyoota isaa wajjin kolfee taphachuudhaan yeroo isaa dabarsa.

Akkoon Bruunoo akka akkoo warra kaanii dulloomtuu miti. Bruunoon umriin ishee waggaa jaatamii lama qofa ta’uu gaafa baru guddaa isa dinqisiisee ture. Akaakaa wajjin kan wal barte yeroo dargaggeettii turte koonsartii ishee yeroo dhiyeessitu dha. Hanqina akaakaa utuma beektuu harka ishee gashatee ishee fuudhe. Rifeensi mataa ishee akka kan harmee Bruunoo diimaa, iji ishee magariisa dha. Kun kan ta’uu danda’e maatii ishee keessa dhiigni saba Ayirland waan jiruuf akka ta’e dubbatti. Bruunoon paartiin xumamuuf dhiyaachuu kan baru akkoon isaa piyaanootti siqxee yeroo dhaabattu ture. Namni akka isheen sirbitu gaafatu hamma argamutti callistee piyaanoorra naannofti.

Harka ishee lapheerra keessee “Maal?” jetti akka nama waan haaraa dhaga’ee. “Nuuf sirbi naan jettuu? Sirbuu hin danda’u; umriin koo yeroo sirbaarra darbeera” jetti.

Hundumtuu “sirbi! Sirbi” jedhee gaafa iyyu sekondii kudhanan tokko eegdee tole jetti.

Gurbaa piyaanoo taphatuun “Lavii En Rooseen sirba. Sirriitti na hordofi” jettee eegalti.

Afeerraan mana Bruunoofaa yeroo hunda sirba akkoodhaan kan faayame dha. Yeroo hunda akkoon sirbuu gaafa eegaltu harmeen hiriyoota ishee wajjin gara golaatti dabarti. Abbaan dhaabatee sirba akkoo dhaggeeffata. Bruunoonis sirba akkoo baayyee waan jaallatuuf hamma isheen xumurtee keessummoonni hundi harka walitti rukutanitti dhaabatee dhaggeeffata. Keessumaa immoo sirba “Lavii En Roosee” hunda caalchifata.

Akkoon Bruunoo fi Greetalii wajjin waltajjiitti ba’uu jaallatti. Yeroo ayyaana qillee fi guyyaa dhalootaa tapha isaan harmee, abbaa fi akaakaaf taphatan qopheessiti. Kan barreessitu ofii ishee waan taateef akka ilaalcha Bruunootti kutaa gaggaarii ofii isheef kaawwatti. Sirbis ni jiraata. Jalqaba “ni barbaadduu?” jettee gaafatti; Bruunoon wallaalchisa agarsiisa; Greetal immoo ni shubbisti. Taphichi yeroo hunda Bruunoon walaloo namoota gurguddaa keessaa tokko walaleessuudhaan xumurama. Hubachuuf isatti cimus bareedinni isaa caalaatti dabalaa dhufe.

Kutaa Bruunoon hunda caalaa jaallatu garuu kana miti. Hunda caalaa kan isa gammachiisu akkoon isaa fi Greetaliif uffata isheen qopheessitu dha. Ga’een inni taphatu hammam xiqqoos ta’e guddaa, Bruunoon yeroo hunda ilma mootii, sheekii Arabaa yookin Glaadiyaatara Roomaa ta’ee taphata. Gonfoo, alangee yokin eeboo qabatee taphata. Yeroo itti aanu akkoon maal akka qopheessitu hin beekamu; ayyaana qillee torbee tokko dursitee garuu Bruunoo fi Greetaliin mana isheetti waamtee shaakalchiisti.

Taphni isaan yeroo dhumaaf agarsiisan garuu haala gaariidhaan hin xumuramne. Bruunoon yeroo yaadatu ni gadda; maaltu dubbii akka kaase garuu galuufii hin dandeenye.

Taphicha torban tokko dursee manni isaanii gammachuun kan guutame ture. Kunis kan ta’e abbaan koomaandara ta’uu isaarraa kan ka’e dha. Gammachuu malee waan biraan hin turre. Jalqaba Fuurii fi dubartittii bareedduu mataa keellootu irbaataaf dhufe. Booda abbaan koomaandara jedhamee waamamuu jalqabe. Harmeen abbaa keedhaan ‘baga gammadde’ jedhi jettee itti himteetti. Maalif ‘baga gammadde’ akka jedhuun garuu badaa hin galleefi.

Guyyaa ayyaana qillee abbaan yuunifoormii isaa isa haaraa uffatee as ba’e; maatii guutuun harka walitti rukuteefi. Adda ture. Loltoota kaan caalaa miidhage; yuunifoormii isaa isa haaraa gaafa argan immoo caalaatti isa kabajani. Harmeen itti adeemtee maddii isaarra dhungatte; uffaticha harkaan qaqqabdee carqiin isaa

baayyee hawwataa akka ta'e dubbatte. Bruunoon faaya irra jiru gaafa argu ni dinqisiifate; harki isaa qulqulluu akka ta'e mirkaneessanii koofiyyaa isaa daqiiqaa muraasaaf akka mataarra kaa'atu eyyamaniifi.

Akaakaan ilma isaa yuunifoormichaan gaafa argu baayyee itti boone; kan itti hin gammanne akkoo qofa. Irbaanni nyaatamee, taphnis dhume gaafa jedhu gaddaan teessee gara abbaa ilaaluutti kaate. Akka nama abbaatti qaana'ee isa ilaalaa mataa raasti.

“Raalf, tarii balleessaan koo kana turee laata?” jette. Ijoollummaa keetti tapha agarsiisaa baanetu akkas si godhee laata jedheen yaada. Akka ashaangulliitii funyoodhaan ajajamuutti sitti uffisuu.”

“Harmee,” jedhe abbaan obsaan. “Amma yeroo itti wal-falminu miti.”

“Yuunifoormii kana uffattaa?” jettee itti fufte. “Si boonsaa amma kun? Maal jechuu akka inni ta'e hin beektuu? Moo dhimma kee miti?”

“Naataalii! Sila maal mari'annee turre?” jedhe akaakaan dheekkamee. Akkoon waan barbaadde dubbachuu irraa maaliyyuu yoo ta'e akka duubatti hin jenne garuu beekamaa dha.

“Maatiyaas, situ mari'ate” jette akkoon. “Akkuma barsiifatte callistee akka nama keenyanitti dubbatuu natti dubbattee obbaafatte. Yeroo hunda akkasuma goota.”

“Harmee, ayyaana dha; amma yeroo itti wal-falminu miti” jedhe abbaan guddisee hafuura baafatee.

“Nan yaadadha yeroo waraanni guddaan jalqabe” jedhe abbaan boonaa. “Duulaaf akka kaate yeroo ati dhuftee nutti himte nan yaadadha. Homaa akka ati hin taane amanuu koos nan yaadadha.”

“Ta'eera malee, Maatiyaas,” jette harmeen. “Ilaaliin mee amma waan inni keessa jiru.”

Akaakaan dhimma ishee hin godhanne. Haasaa isaa itti fufe. “Iddoo guddaa akkas itti-gaafatamummaa cimaa qabutti guddachuun kee baayyee na boonsa. Biyyi kee yakka irratti raawwatameef ijaa akka baatuuf kutattee kaateetta. Keessaa fi alaa warra nu yakkan adabuuf-”

“Maal akka haasoftu beektaa?” jette akkoon. “Isin keessaa eenyu caalaatti akka raata’e hin beeku.”

“Garuu, jette harmeen nagaa buusuu yaalaa. “Naataalii, Raalf yuunifoormii isaa uffatee hin bareednee?”

“Bareedaa! Raatoftuu wayii! Bareedinaa wanti barbaachisaan hunda caalu?”

“Uffanni koo hin bareeduu?” jedhe Bruunoon uffata sarkasii isaatti quba qabee. Dubbatee akka afaanii fixeen hunduu isaa fi Greetaliin ilaallaan gaabbe. Ijoolleen jiraachuun isaanii irraanfatamee ture.

“Ijoollee, gara kutaa keessanii deemaa!” jette harmeen.

“As turuu barbaanna” jette Greetal kadhaadhaan. “Asumatti taphachuu hin dandeenyuu?”

“Lakki. Deemaa balbala keessan cufadhaa!”

“Isin loltoonni kana malee waan biraa hin beektani” jette akkoon. Ijoolleen jiraachuu isaanii dagatteetti. “Yuunifoormii keessan uffattanii miidhaguu, miidhagdani hammina hojjechuu. Baayyeen sitti qaana’e. Balleessaan si miti, Raalf. Anatu balleesse.”

“Ijoollee! Dafaa kutaa keessan seenaa! Dafaa!” jette harmeen harka walitti rukutaa. Bruunoo fi Greetal dafanii ol ba’ani.

Ol ba’anii garuu kutaa isaanii hin seenne. Dhokotanii taa’anii dhaggeeffachuu yaaluutti ka’an. Haa ta’u malee waan isaan jedhan sirriitti dhaga’uu hin dandeenye. Daqiiqaa muraasa booda akkoon kootii ishee fannoorraa fudhachuuf as baate. Bruunoo fi Greetal gara kutaa isaaniitti qajeelani.

“Qaana’eera” jette akkoon gadi ba’aa. “Ilma akkasii-”

“Sabboonaa” jedhe abbaan haasaa ishee addaan kutee. Seera haasaa hin dhageenye fakkaata.

“Sabboonaa!” jettee caraante. “Namoota isin mana kanatti afeertan baayyee jibbisiisoo dha. Yuunifoormii kanaan si arguun koo maraadhu maraadhu naan jedha” jettee balbala darbattee baate.

Bruunoon erga sanaa akkoo badaa argee hin beeku. Awut-wiiziin gaafa dhufan nagaa itti dhaamuuf illee carraa hin arganne. Baayyee ishee yaada. Kanaafuu xalayaa barreessuufiif murteesse.

Qalamaa fi waraqaa fudhatee taa'e. Biyyicha akkam akka jibbee fi Barliiniin akka yaade barreesseefi. Waa'ee manichaa gadi-fageenyaan barreesse. Hunda caalaa garuu waa'ee namoota bijaamaa sassararamaa uffatanii bal'inaan barreesse. Dhumarratti hammam akka ishee yaade itti hime. "Mucaa ilma kee kan baayyee si jaallatu, Bruunoo irraa" jedhee goolabe.

Boqonnaa 9

Bruunoon Dur Abuurraa Akka Jaallatu Ture Yaadata

Yeroo murtaa’eef Awut-wiizitti jijjiiramni tokko hin turre.

Greetal akkuma ishee durii Bruunoo rakkisti. Amalli ishee guyyaa guyyaatti jijjiirama.

Ammayyuu Barliinitti deebi’uu akka hawwetti jira; Barliin maal akka fakkaattu garuu harkaa badaa deeme. Akkoo fi akaakaaf xalayaa erga barreessee baayyee tureera.

Loltoonni guyyaa guyyaatti biiroo abbaa isaa seenanii ba’aa oolu. Isaaf garuu ammas taanaan seenuun dhorkaa dha. Luutanaant Kotlar kooruu isaa hin dhiisne. Abbaa wajjin haasa’aa hin jiru taanaan karaarra dhaabatee Greetalii wajjin haasa’a. Greetal kokkolfaa rifensa mataa ishee mammarti. Luutanaant Kotlar harmee wajjin qofaatti mana cufatee hasaasuus ni baayyisa.

Hojjettoonni akkuma durii nyaata qopheessanii, qodaa miiccanii nyaata dhiyeessu. Hamma namni itti dubbatutti hin dubbatani. Maariyaan uffata Bruunoo dachaasaa, mana qulqulleessaa oolti. Paaveel akkuma durii isaa dinnichaa fi kaarotii soofee dhiyeessa. Takka takka jilba Bruunoo madaa’ee ture ilaala; itti haasa’ee garuu hin beeku.

Booda garuu wantoonni ni jijjiiramani. Abbaan ijoolleen barumsa isaaniitti deebi’uu qabu jedhee murteesse. Bruunoon barumsi barataa lamaaf qofaatti kennamuun baacoo itti fakkaatus barsiisaan manatti dhufee ganamaa fi waaree booddee akka isaan barsiisu murtaa’e. Guyyoota muraasa booda barsiisaan Heer Liiz jedhamu isaan barsiisuuf dhufe. Bruunoo waa’een Heer Liiz isa dinqa. Hammina hin qabu; akka barsiisaa isaa isa Barliinis isa reebbee hin beeku. Iji isaa garuu keessi isaa aariidhaan kan guutamee fi dubbii waan barbaadu fakkaata.

Heer Liiz ji’oograafii fi seenaa jaallata; Bruunoon immoo artii fi dubbisa caalchifata.

“Homaa si hin fayyadu,” jedheen barsiisaan isaa. “Bara kana wanti barbaachisaan saayinsii hawaasaa sirriitti hubachuu dha.”

“Akkoon koo Barliiniin gaafa turre tapha gabaabaa wajjin dhiyeessina turre.”

“Akkoon kee barsiistuu kee hin turre kaa. Akkoo kee malee barsiistuu kee miti. Ani barsiisaa kee waanan ta’eef waan ofii kee jaallattu utuu hin ta’in waanan jedhe baratta.”

“Kitaabni barbaachisaa mitii?”

“Kitaabota addunyaaf barbaachisan qofa kaa,” jedhe Heer Liiz. “Kitaabonni oduu-durii homaa hin fayyadani. Waa’ee seenaa kee hammam beekta?”

“Kanan dhaladhe Caamsaa torba bara 1934 ta’uu beeka-“ jedhe Bruunoon.

“Seenaa jireenya kee hin jenne” jedhe Heer Liiz addaan kuteenii. “Eenyu akka taate, eessaa akka dhufte, dhaala abbaa kee. Lafa abbaa kee.”

Bruunoon takka callisee yaade. Abbaan lafa waan qabu miti. Manni inni Barliin guddaa ta’us lafa irraa hafa hin qabu. Awut-wiiz kan isaanii akka hin taanes beeka. “Badaa hin beeku” jedhe takka turee. “Seenaa bara durii garuu sirriittin beeka. Waa’ee loltootaa fi waa’ee abuurraa.”

Heer Liiz aariidhaan mataa raase. “Jijjiiruuf kanan dhufe kana. Oduu durii dhiistee waa’ee eenyummaa kee akka bartu gochuu. Yakka sirratti hojjetame si barsiisuu.”

Bruunoon ni gammade. Yakki guddaan jireenya isaa keessatti irratti dalagame mana isaanii isa gaarii dhiisanii biyya gadadoo kana dhufuu isaaniiti. Kun maalif akka ta’e natti himuuf jedha jedhee gammade.

Guyyoota muraasa booda Bruunoon kutaa isaa keessa taa’ee yaade. Wantoota dur gochuu jaallatu kan Awut-wiiziin erga dhufee gochuu hin dandeenye yaade. Hiriyyoota wajjin taphatu dhabe; Greetalii wajjin taphachuu immoo hin danda’u. Barliinitti qofaa isaa wanti inni hojjetu ture abuurraa dha.

“Ijoollee gaafan ture abuurraa nan jaalladhan ture” jedhee ofitti haasa’e. “Kanin abuuru Barliinitti waan ta’eef dunuunfadheeyyuu waanan barbaade nan argan ture. Asitti takkaa abuuree hin beeku. Tarii amma jalqabuu naa wayya.”

Dafee sireerraa utaalee ka’e. Kootii fi kophee guddaa abuuraan tokko uffachuu mala jedhee yaadu uffatee gadi ba’uuf qophaa’e.

Mana keessa abuuruun waa’ee hin baasu. Manichi akka mana isa Barliin kutaa hedduu abuuraaf ta’an hin qabu. Gonkumaa hin mijatu. Abuuruu barbaannaan ala ba’uun dirqama.

Ji'oota muraasaaf karaa foddada lafa biqiltootaa ilaalaa ba'e. Waa'ee barcuma ala jiruu, dallaa ol-dheeraa fi muka teelegraafii ol-dheeraa xalayaadhaan akkootti himaa ba'e. Halaalatti namoota bijaamaa sassararamaa uffatan ilaalaa ba'e; maal akka ta'e ammas gaaffii akka itti ta'etti jira.

Magaalaa kan biraa isaaniif ollaa ta'e fakkaata. Isaan nurraa baayyee adda dhaa laata jedhee of gaafate. Hunduu uffata gosa tokko uffatu. Bijaamaa sassararamaa fi mataa irraa koofiyyaa qabu. Namoonni mana isaanii seenaa oolanis (harmee, Greetalii fi isarraa kan hafe) hunduu yuunifoormii gosa addaa addaa uffatu. Yuunifoormii isaaniirra halluu gurraachaa fi diimaatu jira; faaya gosa adda addaatu jira. Hunduu qawwee isaanii boonanii qabatu.

'Garaagarummaan keenya maali?' jedhee of-gaafate. Eenyu bijaamaa sassararamaa uffachuu akka qabu, eenyu yuunifoormii uffachuu akka qabu kan murteesse eenyu?

Takka takka gareen lachuu wal-quunnamu. Namoonni gara isaa jiran gara warra dallaa sana keessaa gaafa deeman ni arga. Mirga irratti akka qabanis ni mul'ata. Gareen bijaamaa loltoonni gaafa dhufan utaalani ka'u; takka takka immoo ni kufu. Olka'uu dhiisanii namootaan baatamanii kan deemanis jiru.

Waa'ee namoota sanaa amma yoonaa yaaduu dhiisuun isaa isa dinqe. Kan nama dhibu loltoonni yeroo hedduu achi deemanis, abbaan darbee darbee deemus isaaniin manatti fidee afeeree kan beeku hin jiru.

Takka takka loltoonni irbaataaf ni turu. Loltoonni gaafa jiran dhugaatii hadhaa'aan ni dhiyaata. Greetalii fi Bruunoon nyaatanii akka fixaniin gara kutaa isaanii akka deeman ajajamu. Sagaleen guddaa fi sirbi jibbisiisaan ni dhaga'ama. Bruunoon akka hubatetti abbaa fi harmeen loltootaa wajjin dabarsuu ni jaallatu. Namoota bijaamaa sassararamaa uffatan garuu takkaa afeeranii hin beekani.

Bruunoon gadi ba'ee karaa foddada kutaa isaa ol ilaale. Lafatti dhiyoo dha. Utuu ibiddi qabatee achirraa utaaluu dirqama natti ta'ee badaa waanan miidhamu natti hin fakkaatu jedhee yaade.

Dallaan isaanii inni ol-dheeraan duukkana keessattiyyuu ni ifa. Abuuruu waan fedheef kun isaaf gaarii ta'e. Heer Liiz seenaa yeroo barsiisuun waan bayeessa tokko itti himeera. Jireenya namoota akka Kristoofar Kolombasii fi Ameerigoo Vespuuchii seenesseeraafi. Bruunoonis akka isaanii ta'uu caalaatti barbaade.

Barcuma ala taa'ee jiru daawwachuuf murteesse. Ji'oota baayyeef fageenyarraa gadi ilaalus iti siqee sakatta'ee hin beeku. Namni isa ilaalaa akka hin jirre mirkaneeffatee ariitiidhaan barcumichatti adeeme. Sibiilli barreeffama wayii ofirraa qabu itti maxxanee jira.

Barreeffamicha sagalee gadi qabee dubbise.

“Yeroo sirna baniinsa...” jedhee takka aggaame. “Awut-wiiz” jedhee itti fufe akka amala isaa maqichatti rakkachaa. “Waxabajji, kudha sagal afurtama.”

Sibiilicharra harka isaa gaafa kaa'u itti diilallaa'e. Dafee harka isaa irraa kaasee deeme. Seerota abbaa fi harmeen si'a baayyee irra deddeebi'anii itti himan yaadachuu hin barbaanne: gara kanatti deemuun hin danda'amu; dallaa yookin kaampichatti dhiyaachuun hin danda'amu; Awut-wiizitti abuurraan dhorkaa dha.

Yoomiyyuu taanaan.

Boqonnaa 10

Gurbicha

Deemsi isa inni sila yaadee ture dachaa torba itti fagaate. Fagaatee deemee deemee booda manni isaanii dhokochaa dhuftee tasuma mul'achuu dhiiste. Dallichatti naanna'aa oolus nama tokkollee hin argine. Balballi homaa hin mul'atu; ofumaan dhama'e fakkaata jedhee yaade. Dalichi caalaatti itti dheerate; tasa deemamee kan dhumu hin fakkaatu.

Gara sa'atii tokkoof erga deemee beelli isa qabe. Har'aaf na haa ga'u jedhee isumaa murteessuuf jedhuu tuqaa wayii arge. Maal akka inni ta'e adda baafachuuf ija isaa dhiphise. Kitaaba dur dubbise tokko yaadate: namicha tokkotu gammoojjiitti karaan harkaa bade jennaan bada. Guyyaa baayyeef nyaatas ta'e bishaan waan hin arganneef manneen nyaataa miidhagoo fi bishaan burqituu abjoochuutti ka'e; Nyaachuu yookin dhuguuf yeroo ka'u cirracha malee homtuu hin jiru. Anis akka isaan ta'ee laata jedhee yaade.

Utuuma deemuu garuu tuqaan sun guddachaa dhufe. Itti dhiyaachaa gaafa deemu tuqaa kan fakkaatu sun nama ta'uu bare.

Gurbaa tokko dha.

Bruunoon waa'ee abuurtotaa kitaaba hedduu waan dubbiseef waan argatan akka hin beekne beeka. Takka takka waan akka Ameerikaa dhimma isaa taa'ee jiru argatu. Takka takka waan itti bu'uun hin barbaachisne, fakkeenyaaf hantuuta saanduqa keessa dhokotee jiru, argu.

Gurbichi akka Ameerikaa taa'ee jireenya mataasaa kan jiraatu dha.

Bruunoon suuta jedhee itti deeme. Dallaan gargar isaan baasus of-eeggannoo gochuu yaale. Nama hin beekne callisanii itti siquun hin malu.

“Fayyaa dhaa?” jedhe Bruunoon.

Gurbichi “fayyaa” jedhee deebise.

Gurbichi qaamaan Bruunoo gadi. Mataa buusee taa'ee jira. Bijaamaa sassararamaa namoonni dalicha keessaa uffatan koofiyyaa wajjin uffatee jira. Kophees kaalsiis kin kaa'anne; miilli isaa dhoqqaa'aa dha.

Irree isaarratti mallattoo urjii hidhatee jira.



Bruunoon gaafa jalqaba isa argu gurbichi miilla isaa wal-qaxxaamursee lafa lafa ilaalaa ture. Amma garuu ol-jedhee ilaallaan Bruunoon fuula isaa arge. Fuulli isaas adda dha. Daalacha'aa dha. Iji isaa gurguddaa, gurraachaa fi adiidha; kutaan inni adiin cabbii caalaa addaata. Ija isaarraa gaddatu mul'ata.

Bruunoon nama akkas huqqataa yookin gaddaa argee hin beeku. Faana haasa'uuf murteesse.

“Abuurraa irran ture,” jedhee dubbate.

Gurbichi “akkasii?” jedhee deebise.

“Eeyyee, gara sa'atii lamaaf.”

Wanti inni dubbate guutummaatti dhugaa miti. Gara sa'atii tokkoo oliif abuurus xiqqoo itti dabaluun hin badu jedhee yaadeetu. Xiqqoo itti dabalani dubbachuun soba miti; caalaatti nama adveencharii jaallatu fakkaachuu immoo ni barbaada.

Gurbichi “waa hin argineeree?” jedhee gaafate.

“Badaa miti.”

“Hoomaa hin arginee?”

Takka yaadee “kunoo siin si argeera” jedhee deebise.

Callisee isa ilaale. Maaltu akkas akka isa gaddisiise gaafachuuf ka'ee sirrii hin ta'u jedhee dhiise. Takka takka namoonni yeroo gaddan waa'ee isaa haasa'uu akka hin feene beeka; takka takka immoo ofii isaanii waan isaan gaddisiise namatti himu. Ammaaf callisuu wayya jedhee murteesse. Abuurraan isaa waan tokko argeera; yeroo jalqabaaf namoota dallaa keessaa wajjin waan wal-argeef carraa kanatti fayadamuu barbaade.

Akka gurbichaatti miilla wal-jala qaxxaamursee taa'e. Utuu chokoleetii yookin keekii fidee dhufeera ta'ee hawwe; silaa nyaachaa taa'anii haasa'u turan.

"Mana gama sanaa keessan jiraadha" jedhe Bruunoon.

"Akkasii? Manicha kana dura fagoorraa argee beeka. Siin garuu si argee hin beeku."

"Kutaan koo gamoo tokkoffaarra dha; Dallaa keessan kutaa koo keessaa karaa foddoo nan arga. Bruunoon jedhama."

"Animmoo Shmuulin jedhama."

Bruunoon galuufii dide. "Eenyu jettee?"

"Shmuul. Kan kee eenyu turee?"

"Bruunoo."

"Maqaa akkasii takkaa dhaga'ee hin beeku."

"Anis maqaa akkanaa dhaga'ee hin beeku. Shmuul. Dubbachuuf ni mijata."

"Bruunoo," jedhe Shmuul gammaddee mataa raasee. "Anis maqaa kee jaalladheera."

"Kanaan dura nama Shmuul jedhamu argee hin beeku."

"Nu bira Shmuul baayyeetu jira. Dhibbayyuu ni ta'u. Utuun maqaa qofaa koo qabaadhee natti tola ture."

"Nama Bruunoo jedhamu kan biraa argee hin beeku," jedhe Bruunoon. "Maqichi kan koo qofa ta'uu hin oolu."

"Carraa gaarii qabda."

"Eeyyee. Umriin kee waggaa meeqa dha?"

Shmuul quba isaa lakkaa'e. "Waggaa sagal. Kanan dhaladhe Caamsaa torba, bara kudha sagal soddonii afur dha."

Bruunoon ni na'e. "Maal jettee?"

"Guyyaan dhalootaa koo caamsaa torba, bara kudha sagal soddonii afurin jedhe."

Bruunoon naasuudhaan afaan bane. “Ani kana hin amanu.”

“Maalif?”

“Si hin amanu jechuu koo miti. Baayyee na dinqeetu. Anis Caamsaa turban dhaladhe; kudha sagal soddonii afur. Guyyaa tokko dhalanne jechuu dha.”

Shmuul takka yaade. “Atis waggaa sagal jechuudhaa?”

“Eeyyee. Nama hin dhibuu?”

“Baayyee malee. Shmuul baayyeen jiraachuu danda’u. Nama guyyaan dhalootaa isaa anaa wajjin tokko ta’e garuu argee hin beeku.”

“Akka lakkuudha jechuudha anaafi ati.”

“Waanuma akkasiiti.”

Bruunoon ni gammade. Hiriyoota isaa Kaarl, Daani’elii fi Maartiniin yaadate. Isaan malee Awut-wiizitti akkam kophummaan akka isa rakkise yaadate.”

“Hiriyoota qabdaa?” jedhee gaafate.

“Eeyyee, qaba jechuu nan danda’a.”

Bruunoon utuu inni lakki jedhee caalaatti jaallata ture. Silaa waan wal isaan fakkeessu kan biraa ta’a ture. “Hiriyoota baayyee walitti siqxandhaa?”

“Baayyee walitti hin siqnu. Dallaa keenya keessa ijoollee hedduutu jira. Ta’us yeroo baayyee wal-lolla. Kanan as dhufe qofaa ta’uu barbaadeeni.”

“Sirrii miti,” jedhe Bruunoon. “Miidhameera. Ani asii ijoolleen faana haasa’u dhabeen rakkadha mitii? Ati garuu hiriyoota kee wajjin akka barbaadde burraaqaa oolta. Abbaa haasofsiisuun qaba.”

Shmuul “Eessaa dhufte?” jedhee isa gaafate.

“Barliin.”

“Eessa inni immoo?”

“Jarmani kaa. Ati Jarmanii mitii kan dhufte?”

“Lakki. Biyyi koo Poolaand dha.”

Bruunoon “maalif afaan Jarman haasoftaree?” jedhee gaafate.

“Afaan Jarmaniin nagaan waan na gaafatteef kaa. Afaan Poolaand hin beektu mitiiree?”

“Lakki” jedhe Bruunoon akka saalfachuu ta’ee seeqaa. “Nama afaan lama dubbachuu danda’u argee hin beeku. Keessumaammoo ijoollee umrii keenyaa keessaa.”

“Harmeen koo barsiistuu afaan Jarman dha. Freench, Itaalii fi Ingiliffas ni dubbatti. Qaxalee dha. Ani Freenchis ta’e Itaalii dubbachuu hin danda’u. Ingiliffi garuu gara fuulduraatti waan barbaachisuuf sin barsiisa naan jettee turte.”

“Poolaand akka Jarman cimtuu miti mitii?”

Shmuul fuula isaa duukkaneesse. “Maalif?”

“Jarman hunda waan caaltuufi kaa,” jedhe haasaa abbaa fi akaakaa isaa yaadachaa. “Biyya hunda caalla.”

Shmuul homaa hin dubbanne; callisee isa ilaale. Bruunoon wanti inni dubbate Shmuuliin akka hin mufachiisne yaadda’ee dafee haasaa jijjiiruu fedhe.

Takka callisee turee “Poolaand eessatti argamti?” jedhee gaafate.

“Awurooppaa keessa.”

Bruunoon biyyoota Heer Liiz ji’oograafii keessatti isa barsiise maqaa isaanii yaadachuu yaale. “Deenmaarkiin beektaa?” jedhee gaafate.

“Lakki.”

“Poolaand Deenmaark keessatti waan argamtu natti fakkaata.” Beekaa fakkaachuu yaalus caalaatti bitaa itti gale. “Fagoo waan ta’eef.”

Shmuul si’a lama dubbachuuf afaan saaqqatee ka’ee deebi’ee dhiise. Takka turee “Biyyi kun Poolaandiim” jedhe.

“Dhugaa?”

“Eeyyee. Deenmaark Poolaand irraas Jarmanirraas fagoodha.”

Bruunoon fuula isaa duukkaneesse. Biyyoota baayyee dhaga’us waa’ee isaanii adda baasuun akka itti cimetti jira. “Fageenyi garuu bakkaa bakkatti garaa gara

mitiiree?” jedhe. “Guddaa akka dogoggore waan bareef utuu dafanii haasaa biraatti darbanii hawwe. Kana booda ji’oograafii sirriitti barachuuf murteesse.”

Shmuul “ani takkaa Barliiniin deemee hin beeku” jedhe.

“Anis kana dura Poolaandiin dhufee hin beekun ture. Dhuguma biyyi kun Poolaand yoo ta’e jechuu dha.”

“Sirriittin beeka. Naannoon kun garuu gaarii miti.”

“Mitii?”

“Lafan dhufe harka meeqa wayya.”

“Bakki kun akka Barliin namatti hin tolu. Manni keenya inni Barliin gamoo shan qaba ture. Karaa irras kaaffee fi suuqii babbareedaa meeqatu jira ture. Achi yoo deemte sanbat-duraa karaarra hin deddeemin. Baayyinni namaa gar-malee baayyee dha. Amma caalaa dur gaarii ture.”

“Akkam?”

“Dur callisaa ture. Galgala galgala akka garaa koo ciiseen kitaaba dubbisan ture. Amma garuu jeequmsatu baayyata. Waan nama sodaachisuuf galgala ibsaa dhaamsinee teenya.”

Shmuul “bakki ani dhufe Barliinirra gaariidha” jedhe Barliiniin deemee arguu baatus. “Hunduu wal-jaallata; maatiin Keenya bal’aadha; nyaanni isaas harka meeqa gaariidha.”

Bruunoon hiriya isaa amma wajjin wal-baree wajjin wal-falmuu hin barbaanne. “Atis akka barbaaddetti amani; anis akkasuman godha” jedhe.

“Tole.”

“Abuurraa ni jaallattaa?”

Shmuul “takkaa abuuree hin beeku” jedhee deebise.

“Gaafan guddadhu abuuraan ta’a. Amma waa’ee abuurtotaa dubbisuu malee waan biraa gochuu hin danda’u. Gaarummaan isaa ani gaafan abuura ta’u dogoggora isaan hojjetan hin hojjedhu.”

“Dogoggora akkamii?”

“Baayyee dha,” jedhe Bruunoon. “Gaafa abuurto wanti ati argitu barbaachisaa ta’uu madaaluu qabda. Takka takka waan akka Ameerikaa dhimma isaa taa’ee jiru argatu. Takka takka waan itti bu’uun hin barbaachisne, fakkeenyaaf hantuuta saanduqa keessa dhokotee jiru, argu.”

“Ani warra jalqabaa keessan jira natti fakkaata.”

“Sirrii dha. Waa si gaafachuu nan danda’aa?”

“Eeyyee.”

Bruunoon takka yaade. Sirriitti gaafachuu barbaade.

“Dallaa keessan keessa namni maalif baayyata? Maal hojjettu?”

Boqonnaa 11

Fuurii

Ji'oota muraasa dura, utuu abbaan Bruunoo yuunifoormii koomaandarii hin fudhatin dura Bruunoon gaaf tokko abbaan isaa gammachuu guddaa keessa galee argeenii ture. Abbaan isaa akkas gammadee arguun Bruunoof isa duraa ture. Abbaan Bruunoo gorduuba yeroo seenu harmee, Bruunoo fi Greetal taa'anii kitaaba dubbisaa turani.

“Kamisa galgala,” jedhee haasaa isaa eegale. “Kamisa waan karoofanne yoo qabaanne jijjiiruu qabna.”

“Ati yoo barbaadde dhiisuu ni dandeessa” jette harmeen. “Ani garuu tiyaatira daawwachuuf-“

“Fuuriin waan naa wajjin mari'atu qaba” jedhe abbaan haasaa harmee addaan kutee. Haasaa ishee addaan kutuun kan eyyamamu isaaf qofa. “Sila waaree booda naa bilbilee ture. Yeroon isaaf mijatu kamisa qofa waan ta'eef kamisa irbaataaf mana akka dhufu natti hime.

Harmeen naasuudhaan afaan bantee hafte. Bruunoon 'anis yeroo waa na dinqisiisu kanan fakkaadhaa laata?' jedhee of gaafate.

“Dhugumaa kun?” jette harmeen fuulli ishee ilkaan duwwaa ta'ee. “Dhuguma dhufuufii? As mana keenya!?”

Abbaan 'eeyyee' jedhee mataa raase. “Galgala sa'atii tokkotti dhufa. Irbaata addaa qopheessuu qabna.”

Harmeen waan hojjetamuu qabu yaaduutti kaate.

Bruunoon “Fuuriin eenyu dha” jedhee gaafate.

“Sirriitti jechaa hin jirtu” jedhe abbaan. Sirreessee waamee itti agarsiise.

Bruunoon ammas irra deebi'ee “fuurii” jedhe.

“Miti” jedhe abbaan. “Fuurii. Dhiisi egaa.”

Bruunoon “Eenyu inni garuu?” jedhee gaafate.

Abbaan dinqifatee Bruunoo ilaale. “Fuuriin eenyu akka ta’emmaa beekta.”

Bruunoon “hin beeku” jedhee deebise.

“Hogganaa biyya kanaati kaa, doofaa wayii!” jette Greetal Bruunootti of jajaa.

“Gaazexaa dubbistee hin beektuu?”

Harmeen “Obboleessa keen doofaa hin jedhin” jettee itti dheekkamte.

“Raata’aa hoo jechuunii nan danda’aa?”

“Lakki, hin dandeessu.”

Greetal aartee gadi teesse. Bruunootti arraba baasuu garuu hin daganne.

“Harmeen “qofaa isaa dhufaa?” jettee abbaa gaafatte.

“Gaafachuuniin irraanfadhe. Ishee dhiisee garuu waan dhufu natti hin fakkaatu.”

“Gudii dha” jette harmeen ol kaatee. Kamisni iftaan waan ta’eef maal maal akka hojjetamu yaaduutti qabamte. Manni sirriitti qulqulleeffamuu qaba; saaniin nyaanni itti nyaatamu hundi hamma calaqqisutti qulqulleeffamuu qaba.

Waan hojjetamu baayyee ta’us harmeen hunda isaa yeroodhaan xumurte. Nama na gargaarun dhabe jettee gumgumtus waan hojjetamuu hunda hojjetteetti.

Naannoo sa’atii kudha lamaatti Greetalii fi Bruunoon biiroo abbaa isaaniitti waamamani. Greetal gurdii adii kaalsii ol dheeraa wajjin uffatteetti. Rifeensi mataa ishee bakka tokotti qabsiifameera. Bruunoon qumxaa gurraacha shamizii adii fi kiraavaatii wajiin uffateera. Kophee baayyee jaallatu kan qophii addaaf qofa kaa’tu kaa’atee jira. Kopheen isaa waan itti dhiphateef miilla isaa qabee deemsa isa dhowwus gammadaa isaatu jira. Hamma kana qoqophaa’uun isaanii garuu isa dinge. Bruunoo fi Greetaliif irbaanni dursamee waan kennameef keessummootaa wajjin hin nyaatani.

“Ijoollee!” jedhe abbaan deeskii isaa duuba taa’ee isaan ilaalaa. “Galgalli har’aa adda akka ta’e ni beektu miti?”

“Eeyyee” jechuun mataa raasani.

“Qophiin har’aa hojii koof baayyee murteessaa akka ta’e ni beektu mitii?”

Ammas mataa raasanii deebisani.

“Egaa seeronni kabajamuu qaban baayyeetu jiru.” Abbaan seeratti guddaa amana. Yeroo akkasii immoo seera baayyeetu dabalama.

“Tokkoffaa: Fuuriin yeroo dhufu callistanii dhaabattanii hamma inni isin dubbisutti eegdu. Hamma inni isinitti dubbatutti homaa hin dubbattani. Gaafa inni isin gaafatu immoo sagalee ol kaastanii deebisuufii qabdu. Isinii galee?”

Bruunoon sagalee isaa gadi qabee “Eeyyee; abbaa” jedhee deebise.

“Hasaasa akkasii hin barbaadun jedhe” jedhe abbaan. “Sagalee keessan ol kaastanii akka nama guddaatti dubbachuu qabdu. Akka ijoollee hin ta’inaa. Fuuriin callisee isin bira darbinaan homaa hin jettaniini. Ol jettanii ilaaluuniin garuu dirqama. Goota akkasiif kabaja akkanaatu kennamuufii mala.”

Greeta sagalee ishee ol kaastee “tole, abbaa” jettee deebiste.

“Anaa fi harmeen keessan fuurii wajjin irbaata yeroo nyaannu callistanii kutaa keessan keessa teessu. Asii fi achi fiiguun, mucucuu taphachuun hin danda’amu. Gara Bruunoo ilaalaa “haasaa keenya gidduu seenuunis hin danda’amu” jedhee dabale. “Isinii galee? Lachan keessanuu akka hin jeeqne.”

Bruunoo fi Greeta tole jedhanii walii galani; abbaan ol ka’ee akka xumurame ibse.

“Seerichi kanuma” jedhe.

Daqiiqaa afurtamii shan booda balballi manaa rukutamnaan hunduu hawwiidhaan eege. Bruunoo fi Greeta wal bira dhaabatani. Harmeen isaan bira dhaabattee hawwiidhaan harka ishee walitti rirriitti. Abbaan takkaa isaan mil’atee gammade. Balbala bane.

Balbala dura dhaabatee kan jiru nama lama: namicha gabaabaa tokkoo fi dubartii dheertuu hojjaa isa caaltu.

Abbaan dubbiseenii akka ol seenan isaan afeere. Maariyaan har’a immoo caalaatti mataa gadi qabattee kootii isaanii harkaa fuute. Wal-dubbisuu eegalani. Hunda dura keessumoonni kan dubbisan harmee dha. Bruunoon hammasitti isaan madaaluu jalqabe.

Fuuriin hojjaadhaan abbaa gadi; jabinaanis isaa gadi waan ta’u fakkaata. Rifeensi mataa isaa gurraacha dha; areedni isaa baayyee xiqqoo dha. Bruunoon ‘areedni xiqqoon akkasii maal gootiif? Moo gaafa haaddatu irraanfateetu laata?’ jedhee

yaade. Dubartiin isa faana dhufte garuu bareedinaan tokkoffaa dha. Rifeensi mataa ishee keelloo, hidhiin ishee baayyee diimaa dha. Fuuriin harmee wajjin yeroo haasa’u dubartittiin immoo Bruunoo ilaaltee seeqxe; Bruunoon akka saalfachuu ta’e.

“Fuurii, kun ijoollee kooti” jedhe abbaan. “Greetalii fi Bruunoo jedhamu.”

“Kamtu kami?” jedhe Fuuriin. Yeroo inni kana jedhu Bruunoo irraa kan hafe hunduu wal-gahanii kolfani. Bruunoon adda baasuuf salphaa waan ta’eef waan nama kolfisiisu hin qabu jedhee yaade. Fuuriin harka qabee isaan dubbise. Greetal qoomma’uuf yeroo yaaltu akka kufuu taanaan Bruunoon gammade.

“Ijoollee akkam babbareedduu qabdu!” jette dubartiin mataa keelloo sun.

“Umriin isaanii waggaa meeqa?”

“Ani umriin koo kudha lama; inni garuu reefuu waggaa sagali” jette Greetal obboleessa ishee tuffiidhaan ilaalaa. “Freenchii dubbachuus nan danda’a” jette itti dabaltee. Freenchii nan danda’a jechuun ishee guutummaatti dhugaa miti; jechoota muraasa kan mana barumsaatti baratte malee kan biraa hin beektu.

Fuuriin “Freenchii baruun maal sii godha?” jedhee ishee gaafate. Namni kolfeef tokkollee hin jiru; hunduu callisuu filate. Greetal deebii kennuuf moo dhiisu kan jedhu gaaffii itti taanaan ija facaaste.

Fuuriin utuu deebii ishee hin eegin gara kutaa nyaataatti qajeele. Bruunoon keessummaa addaggee akka kanaa argee hin beeku jedhee yaade. Fuuriin xarapheezzaa mataa dura, isayyuu barcuma abbaa irra taa’e. Harmee fi abbaan isa duuba ol seenani. Harmeen Laars shoorbaa akka ho’isu ajajje.

Dubartittii bareedduun “anis afaan French dubbachuu nan danda’a,” jette ijoolleetti garagaltee. Isheen akka abbaa fi harmee Fuurii waan sodaattu hin fakkaatu. “French afaan bareedaa dha. Isa barachuun bayeessa.”

Fuuriin kutaa nyaataa keessaa “Eevaa!” jedhee iyyee ishee waame. Akka waan isheen saree isaa taatee quba itti raase. Isheenis dalga isa ilaaltee kaatee deebitee achi garagalte.

“Bruunoo, kopheen kee ni bareeda; garuu waan si qabu fakkaata” jette itti seeqaa. “Si qabnaan harmee keetti himi; kanaa achi si miidha.”

Bruunoon “sirrii dha; xiqqoo na qaba” jedhee amane.

Greetal Bruunoon akkas yeroo dubartittii argachuutti hinaaftee “rifeensa mataa koo yeroo kaan akkasitti hin qabsiifadhu” jette.

Dubartittiin “maalif?” jettee gaafatte. “Akkasitti baayyee bareedaam.”

Fuuriin ammas “Eevaa!” jedhee iyyinaan dubartittiin deemuuf kaate.

“Nagaan turaa,” jettee kutaa nyaataa seentee Fuurii bira teesse. Greetal ol baatus Bruunoon achuma dhaabatee callisee dubartittii ilaalaa ture; isheenis argiteenii harka itti raaste. Abbaan dhufee balbala yeroo cufu nyaaraan Bruunootti dubbate; kutaa isaatti deebi’uu akka qabu Bruunoof gale.

Fuurii fi Eevaan gara sa’atii lamaa turanii deemani. Greetalii fi Bruunoon nagaa itti dhaamuuf illee carraa hin arganne. Bruunoon yeroo isaan deemuuf jedhan karaa foddaa ilaalaa ture. Konkolaataan isaanii konkolaachisaa mataa isaa qabaachuun isa dinqisiise. Konkolaataa yeroo seenan Fuuriin dubartittiif balbala hin banne; callisee konkolaataa seenee gaazexaa dubbisuu jalqabe. Dubartittiin garuu irra deebitee harmee fi abbaatti nagaa dhaamtee afeerraa isaaniif galateeffatte.

Bruunoon “namichi kun akkam gadhee dha!” jedhee yaade.

Galgala sana harmee fi abbaan yeroo mari’atan Bruunoon dhaga’eera. Sagaleen isaanii guutummaatti itti dhaga’amuu baatus waan tokko tokko gurra isa buuteetti.

“Barliiniin dhiisnee deemuu... Isayyuu bakka kanaaf?” jette harmeen.

Abbaan immoo “... Filannoo hin qabnu. Itti fufuuf filannoon jiru kana qofa...” jedhe.

Harmeenis “... Sirrii miti kun. Gonkumaa sirrii miti” jettee deebiste.

“... Kanaa achi dirqamaan na geessanii akka...” jedhe abbaan.

Harmeen “bakka akkanaatti akka isaan guddatan...” jette.

Abbaan deebisee “... murtii isa dhumaati. Kana caalaa waa’ee kanaa irratti haasa’uu hin barbaadu...” jedhe.

Kanumaan harmeen biiroo abbaa keessaa gadi baate; Bruunoos hirribni fudhateenii deeme.

Guyyoota muraasa booda Bruunoon yeroo mana barumsaadhaa galu Maariyaan uffata isaa utuu isheen shaanxaatti naqxuu arge. Mi'a isaa kan inni eenyu iyyuu akka itti jalaa hin buune barbaadus saanduqatti naqxeetti. Seenichis kanaan jalqabe.

Boqonnaa 12

Shmuul Gaaffii Bruunoo Deebisuu Yaala

Shmuul “waanana beeku qana qofa” jedhee seenessuu jalqabe. “Utuu bakka kana hin dhufin dura ana, harmee koo, abbaa koo fi obboleessa koo taanee mana xiqqoo tokko keessa jiraanna turre. Manicha gajjallaa suuqii abbaatu ture. Yeroo hunda ciree kan nyaannu ganama sa’atii tokkotti ture. Yeroo nuti mana barumsaa oollu abbaan immoo sa’atii namoonni fidan hojjechaa oola; haaraas ni uuma ture. Sa’atii bareedduu inni naa keenne amma hin jirtu malee qaban ture. Takkaa sa’atii dogoggoraa hin himtu ture.


Bruunoon “sa’aatichi amma maal ta’e?” jedhee gaafate.

“Na harkaa fudhatani.”

“Eenyu”

“Loltoota kaa,” jedhe Shmuul.

“Guyyaa tokkotti waan hundi jijjiirame” jedhee seenessuu itti fufe. “Yeroon mana barumsaadhaa galu harmeen carqii harkatti hidhamu hojjettee nu eegde. Fakkii urjiitu irratti kaafamee jira. Kan akka kanaa.” Qubaan mallatticha lafarratti kaase.



“Yeroo manaa baanu hunda harkatti godhannee ba’uu akka qabnu nutti himte.”

“Abbaan koos mallattoo akkasii qaba,” jedhe Bruunoon. “Yuunifoormii isaarra jira. Baayyee bareeda. Bifti isaa diimaa yeroo ta’u gurraachaa fi adiidhaan kan faayame dha.” Quba isaadhaan lafarratti fakkii isaa kaase.



“Eeyyee, garuu adda adda mitiiree?” jedhe Shmuul.

“Waan akkasii naa laatamee hin beeku,” jedhe Bruunoon. “Utuun qabaadhee natti tola ture. Kan kee fi kan abbaa koo keessaa isa kam akka naa wayyu garuu hin beeku.”

Shmuul mataa raasee seenaa isaa itti fufe. Jireenya isaa isa durii yeroo yaadu waan gadduuf waan xiqqoo akkasii yeroo itti yaadatu hin qabu.

“Carqicha yeroo murtaa’eef hidhannee turre. Sana booda waan hundi ni jijjiirame. Gaaf tokko yeroo manatti gallu harmeen kana booda mana kana keessa jiraachuu hin dandeenyu jette-“

Bruunoon “anis akkasii ta’e!” jedhee iyye. Kan miidhaan akkasii irra ga’e isa qofa ta’uu dhiisuun isaa isa gammachiise. “Gaaf tokko Fuuriin irbaataaf mana keenya dhufe. Utuu hin bubbulin as dhufne. Biyya kana baayyeen jibba,” jedhe sagalee guddaadhaan. “Mana keessanis isatu dhufee akkas godhee?”

“Lakki, booda bakka biraa deemuu akka qabnu nutti himame. Lafti nuti deemne keenyan guddaa loltootaan ijaarame keessa dha. Ana, abbaa koo, harmee koo fi obboleessa koo taanee kutaa tokko keessa jiraachuutti kaane.”

“Hundi keessan moo? Kutaa tokkittii keessa nama hamma kana taatanii?”

“Nu qofa miti,” jedhe Shmuul. “Maatii kan biraanis nu faana jiraachaa turan. Abbaa fi haati isaanii yeroo hunda wal-lolu. Ilmi isaanii waan na caaluuf utuun homaa hin balleessin lafaa ka’ee na rukuta ture.”

“Hundi keessan kutaa tokko keessa hin jiraanne” jedhe Bruunoon mataa raasaa. Tasa liqimfamuufii hin dandeenye. “Namni hammi kun kutaa tokko keessa jiraachuu hin danda’u.”

“Hunda keenya,” jedhe Shmuul mataa raasaa. “Nama kudha tokko turre.”

Bruunoon falmuuf afaan saaqqatee ka'ee deebi'ee dhiise. Namni hammi kun kutaa tokko keessa jiraachuun gonkumaa isa amansiisuu hin dandeenye.

Shmuul “achi ji'oota muraasaaf jiraanne,” jedhee itti fufe. “Manichi foddaa xiqqoo tokko qabaatus kan mul'atu keenyan baayyee na jibbisiisu waan ta'eef hin ilaalun ture. Mandarichi immoo jeequmsaan kan guutame waan ta'eef hirribni nama hin qabu. Luukaanis baayyee na jibbisiisa; utuun homaa hin balleessin lafaa ka'ee na rukuta ture.”

“Anaanis Greetal takka takka na rukutti,” jedhe Bruunoon. “Booda gaafan guddadhu garuu hin dhiisuuni.”

Shmuul “gaaf tokko loltoonni konkolaataa gurguddaa fidanii dhufani,” jedhee itti fufe. Waa'ee Greetal dhaga'uu irraa dhimma hin qabaanne. “Namni hunduu mana isaa gadhiisee akka deemu ajajani. Baayyeen isaanii deemuu waan hin barbaanneef dhokotanis dhumarratti argamuun isaanii hin oolle.

Konkolaataadhaan gara baaburaa nu geessani. Baaburichi...” Hidhii isaa ciniinnatee imimmaan ija isaatti dhufe deebisuuf yaale. Maaltu isa boossisa kan jedhu Bruunootti gaaffii itti ta'e.

“Baaburichi gadhee dha. Baayyinni namaa gar-malee waan tureef hafuura baafachuuf illee nama rakkisa. Baayyee ajaa'as.”

“Baabura tokkotti waan baayyattaniifi kaa,” jedhe Bruunoon, baabura lachan gaafa Barliinii dhufan turan yaadachaa. “Gaafa as dhufne baaburri kan biraan dhaabatee ture; namni yaadaan qabe garuu waan jiru miti. Nuti baaburichaan dhufne; isinis isa yaabbachuutu isinirra ture.”

“Waan nuuf eyyamamu natti hin fakkaatu,” jedhe Shmuul mataa raasee.

“Baaburicha keessaa ba'uu hin dandeenyu turre.”

Bruunoon “balballi isaa karaa moggaa dhumarra ture,” jedhee deebise.

“Balbala hin qabu.”

“Lakki, balbala qaba,” jedhe Bruunoon. “Dhumarra, karaa moggaa, lafa nyaanni jiru bira darbee.”

Shmuul ammas irra deebi'ee “balbala hin qabu,” jedhe. “Utuu qabaatee hundi keenya ni buuna turre.”

Bruunoon “balballi jira ture,” jedhee gungume. Sagalee isaa xiqqeessee waan dubbateef Shmuul hin dhageenyeeni.

Shmuul seenessuu itti fufe. “Baaburichi yeroo dhaabatu lafa baayyee qorraa turre. Achii kaasnee hamma asiitti miillaan dhufuuf dirqamne.”

“Nutu garuu konkolaataa qabna turre; isaan dhufne.”

“Harmee nurraa adda baasani. Ana, Yooseefii fi abbaa immoo godoo sanatti nu gashani. Kunoo egaa erga sanaa asuma jirra.”

Shmuul seenaa isaa yeroo dubbatu gaddaan guutameetu. Bruunoof maalif akka inni gaddu galuufii dide. Akka ilaalcha isaatti hammanatti waan nama gaddisiisu miti; anis akkasuman ta’e jedhee yaade.

Bruunoon “isin bira ijoollee baayyeetu jiraa?” jedhee gaafate.

“Dhibba meeqa caalu.”

Bruunoon naasuudhaan afaan bane. “Dhibba meeqaa!” jedhe dinqisiifatee. “Sirrii miti. Ani naman faana taphadhu dhabeen mukaa’a. Nama tokkollee-“

Shmuul “hin taphannu” jedhee deebise.

“Maalif?”

“Maal taphanna?”

“Hin beeku,” jedhe Bruunoon. “Waan baayyee taphachuutu danda’ama. Kubbaa miillaa, yookin immoo abuurraa. Isin bira abuurraaf akkami? Ni mijataa?”

Shmuul gaaffii Bruunoo deebisuu dhiisee mataa raase. Achi garagalee godoo isaanii mil’atee deebi’e. Gaaffii itti aanee gaafate gaafachuu barbaaduu baatus beelli garuu isa dirqisiise.

“Waan nyaatamu qabattee jirtaa?” jedhee gaafate.

“Lakki hin qabu,” jedhe Bruunoon. “Chokoleetii sii fideen dhufa jedheen ture; garuu nan irraanfadhhe.”

“Chokoleetii?” jedhe Shmuul arrabaan ilkaan isaa jiisaa. “Chokoleetii takkaa qofan nyaadhee beeka.”

“Takkaa qofaa? Chokoleetii baayyeen jaalladha. Tasa nyaadhee hin quufu; harmeen garuu ilkaan kee tortorsa naan jetti.”

“Daabboo hoo, qabatteettaa?”

Bruunoon mataa raasee “homaa hin qabanne” jedhee deebise. “Irbaanni sa’atii kudha lamaa fi walakkaatti nyaatama. Isin meeqatti nyaattu?”

Shmuul lafaa olka’ee “deebi’uu naa wayya” jedhe.

“Tarii gaaf tokko nuu wajjin irbaata nyaatta ta’a.”

Shmuul “tarii” jedhee deebise. Yaadichatti garaan isaa waan amane garuu hin fakkaatu.”

“Yookaan immoo ani isin bira dhufuus nan danda’a,” jedhe Bruunoon. “Gaaf tokko dhufeen hiriyoota kee wajjin wal-bara ta’a.” Shmuul ani nan dhufa akka jedhu abdiidhaan eegus inni garuu dhimma waan qabu fakkaachuu dide.

Shmuul “dallaan nu gidduu jiru sin dabarsu” jedheeni.

“Lo’ee jala darbuu nan danda’a,” jedhe Bruunoon shibicha ol-qabee. Salphaatti kan ol-qabamu waan ta’eef ijoollee akka Bruunoo kooree dabarsa.

Shmuul yeroo kana argu sodaachaa duubatti siqe. “Deebi’uun qaba” jedheeni.

“Guyyaa biraan dhufa yookin,” jedhe Bruunoon.

“As dhufuun koo sirrii miti. Na arganii jennaan naa dhume.”

Ofirra garagalee yeroo inni deemu Bruunoon hiriyaan isaa akkam huqqataa akka inni ta’e arge. Xinneenya ofiidhaan qeeqamuun hammam akka nama aarsu waan beekuuf homaa hin jenne. Shmuul tasa akka inni itti mufatu hin fedhu.

Bruunoon iyyee “bor deebi’een dhufa,” jedhee itti hime. Shmuul homaa utuu hin deebisiiniif achitti dhiiseenii deeme.

Bruunoon har’aaf na haa ga’u jedhee manatti deebi’e. Waan arge abbaa, harmee fi Greetalitti himuuf hawweera. Greetal hinaaffaadhaan akka gubattu beeka. Maariyaa, Kuukii fi Laars waa’ee hiriyaan isaa maqaa addaa qabuu fi guyyaan dhalootaa isaa kan mataa isaa wajjin tokko ta’e yeroo dhaga’an maal jedhu laata jechaa deeme. Manatti dhiyaachaa gaafa deemu garuu itti himuun gaarii hin ta’u jedhee yaadaa deeme.

Akkan isaa wajjin hiriya ta'u barbaaduu dhiisuu danda'u; akkas taanaan akkan bira hin deemne na dhowwuu danda'u jedhee yaade. Balbala bira yeroo ga'u yeroof eenyuttuu himuu dhiisuuf murteesse. Iccitii mataa isaa ta'ee yoo ture wayya. Kan isaa fi kan Shmuul.

Takka takka abbaa fi haadha, keessumaa immoo obboleettiitti wantoonni himamuun hin malle jiru.

Boqonnaa 13

Xaarmuzii Wayinii

Yeroon fagaachaa gaafa deemu Bruunoon kana booda Barliinitti akka hin deebine baraa dhufe. Mucucoo taphachuu, Kaarl, Daani'eelii fi Maartiiniin arguunis abdii akka hin qabne bare.

Booda keessa garuu Awut-wiizitti baraa waan dhufeeff jireenyi akka durii isa hin jibbisiisne. Yeroo hunda waaree booda barumsa yeroo xumuru dallicha bira deemee hiriya isaa Shmuulii wajjin haasa'aa oola. Akka durii Barliiniin yaaduus ni dhiise.

Gaaf tokko firijjii keessaa daabboo fi baaduu fuudhee kiisii isaa keessa yeroo inni kaa'u Maariyaan irra baate.

“Akkami?” jedhe Bruunoon akka irratti hin baramne tattaafachaa. “Na naasiste; yeroo ati ol galtu si hin argine.”

“Ammas nyaachuufimoo?” jette Maariyaan itti seeqaa. “Laaqana nyaatteetta mitii? Hin quufnemoo?”

“Takka deddeemeen dhufa. Karaarratti yoon beela'eef jedheeni.”

Maariyaan bishaan distiitti naqxee istooviirra keesse. Kaarotii fi dinnichi Paaveel booda dhufee soofu taa'ee jira. Bruunoon gaaffii gidduu kana isa qabee jiru yaadate. Kana dura nama gaafatu dhabee callisee ture; carraa kanatti fayyadamuu barbaade.

“Maariyaa, gaaffii wayii si gaafachuu nan danda'aa?”

Maariyaan as garagalte. “Eeyyee, ni dandeessa, Bruunoo.”

“Gaafficha akkan si gaafadhe eenyuttuu hin himtuu?”

“Tole. Maal na gaafachuu barbaadde?”

“Waa'ee Paaveel si gaafachuun barbaade. Beektaan mitii? Namicha isa dhufee dhufee kaarotiifaa soofee nuu dhiyeessu.”

“Eeyyee beekaani. Waa'ee isaa maal baruun barbaadde?”

“Ilaamee,” jedhe Bruunoon of-eeggachaa. “As dhufnee utuu badaa hin turin gaafan kufee miilli koo miidhamee ture ni yaadattaa?”

“Eeyyee, nan yaadadha. Miidhama isaatu sitti ka’e moo?”

“Lakki,” jedhe Bruunoon. “Gaafan kufe naannoo koo kan ture Paaveel qofa ture. Madaa koo miiccee, jibii itti godhee naa haguuge.”

“Maarree gaafa namni miidhamu akkasuma godhamaam?”

“Beeka. Kan na dhibe isa miti. Ani nyaata-qopheessaa miti naan jedhe.”

Maariyaan naatee takka calliste. Takka yaaddee as garagalte. “Hojiin koo maali siin jedheree?”

“Dooktariidha naan jedhe. Dhuguma dooktariidhamoo inni?”

“Lakki,” jette Maariyaan mataa raastee. “Dooktarii miti. Nyaata-qopheessaa dha.”

“Anis akkasuman yaade,” jedhe Bruunoon ofitti gammadaa. “Maalif na sobe garuu? Tasa naa galuu hin dandeenye.”

“Paaveel amma dooktarii miti,” jette Maariyaan sagalee ishee gadi qabdee. “Dur garuu dooktarii ture. Utuu as hin dhufin dura.”

Bruunoon takka itti yaaddee “naan galle’ jedhe.

“Nutis akkuma kee nuuf hin galu.”

“Dooktarii ture taanaan amma maalif dhiiseree?”

Maariyaan namni dhufaa akka hin jirre mirkaneeffachuuf deddeebitee ala ilaaltee teesse. Bruunoottis mallattoodhaan taa’i jettee itti agarsiiste.

“Paaveel waa’ee jireenya isaa isa inni natti hime yoon sitti hime iccitii gootee qabachuutu sirra jira. Dhaga’amee jennaan nuu dhume. Sii galee?”

“Eenyuttuu hin himu” jedhe Bruunoon. Iccitii dhaga’uu ni jaallata; hamma dirqama itti hin taanetti iccitii hin baasu.”

“Tole,” jette Maariyaan. “Kanan beeku kana.”

Bruunoon har’a lafa Shmuulii wajjin itti wal-argan guyyaafatee ga’e. Shmuul akkuma barama miilla isaa wal-jala qaxxaamursee taa’ee isa eege.

“Waanan guyyaafadheef dhiifama,” jedhe Bruunoon daabboo fi baaduu isarraa hafte shiboo gidduudhaan itti hiixachaa. “Maariyaa wajjin odeessaan ture.”

“Maariyaan eenyudha?” jedhe Shmuul nyaata isarraa utuu ol hin jedhin.

“Hojjettuu keenya dha. Cimtuu dha; abbaan garuu hamma kaffalamuufii maluu oltu kaffalamaaf jedha. Waa’ee nyaata-qopheessaa keenyaa natti himaa turte. Dallaa keessan keessa jiraata natti fakkaata.”

Shmuul nyaachuu dhiisee ol isa ilaale. “Dallaa keenya keessaa?”

“Eeyyee. Beektaanii? Jaarsa dha; jaakkeettii adii yeroo nyaata qopheessu uffatu qaba. Argiteenii beekta ta’a.”

“Lakki. Hin beekuunii.”

“Lakki, beektaan jedheen yaada,” jedhe Bruunoon Shmuulitti akka aaruu ta’aa. “Dheeraa miti. Mataan isaa harrii duwwaa dha.”

“As akkam akka baayyannu waan hubatte natti hin fakkaatu,” jedhe Shmuul. “Kuma meeqa taana.”

“Maqaan isaa Paaveeliim,” jedhe Bruunoon cimsee. “Daddarbattuurraa gaafan kufe isatu madaa koo naa haguuge. Waa’ee isaa sitti himuu kanan barbaade biyyi isaa Poolaand waan ta’eefi. Akkuma kee.”

“Dallaa kana keessa kan jirru baayyeen keenya Poolaandii dhufne. Biyyoota kan biraarraa kan dhufanis jiru. Cheeksloovaakiyaafaa-”

“Eeyyee. Biyya tokkoo waan dhuftaniifin beektaan ta’a jedhee yaade. Achitti dooktarrii ture; asitti garuu hin eyyamamuufi. Gaafan kufe madaa koo kan naa haguuge isa ta’uu isaa abbaan utuu dhaga’ee gudii ture.”

“Loltoonni namni akka inni fayyu hin barbaadan,” jedhe Shmuul daabboo isaa alanfachaa. “Itti hin tolu.”

Bruunoon galuufii baatus callisee mataa raasee samii ol ilaale. Takka yaadee gaaffii sammuu isaa keessa naanna’aa oole gaafate.

“Gaafa guddattu maal ta’uu akka barbaaddu beektaa?”

“Eeyyee,” jedhe Shmuul. “Agarsiisa bineensotaa keessa hojjechuun barbaada.”

“Agarsiisa bineensotaa?”

“Eeyyee. Bineensota baayyeen jaalladha.”

“Ani loltuun ta’a,” jedhe Shmuul cimsee. “Akka abbaa koo.”

“Shmuul “ani garuu tasa loluu a’uu hin fedhu” jedhe.

“Loltuu akka Luutanaant Kotlar jechuu koo miti,” jedhe Bruunoon dafee. “Loltuu callisee boonaa oolu kan obboleettii namaa wajjin odeessuu fi haadha namaa wajjin hususaa oolu miti. Inni loltuu gaarii miti. Ani kanan barbaadu loltuu akka abbaa koo ta’uu dha. Loltuu gaarii.”

“Loltuu gaariin hin jiru” jedhe Shmuul.

“Jira malee.”

“Fakkeenyaaf eenyufaa?”

“Fakkeenyaaf abbaa koo,” jedhe Bruunoon. “Loltuu gaarii waan inni ta’eefi kan inni yuunifoormii akkas miidhagaa qabu, hundumtuu koomaandarii jedhee kan waamuunii fi ajajamuuf. Fuuriin karoora guddaa isaaf qaba.”

Shmuul ammas irra deebi’ee “loltuu gaariin hin jiru” jedhe.

Bruunoonis irra deebi’ee “abbaa koorraa kan hafe,” jedhe. Shmuulii wajjin wal-loluu waan hin barbaanneef utuu inni kana caalaa hin dubbannee hawwe. Hiriyaan inni Awut-wiiz keessaa qabu isa qofa. Maaliyyuu yoo ta’e garuu abbaan isaa yeroo arrabsamu callisee hin dhaggeeffatu.

Lachuuyyuu akka waan waliin jechuun hin malle hin dubbanneef takka callisanii taa’ani.

Shmuul akka turee sagalee isaa xiqqeessee “bakki kun akkam akka ta’e hin beektu” jedhe.

Bruunoon deebisuufii waan hin barbaanneef akka nama hin dhageenyeetti darbe. “Obboleettii hin qabdu mitii?” jedhee gaafate.

“Hin qabu.”

“Gaarii dha,” jedhe Bruunoon. “Greetal waggaa kudha lama waan taateef waan hunda kan beektu itti fakkaata. Homaa waa’ee hin baaftu. Callistee karaa foddaa ishee qara ilaalaa oolti. Luutanaant Kotlariin fagootti gaafa argitu daftee gadi buutee akka nama sila achi turee godhatti. Dheengadda utuu isheen akkas

gootuun ishee arge. Gaafa inni ol seenu sobdee akka na'uu taatee 'sin argineem as turtee?' jette. Ani garuu ishee argeera. Eegaanii turte."

Bruunoon dubbatee akka afaanii fixeen fuulli Shmuul duukkanaa'uu arge.

"Maal taate?" jedhee gaafate. "Waan si dhukkube fakkaatta."

"Waa'ee isaa haasa'uu hin fedhu."

"Waa'ee eenyuu?"

"Luutanaant Kotlar. Na sodaachisa."

Bruunoon "anaanis xiqqoo na sodaachisa," jedhee amane. "Abbaa humnaati. Fooliin isaas namatti hin tolu. Shittoo baayyisa." Shmuul hollachuu jalqabnaan Bruunoon sii fi achi ilaale. "Maal inni?" jedhee gaafate. "Ni qorra moo? Jaakkeettii fiddee dhufuutu sirra ture. Galgala galgala ni qorra."

Galgala Luutanaant Kotlar dhufee mana isaaniitii isaanii wajjin irbaata nyaate. Paaveel akkuma barama jaakkeettii adii uffatee isaan keessumsiiise.

Bruunoon Paaveeliin yeroo ilaalu gammadaa akka inni hin taane fuula isaarraa hubate. Jaakkeettii adii inni dur bara dooktarummaa uffatu isa kanaa wajjin tokkoo laata jedhee yaade. Paaveel saanii itti nyaatan fidee nyaachuu gaafa isaan eegalan fajajee dhaabachuutti ka'e. Dhaabatee waan rafu fakkaata.

Eenyuyyuu gaafa waa barbaadu Paaveel dafee itti dhiyeessa. Bruunoon akka Paaveel haala gaariirra hin jirre hubateera. Qaamni isaa torbee gara torbeetti huqqachaa deemaa jira; maddiin isaa walitti ba'eera. Ija isaa imimmaan guuteera; takkaa libsannaan kan dhangala'u fakkaata.

Paaveel saanii baatee gaafa inni dhufu itti ulfaatee harki isaa akka hollatu Bruunoon argeera. Gaafa dhaabatus akka hin kufneef keenyanitti hirkatee dhaabata. Harmeen shoorbaa naa dabali yeroo jettu takkaatti ishee hin dhageenye. Burcuqqoo abbaattis wayinii dabaluu utuu hin yaadatin xaarmuziin wayinii tokko dhume.

"Heer Liiz walaloo yookin tapha nuu dubbisuu dideera," jedhe Bruunoon utuu nyaatanii. Keessummaan waan jiruuf sirriitti uffataniiru. Abbaan yuunifoormii isaa uffateera; harmeen qamisii magariisa ija ishee ifatti mul'isu uffatteetti; Bruunoo fi

Greetal immoo uffata dur gaafa Barliiniin turan uffatanii waldaa deeman uffataniiru.

“Sababii itti dhiiseef ni qabaata,” jedhe abbaan utuu nyaata afaanii hin fixin.

“Seenaa fi Ji’oograafii qofa akka barannu barbaada,” jedhe Bruunoon. “Seenaa fi Ji’oograafiin na jibbisiisaa dhufe amma.”

Harmeen “Bruunoo, nan jibba hin jedhin” jetteeni.

Abbaan shukkaa isaa lafa kaa’ee xiyyeeffatee Bruunoo ilaale. Bruunoon gateettii isaa darbata- amala badaa. “Seenaa maalif jibbita?” jedhee isa gaafate.

“Nuffisiisaa waan ta’eef.”

“Nuffisiisaa?” jedhe abbaan. “Ilma kootii seenaan nuffisiisaadha kan jedhu? Kana hin irraanfatin tasumaa,” jedhe haaduu isaa ol-qabee. “Asiin kan nu ga’e seenaa dha. Utuu seenaaf hin taanee silaa yoona biyya kana hin jirru. Barliiniin teenyee irbaata keenya nyaanna turre. As kan dhufne seenaa sirreessuufi.”

“Ammayyuu taanaan nuffisiisaa dha.”

“Luutanaant Kotlar, obboleessa kootti hin mufatin,” jette Greetal harka ishee irree isaarra keessee. Harmeen yeroo kana argitu ol jettee ishee ilaalte. “Mucaa xinnoo wallaalaa dha.”

“Ani wallaalaa miti,” jedhe Bruunoon dheekkamee. “Luutanaant Kotlar, obboleettii kootti hin mufatin, isheen homaa abdii kan hin qabne dha. Homaa gochuufii hin dandeenyu. Dooktaroonni akka jedhanitti wanti gochuun danda’amu hin jiru.”

“Callisi!” jette Greetal qaana’aa.

“Ati callisi.”

Harmeen “ijoollee, dhaabaa amma isa ammaa!” jettee dheekkamte.

Abbaan xarapheezzaa rukunnaan hunduu callise. Bruunoon gara isaa ilaale. Kan aare hin fakkaatu; kana caalaa garuu falmii dhaga’uu waan barbaadu hin fakkaatu.

Erga takka callisanii turanii booda Luutanaant Kotlar “gaafan ijoollee ture seenaa baayyeen jaalladhan ture,” jedhe. “Abbaan koo yuunivarsiitii keessatti barsiisaa afoolaa ta’us ani garuu saayinsii hawaasaan jaalladhan ture.”

“Kart, kana hin beekun ture,” jette harmeen. ‘Ammayyuu barsiisaadhaa?’

“Jedheen yaada. Waanan beeku garuu hin qabu.”

“Akkamitti hin beektu? Wal hin argitan moo?”

Luutanaant Kotlar alanfachaa waan deebisu itti yaade. Mata-duree kana kaasuu isaatti waan gaabbe fakkaata. Gara Bruunoo ilaale.

“Kart, abbaa kee wajjin wal hin argitan moo?” jette harmeen irra deebitee.

“Eeyyee,” jedhe Luutanaant Kotlar utuu gara ishee hin ilaalin gateettii darbachaa.

“Waggoota muraasa dura Jarmanii ba’e. Kudha sagal soddonii saddeet natti fakkaata. Erga sanaa argeenii hin beeku.”

Abbaan nyaata gidduuti dhiisee fuula duukkaneessee Luutanaant Kotlariin ilaale.

“Eessa deeme?”

“Maal jettee?” jedhe Luutanaant Kotlar, sagaleen abbaa sirriitti dhaga’amus.

“Eessa deemen jedhe. Abbaan kee. Proofeesarri afoolaa. Jarmanii ba’ee eessa deeme?”

Luutanaant Kotlar fuulli isaa ni diimate. Akka giinga’uus ta’e. “Akka natti fakkaatutti... Swiizarlaandiin jira natti fakkaata. Yuunivarsiitii Barniin jiru keessaa barsiisa natti fakkaata, hamman beekutti.”

“Swiizarlaand biyya bareedduu dha,” jette harmen daftee. “Deemee arguu baadhus akkan dhaga’etti-“

“Badaas dulloomaa natti hin fakkaatu abbaan kee,” jedhe abbaan sagalee furdaadhaan. “Akka natti fakkaatutti ati umriin kee kudha torba, yookin kudha saddeet?”

“Amma waggaa kudha sagal ta’eera,koomaandar” jedhe Luutanaant Kotlar.

“Akkan tilmaamutti abbaan kee umriin isaa afurtama keessa ta’a... mitiiree?”

Luutanaant Kotlar callisee nyaata isaa alanfate.

“Biyya abbaa isaa dhiisee deemuu filachuun isaa nama dhiba,” jedhe abbaan.

“Walitti hin dhiyaannu,” jedhe Luutanaant Kotlar gama gama ilaalaa. “Erga walitti haasofnee waggaa meeqa.”

“Maalif deeme? Jechuun koo maalif yeroo Jarman akkas kabajamteefi isa barbaaddutti deeme? Yeroo hundi keenya biyya keenya haaromsuuf ga’ee taphannu qabnutti? Dhukkuba sombaa qabamoo?”

Luutanaant Kotlar bitaa itti gale. “Maal jettee?”

“Siwiizarlaandiin kan deeme qilleensa isaafii? Moo sababii biraa qaba kan Jarmaniin dhiisee deemeef? Kudha sagal soddonii saddeetitti isayyuu,” jedhee itti dabale takka turee.

“Koomaandar, ani waanan beeku hin qabu. Isuma gaafachuu wayya.”

“Hin cimuuree? Inni fagoo jira kaa. Tarii dhukkubaaf ta’a.” Abbaan takka mamee shukkaa isaa fudhatee nyaachuutti deebi’e. “Yookin immoo walii hin galle ta’a.”

“Waliigaltee?”

“Imaammata mootummaa wajjin. Darbee darbee namoonni akkasii ni argamu. Nama dhibu. Kaan raata’oo dha. Kaan immoo dabeessa. Waa’ee ilaalcha abbaa kee warra sadarkaadhaan si caalanitti himteetta jedheen amana. Mitii ree, Luutanaant Kotlar?”

Luutanaant Kotlar gorora liqimse.

“Rakkoo hin qabu,” jedhe abbaan fuula ifaadhaan. “Tarii irbaataratti waan haasa’amuu malu miti. Booda gadi fageenyaan mari’anna.”

“Kabajamaa koomaandar,” jedhe Luutanaant Kotlar sossodaachaa. “Dhuguman siin jedha-”

Abbaan dafee “irbaataratti haasa’uun waan malu miti” jedhee isa callisiise. Bruunoon dabareedhaan abbaa isaa fi Luutanaant Kotlariin ilaale. Gammadeeras, sodaateeras.

Callisanii erga takka turanii booda Greetal “Siwiizarlaandiin deemee utuun daawwadhee natti tola” jette.

“Greetal, callisii irbaata kee nyaadhu!” jette harmeen.

“Kanan jedhe-”

Harmeen “irbaata kee nyaadhun jedhe!” jettee itti fufuuf utuu jettuu abbaan Paaveeliin waamee addaan ishee kute.

“Har’a maal taateetta? Si’a afuraffaafiin wayinii naa dabali jechaa jira” jedhee dheekkame.

Bruunoon yaaddoodhaan isa ilaale. Akka isa hin dhukkubne yaadda’eefi. Paaveel qadaaddii xaarmuzichaa sirnaan bane. Burcuqqoo abbaatti guutee gara luutanaant Kotlaritti ce’uuf yeroo jedhu garuu gufatee xaarmuziin harkaa kufee cabe. Surree Luutanaant Kotlar tortorse.

Itti fufee wanti ta’e baayyee jibbisiisaa fi kan hin eegamne dha. Luutanaant Kotlar Paaveelitti baayyee aare. Wanta inni itti fufee godhe namni isa dhorke hin jiru. Bruunoo, Greetal, harmee, abbaan iyyuu taanaan. Hunduu garuu ilaaluu hin feene. Bruunoon ni boo’e; Greetal immoo naasuudhaan bishaan taate.

Galgala sana Bruunoon rafuuf gaafa jedhu wanta sila ta’e yaade. Paaveel akkam gaarummaa akka itti agarsiise yaadate. Bruunoon abbaan isaa nama gaarii ta’uu isaa beekus har’a garuu Luutanaant Kotlariin Paaveel irraa namni dhorku dhibuun sirrii ta’ee itti hin mul’anne. Awut-wiizitti waan akkasiitu ta’a taanaan waan jedhamu hunda callisee fudhchuu isaa wayya; eenyuu wajjinuu wal hin mormu. Namni waan akkasii hin feene jira.

Jireenyi isaa inni Barliin yaadannoo fagoo itti ta’e. Kaarl, Daani’elii fi Maartiin maal akka fakkaataniyyuu harkaa badeera. Isaan keessaa abbaan tokko rifeensi mataa isaa diimaa ta’uu garuu ni beeka.

Boqonnaa 14

Bruunoon Soba Dhugaatti Dhiyaatu Soba

Kana booda Bruunoon yeroo Heer Liiz mana hin jirreefi harmeen hirriba guyyaa raftu eeggatee manaa ba'uu eegale. Yeroo inni dallicha bira ga'u Shmuul dursee miilla wal-qaxxaamursee taa'ee isa eegaa jira. Shmuul hamma Bruunoon dhufutti callisee lafa ilaalaa eega.

Gaaf tokko Shmuul iji isaa birri dhiita'ee dhufe. Bruunoon maaltu akkas akka isa godhe yeroo gaafatuun mataa raasee “waa'ee kanaa haasa'uu hin barbaadu” jedheeni. Bruunoon ‘edaa abbaa humnaa kan namatti ta’an Barliin qofa utuu hin ta’in bakka hunda jiru’ jedhee yaade. Shmuuliin gargaaruu fedhus waan gochuu danda’u hin qabu. Shmuul irraanfatee darbuu akka inni barbaades galeeraafi.

Yeroo hunda Bruunoon shibicha jala lo’ee Shmuulii wajjin taphachuu akka danda’u gaafata. Shmuul garuu gaarii hin ta’u jedhee harkatti busheessa.

Shmuul “as dhufuu maalif akka ati barbaaddu naan galu; gaarii miti” jedheeni.

“Mana keenya hin argineef akkas jetta,” jedhe Bruunoon. “Gamoo sadii qofa qaba. Mana akkas dhiphaa keessa akkamitti jiraatama?” Seenaa Shmuul utuu Awut-wiiziin hin dhufin dura akka nama kudha tokko ta’anii mana tokko keessa jiraataniii fi waa’ee gurbaa Luukaa jedhamu kan balleessaa tokko malee isa rukutu itti hime dagateera.

Gaaf tokko Bruunoon namoonni dallicha keessaa hundi bijaamaa sassararamaa fi koofiyyaa maalif akka uffatan Shmuuliin gaafate.

“Gaafa as geenyu kan nuu kenname kana dha. Uffata keenya isa kaan nu jalaa fuudhani.”

“Takka takka si hin nuffisiisuu garuu?” jedhee gaafate Bruunoon. “Uffata kan biraa meeqa ni qabaatta.”

Shmuul dubbachuuf afaan saaqqatee ka’ee deebisee dhiise.

Bruunoon sassarara hin jaalladhu jedhe, dhugaa ta’uu baatus. Guyyaa hunda surree, shamizii, kraavaatii fi kophee isa qabu uffachaa ooluun isaa isa

nuffisiiseera. Shmuulfaan guyyaa guutuu bijaamaa uffatanii ooluu isaaniitti itti hinaafeera.

Guyyaa muraasa booda Bruunoon yeroo hirribaa ka’u yandoo roobaa jira. Ciree isaa yeroo inni nyaatus roobni itti fufe. Yeroo Heer Liiz isa barsiisus hin caamne. Yeroo laaqanaa fi waaree booda yeroo inni seenaa fi ji’oograafii baratus itti fufee roobe. Akkasitti itti fufnaan har’a gadi ba’ee Shmuuliin arguu hin danda’u jechuu dha.

Waaree booda kutaa isaa keessa ciisee kitaaba dubbisuuf utuu inni ijibbaatuu Greetal ol seente. Yeroo baayyee kutaa Bruunoo hin seentu; yeroo qabaannaan ashaangulliitota ishee bakka wal-jijjiiraa oolti.

Bruunoon “maal barbaadde?” jedhee ishee gaafate.

“Akkasitti na simattaa?” jettee deebiste.

Bruunoon “dubbisaan jira” jedhe.

“Maal dubbista?” jettee yeroo isheen isa gaafattu callisee mata-duree isaa itti agarsiise.

Sagalee tuffii yeroo dhageessistu utuu hin beekin Bruunootti tufta. “Kitaaba jibbisiisaa dha” jetteeni.

“Jibbisiisaa miti. Ashaangulliitiirra harka meeqa wayya.”

Greetal ammas irra deebitee “maal hojjechaaa jirta?” jettee isa gaafannaan Bruunoon aaree gubate.

“Waanan hojjedhun wallaale. Bokkichi nama jibbisiisa.”

Bruunoon maalif akka ta’e gaaffii itti ta’e. Duris akka isaa gadi baatee hin abuurto; hiriyoota hin barbaaddattu. Manaa hin baatu. Filannoo gadi ba’uu waan dhabdeef qofa mukaa’uuf kan murteessite fakkaata. Ta’us takka takka obboleessaa fi obboleettiin wal-qoccoluu dhiisanii akka nama qaroomaatti haasa’uu waan malaniif takka yaaluuf murteesse.

“Anis roobni na jibbisiiseera. Silaa yoona Shmuulii wajjin haasa’aan jira. Waanan irraanfadheen itti fakkaata.”

Utuu hin beekin afaanii isa ba’e. Baayyee ofitti aare.

Greetal “eenyuu wajjin jettee?” jettee gaafatte.

“Maal jettee?”

Greetal ammas irra deebitee “eenyuu wajjin?” jettee gaafatte.

“Dhiifama, sin dhageenye. Maal jette?” jedhe Bruunoon ammas.

Greetal al sadaffaa irra deebitee gaafatte.

Bruunoon “eenyuu wajjinuu hin jenne” jedhee haale.

Greetal “Bruunoo!” jettee dheekkamte.

“Maraatteetta moo?” jedhe Bruunoon waan isheen ofii ishee abjootte fakkeessuu yaalaa. Sirriitti fakkeessuun garuu waan hin milkooofneefiif Greetal quba itti raaste.

“Bruunoo, eenyuu wajjin jettee?” jette ammas irra deebitee. “Nama faana taphattu qabda moo?”

Bruunoon waan godhu wallaale. Innis Greetalis ijoollee dha. Amma yoonaa gaafachuunii baatus isheenis akkuma isaa kophummaan itti dhaga’amuun hin oolu. Barliiniin gaafa ture Hiildaa, Izoobeelii fi Luwiizii wajjin taphatti turte; nuffisiisoo ta’anis hiriyoota isheeti. Asitti garuu ashaangulliitota malee hiriyaan hin qabdu. Hammam maraatu akka isheen taate maaltu beeka? Tarii ashaangulliitonni waan itti haasa’an itti fakkaata.

Haa ta’u malee Shmuul hiriyaan isaati; ishee wajjin qooddachuunii hin barbaadu. Filannoon jiru sobuu qofa.

“Hiriyaan haaraa baafadheera,” jedhe. “Guyyaa guyyaatti wal-argina. Ammas na eegaa jira. Eenyuttuu akka hin himne.”

“Maalif?”

“Hiriyaan yaadaati,” jedhe Bruunoon akka gaafa Luutanaant Kotlar waa’ee abbaa isaa gaafatamee kan qaana’e fakkeessuu yaalaa. “Yeroo hunda wajjin taphanna.”

Greetal afaan bantee takka ilaalteenii kolfa jabaa gadhiiste. “Hiriyaan yaadaa? Umriin kee xiqqoo ishee irra hin darbineeree?”

Bruunoon seenaa isaa dhugaa fakkeessuuf kan qaana'e fakkeessuu yaale. Ol jedhee ija keessa hin ilaalleeni. Kana caalaa fakkeessuu yaalus itti cime. Kanaafuu wantoota kanaan dura isa mudatan kan isa qaanessan yaadachuu yaale.

Guyyaa mana fincaanii seenee balbala cufuu irraanfatee akkoon irra baate yaade. Isa gaaf tokko daree keessatti deebii deebisuuf harka baasee barsiistuu isaan 'harmee' jennaan hunduu itti kolfe yaade. Guyyaa gaafa shamarranitti of agarsiisuuf utuu yaaluu saayikiliirraa kufee miidhamee boo'e yaade.

Fuulli isaa ni diimate.

"Akkam qaanoftee?" jette Greetal. "Fuulli kee diimateera."

"Sitti himuu hin barbaannen ture."

"Hiriyaa yaadaa? Bruunoo, homaa abdii hin qabdu ati."

Bruunoon waan lama waan mirkaneeffateef ni seeqe. Tokkoffaa, sobni isaa irratti hin baramne. Lammaffaa, abdii kan hin qabne isa miti.

"Narraa deemi," jedhe. "Kitaaba dubbisuun barbaada."

"Maalif dunuunfattee ciistee hiriyaan yaadaa kee siif hin dubbisu?" jette Greetal kokkolfaa. Waan ittiin isa qoccoltu argatte. "Hojii sii salphisa."

"Tarii ashaangulliitota kee karaa foddoo akka inni darbatun ajajaani" jedhe Bruunoon.

"Sii dhume kaa silaa," jette Greetal. "Mee natti himi, Bruunoo. Gaafa wal-argitan maal hojjetu hiriyaa yaadaa kee wajjin? Maaltu akkas adda isa godha?"

Bruunoon takka yaade. Utuu irratti hin beekamin waa'ee Shmuul itti himuuf murteesse.

"Waan hunda haasofna. Waa'ee Barliinin itti hima, waa'ee manoota baayyee, kaaffee fi gabaa, sanbat-duraa akkam namni akka baayyatu, waa'ee hiriyoota koo Kaarl, Daani'elii fi Maartiin, hunduma isaan itti hima."

"Baayyee gaarii," jette Greetal itti qoosaa. "Innoo maalfaa sitti hima?"

"Waa'ee maatii isaa fi suuqii sa'atii isaanii, As gaafa dhufe wantoota isa mudatanii fi namoota inni beeku, waa'ee hiriyoota isaa durii kan utuu nagaa walitti hin dhaamin gargar ba'an natti hima."

“Hiriyaa kee nama dhiba,” jette Greetal. “Utuu hiriyaa yaadaa koo ta’ee natti tola ture.”

“Kaleessa immoo akaakaan isaa guyyaa hedduuf akka hin argamne, lafa inni jiru namni beeku akka hin jirree fi abbaa isaa yeroo inni gaafatu hammateenii akka inni boo’u natti hime.”

Bruunoon dubbatee afaanii yeroo fixu sagaleen isaa xiqqaachaa akka dhufe hubate. Wantoota kana Shmuul yeroo itti himu hiriyaa isaa gadda akkamii keessa akka jiru hin hubanne ture. Amma garuu sirriitti hubate. Shmuuliin jajjabeessuu dhiisuu isaatti gaabbe. Bor dhiifama gaafachuuniif murteesse.

“Abbaan hiriyaa yaadaa wajjin haasa’uu kee utuu dhaga’ee sii dhume,” jette Greetal. “Utuu dhaabdee wayya.”

“Maalif?”

“Sirrii waan hin taaneefikaa. Mallattoo maraatummaa isa jalqabaati.”

Bruunoon mataa raase. “Dhaabuu waanan danda’u natti hin fakkaatu. Hin barbaadus.”

“Ta’us dhaabuu qabda. Hamma danda’ametti immoo nama biraatti akka hin himne.”

“Tole,” jedhe Bruunoon kan gadde fakkeessuu yaalaa. “Eenyuttuu hin himtu mitiiree?”

Mataa raaste. “Eenyuttuu hin himu. Hiriyaa yaadaa koorraa kan hafe.”

Bruunoon afaan bane. “Qabdaa?” jedhee gaafate.

“Lakki,” jette itti kolfaa. “Ani umriin koo kudha sadii dha. Ani akka kee akka mucaa ta’uun narraa hin eegamu.”

Kana jettee balbala banattee baate. Ashaangulliitota isheetti yeroo haasoftu ni dhaga’aani.

“Maal kun!” jedhee dubbisuu isaatti deebi’e.

Dubbisuu yaalus yaadni isaa bittinnaa’ee isa rakkise. Waa’ee Shmuul yaade. Innis akkuma koo haasaa keenya ni yaadaa laata jedhee yaade.

Boqonnaa 15

Waan Gochuu Hin Qabne

Torban baayyeef bokkaan yandoo roobaa waan ba'eef Bruunoo fi Shmuul akka barbaadan wal-arguu hin dandeenye. Yeroo wal-argan immoo Bruunoon waa'ee Shmuul yaadda'uutti ka'e. Kan isa yaaddesse Shmuul guyyaa gara guyyaatti huqqinnii fi daalachinni isaa ittuma hammaataa deemuu isaati. Takka takka daabboo fi baaduu ni fidaafi; keekii chokoleetiis kiisii isaa keessa dhoksee geessuufii yaaleera. Haa ta'u malee karaan inni adeemee Shmuuliin argu karaa dheeraa waan ta'eef yeroo beela'u utuma irraa cuffatuu xiqqaachaa deemti; keekii xiqqoo isa hin quubsine geesseefii hin sinsinneessu jedhee kennuufii dhiisa.

Guyyaan dhalootaa abbaa as dhiyaateera. Abbaan hamma kanatti ho'ifachuu irraa dhimma dhabus harmeen garuu hojjetoota Awut-wiiz hunda waamteetti. Afeerraa sanaaf yeroo qophooftu hunda luutanaant Kotlar ishee gargaaraa ture. Waan baayyee tarree naqani.

Bruunoonis waan tarreesse qaba. Sababoota ittiin luutanaant Kotlariin jibbu hedduu tarreesse.

Tokkoffaa, luutanaant Kotlar kolfuu miti seeqee illee hin beeku. Guyyaa hunda akka nyaara guduunfetti oolee bula. Nama dubbii barbaadu fakkaata.

Lammaffaa, takka takka gaafa Bruunootti haasa'u "mucaa xinnoo" jedhee waamaani. Kunis Bruunootti hin tolle.

Sababni biraan immoo yeroo hunda harmee wajjin gorduubatti dabarsuu isaaniiti. Harmeenis qoosaa isaatu kan abbaa caalaa kolfisiisaani.

Gaaf tokko Bruunoon karaa foddaa gara kaampii yeroo ilaalu sareen tokko dutaa gaafa isheen dhuftu arge. Luutanaant Kotlar sarittii gaafa argu rasaasaan rukutee ajjeese.

Dabalataanis haasaan Greetal gaafa luutanaant Kotlar jiru haasoftu isa jibbisiisa. Bruunoon guyyaa luutanaant Kotlar Paavelitti dheekkames hin irraanfatu.

Sababni biraan immoo yeroo abbaan Barliiniin hojiif deemee borii isaa deebi’u luutanaant Kotlar akka waan manichi kan isaa ta’ee godhachuu isaati. Galgala yeroo Bruunoon rafu achi jira; ganama yeroo inni hirribaa ka’us dhufee isa arga.

Bruunoon luutanaant Kotlariin akka jibbu kan godhan sababoota hedduutu jiru; ammaaf garuu kan inni yaadachuu danda’e warra kana qofa.

Galgala afeerrichaa guyyaa tokko dura Bruunoon luutanaant Kotlariin mana isaaniitti arge. Daqiiqaa muraasa booda gaafa gadi dhufu harmeen maal maal akka hojjetamuu qabu yeroo isheen ajaja laattu dhaga’e. Luutanaant Kotlar immoo, “Hin yaadda’in; inni kun daabboon karaa kam dibamuu akka qabu beeka” jedhee kolfa jibbisiisaa tokko kolfe.

Bruunoon kitaaba abbaan isaa kenneef kan “Treezyar Ayilaand” jedhamu qabatee gara gorduubaatti qajeele. Karoorri isaa gorduuba taa’ee sa’atii lamman tokkoof dubbisuu ture. Gorduuba utuu hin seenin garuu luutanaant Kotlar utuu inni kushinaadhaa ba’uu walitti ba’ani.

“Akkami, mucaa xiqqoo?” jedhe loltuchi.

Bruunoo keessi isaa gubachaa “fayyaa,” jedhee deebise.

“Maal hojjetta?”

Bruunoon sababii ittiin isa jibbu kan biroo torba yaadate. Gorduubatti quba qabee “achi taa’ee dubbisuufin jedha,” jedhee deebise.

Kotlar callisee kitaabicha harkaa fuudhee daddabarsee ilaaluutti ka’e. “Treezyar Ayilaand, waa’ee maaliiti?” jedhee gaafate.

Bruunoon suuta jedhee, “odola tokkotu jira; odolicha irra qabeenyatu jira” jedhe.

“Kanammaa anuu mata duree isaarraa nan hubadha,” jedhe Kotlar dalga isa ilaalaa. Utuu inni ilma koomaandarii hin taanee reebuunii kajeelleera. “Waan hin beekne natti himi.”

“Shiftaa Loong Joon Siilvar jedhamuu fi gurbaan Jiim Hookiins jedhamu odolicha irra jiraatu.”

“Gurbichi lammii Ingilizii?”

“Eeyyee”

“Hicc” jedhe Kotlar.

Bruunoon kitaabicha yoom naa deebisa laata jedhee yaade. Kotlar kitaabicha irraa dhimma dhabus Bruunoon harkaa fudhachuuf yeroo inni yaalu jalaa ol qabe.

“Dhiifama,” jedhee deebisee Bruunootti hiixate. Bruunoon fudhachuuf yeroo yaalu ammas jalaa ol fageesse. Irra deebi’ee “dhiifama guddaa” jedhee Bruunootti hiixannaan Bruunoon dafee harkaa bute.

Luutanaant Kotlar “saffisa gaarii qabda” jedheeni.

Bruunoon dafee biraa deemuu hawweera; Kotlar garuu biraa deemuu dide.

“Afeerrichaaf qophoofneerraa?” jedhee Bruunoo gaafate.

“Ani gama koon qophaa’eera; waa’ee kee garuu waanan beeku hin qabu,” jedhe Bruunoon. Gidduu kana Greetal bira waan ooleef dubbii micciiruu bareera.

“Nama baayyeetu dhufa,” jedhe luutanaant Kotlar akka waan mana isaa ta’eetti manicha ilaalaa. “Kanaaf hin jeeqnu mitiiree?”

Bruunoon “ani gama koon hin jeequ; waa’ee kee garuu waanan beeku hin qabu” jedhee deebise.

“Haasaa qancaraa haasofta,” jedhe luutanaant Kotlar.

Bruunoon utuu kana caalaa dheeraa fi jabaa ta’ee hawwe. Baayyee aaree waan jiruuf waan itti dhaga’ame baasee dubbachuu hawwe. Abbaan barbaade akka arge maalif na ajaja jedhee aare. Harmee fi abbaan isa ajajuun hin aarsineeni; namoonni akka Luutanaant Kotlar isa ajajuun garuu garaa isa guba.

“Aa, Kart koo, asuma jirtaa?” jette harmeen kushinaa keessaa as ba’aa. “Amma hojii waanan hin qabneef- oo!” jette Bruunoon achi dhaabatee jiraachuu gaafa argitu. “Bruunoo, maal hojjetta asii?”

“Gorduuba taa’ee dubbisuufin deemaa ture; naa milkaa’uu dide malee.”

“Kushinaa deemii takka taa’i; Luutanaant Kotlarii wajjin iccitii haasofnu qabna.”

Kanumaan gorduuba seenanii balbala cufatani.

Bruunoon aaree gubachaa kushinaa seene. Achitti waan isa dinqisiisu arge. Shmuul xarapheezaa bira taa’ee jira. Ija isaa amanuu dadhabe.

“Shmuul! Maal hojjetta asii?”

Shmuul ol-ilaalee gaafa arguun fuulli isaa sila sodaadhaan guutamee ture gammachuudhaan ife.

“Bruunoo!”

“Maal hojjetta asii?” jedhe ammas irra deebi’ee. Dallicha keessatti maal akka hojjetamu beekuu baatus namoonni achi jiraatan as dhufuun akka hin malle garuu keessi isaa beeka.

Shmuul “isatu na fide” jedhee deebise.

“Luutanaant Kotlar moo?”

“Eeyyee, waan hojjetu qabda jedhee na fide.”

Bruunoon gaafa gadi mil’atu burcuqqoo xixiqqoo jaatamii afur kan harmeen itti qoricha ishee fudhattu, bishaan, saamunaa fi sooftii bira tarreeffamanii arge.

“Maal hojjetta?” jedheeni.

“Burcuqqoo miicci naan jedhani” jedhe Shmuul. “Qubni kee xixiqqoo waan taateef sirriitti miiccuu dandeessa jedhani.”

Bruunoon harka isaa fuulduratti godhee yeroo ilaalu harki Shmuul harka lafee Heer Liiz kutaalee qaama namaa barsiisuuf fidee dhufuu wajjin wal itti fakkaate.

“Kanaan dura yaadaan qabee hin beeku!” jedhe dinqifachaa.

“Maal?”

“Harka keenya ilaali. Tasumaa wal hin fakkaatu.”

Gaafa harka isaanii wal-bira qabanii ilaalan dhuguma tasa walitti hin dhufu. Bruunoon qal’aa xinnaa ta’us harki isaa garuu fayya-qabeessa fakkaata. Hiddi harka isaa kaka’ee hin mul’atu; qubni isaa coolligaa miti. Kan Shmuul garuu faallaa dha.

Bruunoon “harka kee maaltu akkas godhe?” jedhee gaafate.

“Hin beeku,” jedhe Shmuul. “Kan koos dur harkuma kee fakkaata ture. Booda gaafa inni jijjiiramaa dhufu ani yaadaan hin qabne. Harki hunda keenyaa kanuma fakkaata.”

Bruunoon waa'ee namoota bijaamaa sararamaa uffatanii yaade. Erga isaan akkas dhukkubsatoo fakkaatanii achi jiraachuun isaanii maalif akka barbaachise gaaffii itti ta'e. Kana caalaa harka Shmuul ilaaluu waan hin barbaanneef nyaata barbaacha firijii bane. Indaaqqoon laaqaanarraa hafe jiraachuu argee gammachuudhaan guutame; nyaata inni homaan hin qixxeessine dha. Haaduudhaan mummuree harkatti qabatee gara hiriya isaatti gargagale.

"As dhufuun kee na gammachiiseera," jedhe nyaanni afaan isa guutee. "Utuu hojii qabattee hin jirtu ta'ee kutaa koon sitti agarsiisa ture."

"Asii sochoonaan sii dhume, naan jedhee deeme."

"Waan isa gashu hin qabu," jedhe Bruunoon jagna fakkaachuu yaalaa. "Kun mana isaa miti; kan kooti. Yeroo abbaan hin jirre itti gaafatamaan manichaa ana. Isumaammoo Treezyar Ayilaandii akka inni hin dubbisne ni amantaa?"

Shmuul haasaa Bruunoo caalaa indaaqqoo inni nyaachaa jirutu qalbii isaa hawwate. Takka turee gaafa kana hubatu Bruunoon ofitti aare.

"Dhiifama, Shmuul," jedhe dafee. "Siifis indaaqqoo sii kennuutu narra ture. Beelofteettaa?"

Shmuul "gaaffii yoomiyyuu na gaafachuun hin barbaachisne dha," jedhee deebise. Greetalii wajjin wal-beekuu baatus akkuma ishee bifaan haasa'uu itti beeka.

Bruunoon "na eegi; siin fida," jedhee firijii keessaa muraa sadii fideefi.

"Natti haa hafu, yoo natti dhufe-" jedhe Shmuul ammaa ammaa gara balbalaa mil'achaa.

"Eenyu yoo sitti dhufe? Luutanaant Kotlar moo?"

"Burcuqqoo miiccuu qofatu naa eyyamame," jedhe xaasaa bishaanii fi indaaqqoo Bruunoon itti qabe dabareedhaan ilaalaa.

"Hooma siin hin jedhu," jedhe Bruunoon naasuun isaa isa dinqee. "Nyaata qofa."

"Lakki, lakki, natti haa hafu," jedhe Shmuul mataa raasaa. Imimmaan ija isa guuteera. "Deebi'ee dhufuun isaa hin oolu; sila akka ati nyaadhu jetteen nyaachuutu narra ture. Amma natti barfateera; utuun nyaadhuu narra ba'ee-"

“Shmuul! Hoodhu!” jedhe Bruunoon harkatti kenneefii. “Nyaadhu. Hin yaadda’in, baayyeetu jira.”

Shmuul nyaaticha of harkatti argee sodaa fi gammachuun guutamee Bruunoo ilaalee. Takkaa irra deebi’ee gara balbalaa ilaalee sadanuu takkaatti gurshate. Sekondii digdama utuu hin tursin nyaatee fixe.

“Akkas daddaftee hin nyaatin; si dhukkubsa” jedhe Bruunoon.

“Dhimma isaati,” jedhe Shmuul akka seequu ta’aa. “Galatoomi, Bruunoo.”

Isumaa dabaluufiif jedhuu Luutanaant Kotlar ol-seene. Wajjin haasa’aa jiraachuu isaanii gaafa argu ni dhaabbate. Bruunoon callisee ija babaase. Shmuul dafee gadi jedhee burcuqqoo miiccuutti deebi’e. Luutanaant Kotlar Bruunoo irraa dhimma hin qabaanne; Shmuul irra dhaabate.”

“Maal gochaa jirta?” jedhee itti dheekkame. “Burcuqqoo miicci siin hin jennee?”

Shmuul tole jedhee mataa raase. Utuma harki isaa hollatuu carqii fuudhee bishaan cube.”

“Mana kana keessatti haasa’uu eenyutu sii eyyame? Moo na tuffachuu keeti?”

“Lakki, gooftaa,” jedhe Shmuul. “Dhiifama.”

Luutanaant Kotlar itti siqee ilaaleeni. “Waa nyaachaa turte moo?”

Shmuul “lakki” jedhee mataa raase.

“Nyaachaa turte. Firiijii keessaa hatteetuu?”

Shmuul deebii kennuu yaalus ni dadhabe. Afaan isaa banus homaa jechuu hin dandeenye. Gargaarsa barbaacha gara Bruunoo ilaale.

“Naa deebisi! Firiijii keessaa nyaata hatteettaa?”

“Lakki gooftaa. Isatu naa kenne,” jedhe Shmuul imimmaan ija isa guutee. Gara Bruunoo ilaalaa “inni hiriya kooti,” jedhe.

“Hiriya?” jedhe Luutanaant Kotlar gaaffiidhaan gara Bruunoo ilaalaa. Takka yaade. “Maal jechuu keeti? Bruunoo, mucaa kana beektamoo?”

Bruunoon “eeyyee” jechuu barbaadus hin dandeenye. Sodaa Shmuul waan argeef gargaaruunii barbaadee ture. Haa ta’u malee ofii isaas gar-malee waan sodaateef homaa jechuu hin dandeenye.

Kotlar “Gurbaa kana beektaa? Jedhee irra deebi’ee gaafate. “Hidhamtoota sanaa wajjin haasoftee beekta moo?”

“Ani... gaafan ol seenu as ture,” jedhe Bruunoon. “Burcuqqoo miiccaa ture.”

“Isa miti kanan si gaafadhe,” jedhe Kotlar. “Kanaan dura argiteenii beektaa? Wajjin haasoftee beektaa? Maalif hiriya kooti siin jedha?”

“Ani... gaafan ol seenu as ture,” jedhe Bruunoon. “Burcuqqoo miiccaa ture.”

“Isa miti kanan si gaafadhe,” jedhe Kotlar. “Kanaan dura argiteenii beektaa? Wajjin haasoftee beektaa? Maalif hiriya kooti siin jedha?”

Bruunoon utuu baqachuu danda’ee hawwe. Luutanaant Kotlariin baayyee jibba. Innis caalaatti itti siqe. Sammuu Bruunoo keessa naanna’aa kan jiru guyyaa gaafa Luutanaant Kotlar saree rasaasaan rukutee ajjeeseefi guyyaa inni Paaveelitti waan aareef-

Luutanaant Kotlar “Bruunoo! Naa deebisi!” jedhee caraane. “Sadaffaa irra deebi’ee sin gaafadhu.”

Bruunoon dafee “Hin beekuuni. Jireenya koo keessatti takkaa argeenii hin beeku” jedhee deebise.

Luutanaant Kotlar deebii quubsaa waan argate fakkaata. Suuta jedhee Shmuulitti garagale. Shmuul boo’icha dhaabee sodaadhaan lafa lafa ilaala.

“Burcuqqoo miiccii fixi” jedhe Luutanaant Kotlar sagalee qabbana’aadhaan. Aariin isaa waan biraatti kan jijjiirame malee kan irraa gale hin fakkaatu. “Gaafa fixxu dhufeen gara kaampiitti si deebisa. Achitti ijoollee hattuun maal akka taatu barta.”

Shmuul tole jedhee burcuqqoo miiccuutti deebi’e. Harki isaa ni hollata. Burcuqqoon akka harkatti hin cabne sodaate. Bruunoon ilaalu dhiisuu barbaadus ija isaa irraa buqqisuu hin dandeenye.

“Kottu, gurbaa” jedhe Luutanaant Kotlar Bruunootti harka isaa fe’ee. “Kutaa keetti deebi’ii kitaaba kee dubbisi. Inni burcuqqoo isaa haa miiccu. _’n kun.” Jecha

yeroo darbe Paaveeliin jedhe irra deebi'e. Bruunoon tole jedhee gara kutaa isaatti adeeme; takkaa garagalee hin mil'anne. Keessi isaa itti toluu dide. Jireenya isaa keessatti akkas ofitti qaana'ee hin beeku; akkas nan hammaadha jedhee yaadee hin beeku. Nama gaarii jedhee utuu of yaaduu hiriya isaa akkamitti akkas akka gane gaaffii itti ta'e. Kutaa isaa keessa taa'us yaadni isaa walitti qabamuufii dide. Hamma Luutanaant Kotlar deebi'ee dhufee Shmuuliin fuudhee deemutti gadi bu'uuf ija hin jabaanne.

Waaree booda walitti aansee guyyoota hedduuf gara dallichaa deemus Shmuuliin hin argine. Guyyoota hedduu erga deddeebi'ee booda Shmuul lammaffaa deebi'ee natti hin haasa'u, dhiifama naan godhu jedhee yaade. Torbee tokko booda garuu Shmuul akka isaa duriitti taa'ee isa eege.

"Shmuul," jedhe itti fiigee gadi taa'aa. Gaabbii fi gammachuun imimmaan ija isaatti fideera. "Dhiifama guddaa, Shmuul. Maal akkan ta'e hin beeku. Adaraa kee naa dhiisi."

"Homaa miti" jedhe Shmuul ol ilaaleenii. Fuulli isaa dirmammuudhaan guutameera. Bruunoon ni na'e. Dhiifama gaafachuuf akka dhufeyyuu akka irraanfachuu ta'e.

"Maal taate?" jedhee gaafatus deebii kennuuf yeroo hin laannefi. "Saayikiliirraa kufteetuu? Waggaa lama dura anis Barliinitti saayikiliirraa kufeen ture. Qaamni koo guutuun dirmammuu ture. Akkami si dhukkubaa amma?"

"Amma na dhukkubuu dhiiseera."

"Waan nama dhukkubsu fakkaata garuu."

"Dhukkubbiin natti dhaga'amuu dhiiseera" jedhe Shmuul.

"Isa torban darbeef dhiifama," jedhe Shmuul. Luutanaant Kotlar baayyee na jibbisiisa. Manichi kan isaa waan ta'e itti fakkaata." Ammas al-tokko irra deebi'ee dhiifama gaafachuu fedhe. "Dhiifama guddaa, Shmuul. Maalif akkan dhugaa isaa itti himuu dadhabe hin beeku. Kana dura hiriya koo akkas ganee hin beeku. Baayyee qaana'eera, Shmuul."

Gaafa inni kana jedhu Shmuul seeqee mataa raase. Dhiifama godheeraafi. Kana dura waan godhee hin beekne tokko godhe. Akka gaafa Bruunoon nyaata fiduufii shibicha ol-qabee harka isaa diriirse. Harka wal-qabanii walitti seeqani.

Yeroo jalqabaaf wal-tuqani.

Boqonnaa 16

Rifeensa Mataa

Barliinii erga dhufanii waggaa tokko qaata ta'e. Bruunoon Barliin maal akka fakkaatu irraanfachaa dhufeera. Kaarl原因 fi Maartin hiriyoota isaa akka ta'an ni yaadata; inni sadaffaan eenyu akka ta'e garuu yaadachuu hin dandeenye. Amma garuu guyyaa lamaaf Barliinitti akka deebi'u waan taasisutu uumame. Akkoon waan duuteef maatii hundi Barliiniin awwaalchaaf deemani.

Achi gaafa jiru hojjaan isaa akka dabale hubate; wantoonni inni dur hiixatee bira hin geenye ni qabamani. Akka durii Barliiniin kutaa isaarraa ilaaluuf qeensaan dhaabbachuun isa hin barbaachisu.

Bruunoon erga Barliinii ba'anii akkoo argee hin beeku; waa'ee ishee garuu ni yaada. Caalaatti kan ishee yaadatu tapha akkoo, isaa fi Greetal ta'anii dhiyeessaniin ture. Uffata ga'ee isaaf ta'u kamiyyuu akka isheen qopheessitu turte ni yaadata. Kana booda wajjin tapha dhiyeessuu akka hin dandeenye gaafa yaadu ni gadde.

Guyyaan lachan Barliinitti dabarsanis gaddisiisoo turani. Yeroo awwaalchaa Bruunoo, Greetal, abbaa fi harmeen fuuldura taa'ani. Abbaan yuunifoormii isaa isa miidhagaa faayaan guutame uffate. Akka harmeen Bruunootti himtetti abbaan yeroo dhumaaf akkoo wajjin erga wal-lolee utuu dhiifama waliif hin godhin waan duuteef guddaa gadde.

Abaaboo hedduutu waldaatti ergame. Isaan keessaa tokko kan erge Fuurii ta'uun isaa abbaa boonse. Harmeen garuu akkoon utuu kana dhageessee ni maraatti turte jette.

Bruunoon Barliinitti yeroo deebi'an akka gammaduu ta'e. Manicha jaallachaa dhufeera; gamoo sadii qofa qabaachuun isaa isa hin dhiphisne. Loltoonni akka garaa isaanii deddeebi'uunis isa aarsuu dhiiseera. Erga Shmuulii wajjin wal-baree jireenyi biyyichaa hammanatti rakkisaa akka hin taane baraa dhufe. Wantoonni isa gammachiisuu malan hedduutu jira: abbaa fi harmeen gagammadoo ta'aniiru; harmeen akka durii qorichaa fi hirriba guyyaa hin baayistu. Greetal akka durii isa hin rakkistu.

Luutanaant Kotlaris biyya biraatti waan jijjiirameef Bruunoo namni rakkisu hin jiru. Luutanaant Kotlar yeroo deemu abbaa fi harmeen baayyee wal-lolanii turni. Deemuun isaa garuu hin oolle; Greetal ni gaddite. Kana booda ‘mucaa xinnoo’ jedhee namni isa rakkisu hin jiru.

Hunda caalaa garuu hiriya Shmuul jedhamu qabaachuu isaatu isa gammachiise.

Waaree booda miillaan karaa dheeraa deemee isa arguu ni jaallata; Shmuul akka durii kan gaddu hin fakkaatu. Qaamni isaa garuu ammas gar-malee huqqataa dha.

Gaaf tokko utuu akkuma barsiifatanitti walitti garagalanii taa’anii jiranii Bruunoon “hiriyummaa akkanaa qabaadhee hin beeku” jedhe.

“Akkam?”

“Hiriyoonna koo kana duraa hundi kanan wajjin taphadhu turani. Anaa fi ati garuu odeessuu malee taphachuu hin dandeenyu.”

Shmuul “as taa’ee haasa’uu nan jaalladha” jedhe.

“Anis akkasuma,” jedhe Bruunoon. “Wajjin taphachuu dhabuun keenya garuu na quuqa. Utuu wajjin abuurree yookin kubbaa miillaa taphannee natti tola ture. Yeroo hunda dallaan kun gargar nu baasa.”

Bruunoon wantoota akkasii kan dubbatu ji’oota muraasa dura Shmuul hiriya koo miti jedhee akka gane irraanfachiisuufi. Ammayyuu isa gaabbisiisa; Shmuul garuu kan irra darbe fakkaata.

“Tarii gaaf tokko wajjin taphanna ta’a,” jedhe Shmuul. “Yoo nu gadhiisan.”

Bruunoon waa’ee dallichaa yaade. Silumaa maalif akka inni dhaabbate gaaffii itti ta’e. Abbaa fi harmee gaafachuu barbaadus akka itti dheekkaman yookin waa’ee Shmuulii fi maatii isaa waan hin taane akka isaan dubbatan waan yaadeef waan kanaan dura godhee hin beekne godhe. Greetaliin gaafachuuf murteesse.

Kutaan Greetal isa duriirraa baayyee jijjiirameera. Ashaangulliitiin tokkollee hin jiru. Luutanaant Kotlar jijjiiramuu isaa ji’a tokko dursee Greetal kana booda ashaangulliitii hin barbaadu jettee korojootti naqxee gate. Bakka ashaangulliitotaa kaartaa Awurooppaa abbaan kenneef fanniste. Guyyaa guyyaatti gaazexaa dubbistee kaartichatti bubbuuti. Bruunoon ni maraattee laata jedhee yaade. Akka durii isa qoccoluu waan dhiisteef ishee haasofsiisuuf murteesse.

Balbala ishee rukuchaa “fayyaa dhaa?” jedhe. Utuu balbala hin rukutin gaafa ol seenu itti dheekkamti.

Greetal rifeensa mataa ishee qaqqabaa “maal barbaadde?” jette.

“Homaa hin barbaanne.”

“Akkas taanaan narraa deemikaa.”

Bruunoon callisee ol seenee siree isheerra taa’e. Greetal callistee dalga isa ilaalte.

“Greetal, waan tokko si gaafadhuu?”

“Daddaftee na gaafannaan ni dandeessa.”

“Wanti as Awut-wiiziin jiru hundi-“ jedhee isumaa jalqabuu addaan isa kutte.

“Bruunoo, maqaan isaa Awut-wiiz miti,” jettee dheekkamte akka waan balleessaa cimaa ta’eetti. “Maalif maqicha sirriitti hin waamtu?”

“Awut-wiiz jedhama” jedhee itti falme.

Greetal “akkas miti,” jettee akka itti waamamu itti agarsiiste.

Bruunoon “anis kanuman jedheem,” jedhe aaree.

“Miti. Waanuma fedheefuu, sii wajjin wal-falmuuf yeroo hin qabu,” jette obsa ishee fixachaa. “Maal na gaafachuu barbaadde?”

“Waa’ee dallichaa baruun barbaada. Maalif akka inni ijaarame.”

Greetal garagaltee isa ilaalte. “Hin beektu moo?”

“Hin beeku,” jedhe Bruunoon. “Maalif akka achi seenuun nuuf hin heyyamamne naaf hin galle. Maal balleessine kan achi deemnee taphachuu dhorkamneef?”

Greetal itti kolfite.

“Bruunoo, dallichi kan dhaabbateef nuti akka achi hin seenneef miti; isaan akka as hin dhufneefi.”

Bruunoon takka yaadus gaaffiin isaa hin deebineefi. “Maaliif garuu?” jedhee gaafate.

“Wajjin ta’uu waan qabaniifi kaa.”

“Maatii isaanii wajjin jechuu keetii?”

“Eeyyee, maatii isaanii qofa utuu hin ta’in sanyii isaanii wajjin.”

“Sanyii isaanii gaafa jettu maal jechuu keeti?”

Greetal afuura jabaa baafattee mataa raaste. “Ayihuudota akka isaanii wajjini kaa, Bruunoo. Kana hin beektu turtee? Kanaaf wajjin ta’uu qabu. Nuw wajjin walitti makamuu hin danda’ani.”

“Ayihuudota,” jedhe Bruunoon jechuu shaakalaa. “Ayihuudota,” jedhe ammas irra deebi’ee. “Dalicha keessa kan jiran hundi Ayihuudota dhaa?”

“Eeyyee, sirrii dha.”

“Nuti Ayihuudotaa?”

Greetal naasuudhaan afaan bante. “Miti, Bruunoo. Nuti gonkumaa Ayihuudota miti. Waan akkasii dubbachuun sirra hin jiru.”

“Maalif? Nuti maaliree?”

“Nuti...” jettee jalqabduus takka itti yaaduuf dirqamte. “Nuti..” jette ammas irra deebitee. Waan deebistu wallaalte. “Nuti Ayihuudota miti.”

“Akka hin taanemmaa natti himteetta,” jedhe Bruunoon aaree. “Ayihuudii erga miti taanee maaliree nuti?”

“Nuti faallaa dha,” jette Greetal deebii isheetti boonaa. “Sirrii dha. Nuti faallaa dha.”

“Tole,” jedhe Bruunoon deebii argachuu isaatti gammadee. “Faallaan karaa kana jiraatu; Ayihuudonni immoo dalicha keessa jiraatu jechuu dha.”

“Sirrii dha, Bruunoo.”

“Ayihuudonni faallaa hin jaallatan jechuudhaa?”

“Miti, nutu isaan hin jaallatu, doofaa wayii” jette Greetal.

Bruunoon ni aare. Al meeqa doofaa akka hin jenneen itti himamus akka diddetti jirti.

“Maalif isaan hin jaallannu?” jedhee gaafate.

“Ayihuudota waan ta’aniifikaa” jette Greetal.

“Naa gale. Faallaa fi Ayihuudonni walii hin galani jechuudha.”

“Eeyyee,” jette Greetal rifeensa mataa ishee keessaa waa tuttuqaa.

“Namni walitti isaan araarsu hin jiruu kan-“

Iyyi Greetal gaaffii isaa addaan kute. Iyyi ishee gar-malee guddaa waan tureef harmee hirribarraa dammaqse. Harmeen ijoolleen koo wal-ajjeesan jettee fiigdee dhufte.

Greetal rifeensa mataa ishee gaafa qaqqabdu killee hamma uraa lilmoo geessu keessaa argite. Harmeetti agarsiiste. Harmeen rifeensa mataa lachuu isaanii saaqxee ilaalte. “Kana hin amanu,” jette. “Bakka akkasiitti waan akkasii akka nu mudatu beekan ture.”

Rifeensa mataa Bruunoo fi Greetal keessatti kan argame injiraan dha. Greetal shaampuu xiraa’aadhaan mataa ishee miiccachuuf dirqamte. Miiccattee gaafa fixxu teessee boosse.

Bruunoonis shaampuudhaan dhiqateera. Haa ta’u malee abbaan haaraa jalqabuu wayya jedhee milaacii fudhatee mataa irraa haade. Bruunoon ni boo’e. Bruunoon jibbus abbaan dirqama dha jedhe.

Booda Bruunoon daawwitii keessatti of ilaalee aare. Mataa isaa hin jaallanne; iji isaa immoo gar-malee guguddaa fakkaatee mul’ata.

Abbaan “hin yaaddain; torbee muraasa gidduutti deebi’ee sii guddata” jedhee jajjabeesseeni.

“Kosii naannoo kanaatu kana fide,” jette harmeen. “Utuu namoonni tokko tokko rakkoo nurra ga’aa jiru nuu hubatanii.”

Bruunoon dawwitii keessatti yeroo of ilaalu akkam akka Shmuuliin fakkaatu arge. Namoonni dallicha keessaas injiraan waan itti nam’eef haaddatanii laata jedhee yaade.

Borii isaa Shmuul gaafa isa argu itti kolfe. Caalaatti isa qaanesse.

“Siinin si fakkaadhe amma,” jedhe Bruunoon akka nama waan nama gaddisiisu fudhateetti.

“Narra furdaa taatus.”

Boqonnaa 17

Harmeen Isa Barbaaddetu Ta'a

Torban muraasa itti aanan keessatti harmeen caalaatti jireenya Awut-wiiz jibbaa dhufte. Kun maalif akka ta'e Bruunoof galeera. Innis jalqaba gaafa as dhufan hiriyoota isaa sadan waan dhabeef biyyicha jibbee ture. Booda garuu Shmuuliin Kaarl, Daani'elii fi Maartiin caalaa jaallachaa waan dhufeef biyyicha jaallate. Harmeen garuu hiriya akka Shmuul hin qabdu. Namni isheen wajjin haasoftu hin jiru. Hiriya tokkichi isheen qabdu, Luutanaant Kotlar, biyya biraatti jijjiirameera.

Akka ijoollee karaa qaawwaa dhokotanii warra isaanii dhaggeeffatanii ta'uu barbaaduu baatus gaaf tokko utuu karaa biiroo abbaa darbuu waa dhaga'e. Harmee fi abbaan mari'achaa jiru. Dhaggeeffachuu in barbaanne ture; haa ta'u malee sagalee isaanii ol-kaasanii haasa'aa waan turaniif dhaga'uu dhiisuu hin dandeenye.

"Jibbisiisaa dha," jette harmeen. "Baayyee jibbisiisaa dha. Obsa koo fixadheera."

"Filannoo hin qabnu," jedhe abbaan. "Hojii-manaa keenya dha."

"Hojii manaa keeti. Kan keenya miti. Ati yoo barbaadde as turi."

"Namni maal nuun jedha?" jedhe abbaan. "Siif ijoolleen na malee Barliinitti yoo deebitan namni maal nuun jedha? Hojiin koo balaarra bu'a."

"Hojii? Hojii jettaa kanaan!"

Bruunoon sana booda homaa hin dhaggeeffanne. Sagaleen isaanii gara balbalaatti dhiyaachaa waan dhufeef harmeen battala qoricha ishee barbaacha fiigdee gadi-ba'uu dandeessi. Akka isheen irra hin baaneef dafee gara kutaa isaatti qajeele. Haasaa isaaniirraa Barliinitti deebi'uu akka danda'an hubateera. Gammachuu yookin gadda keessaa kam akka itti dhaga'amu adda hin baafanne.

Jireenya isaa isa durii akka jaallatu ni yaadata; haa ta'u malee yoona waan baayyeen jijjiirameera ta'a. Kaarl fi hiriyoonna isaa lachan (maqaa isaanii dagateera) yoona isa irraanfataniiiru. Akkoon duuteetti; akaakaan badaa hin mul'atu; akka abbaan jedhutti gar-malee dulloomeera.

Bruunoon jireenya Awut-wiizitti bareera: Heer Liiziin hin jibbu; isa durii caalaa Maariyaatti michoomeera; Greetal dhimma mataa isheerra waan jirtuuf akka durii rakkistuu miti; haasaan inni har’a Shmuulii wajjin haasa’e gammachuudhaan isa guuteera.

Bruunoon kam akka caalaatti jaallatu waan hin beekneef murtii isaanii callisee fudhachuuf murteesse.

Torban muraasaa homtuu hin jijjiiramne; jireenya akkuma duriitti itti fufe. Abbaan yeroo isaa harka caalaa kan dabarsu biiraa isaa keessatti. Harmeen badaa hin haasoftu; hiriba guyyaa baayyisteetti. Qoricha baayyee liqimsuun ishee Bruunoo yaaddesseera. Greetal kutaa ishee keessa kaartaa keenyanitti maxxansamee jiru gaazexaarraa waa dubbisaa sisirreessiti. Kunis Heer Liiziin guddaa gammachiiseera.

Bruunoon jeequu dhiiseera. Hiriya eenyuyyuu waa’ee isaa hin beekne dhoksaatti qabaachuun isaa isa gammachiise.

Gaaf tokko abbaan Bruunoo fi Greetaliin biiraa isaatti waamee jijjiirama dhufuuf jiru itti hime.

“Taa’aa, ijoollee,” jedhe barcuma dur irra taa’uun isaaniif hin danda’amnerra akka taa’an isaan afeeraa. Abbaan deeskii isaa dudduuba taa’e. “Waan tokko tokko jijjiiruuf murteessineerra,” jedhe fuula isaa duukkaneessee. “Kana naa deebisaa: biyya kanatti gammaddaniittuu?”

“Eeyyee, abbaa,” jette Greetal.

“Sirriitti malee, abbaa,” jedhe Bruunoonis.

“Barliiniin gonkumaa hin yaaddanii?”

Ijoolleen lachuu takka yaadanii eenyu haa deebisu jedhanii wal-ilaalani. Greetal takka eegdee “ani baayyeen yaada. Hiriyyoota qabaachuu nan barbaada,” jette. Bruunoon iccitii isaa yaadee seeqe.

“Hiriyyoota,” jedhe abbaan mataa raasee. “Eeyyee, takka takka nan yaada. Kophummaan isin rakkisuu hin oolu.”

“Baayyee malee,” jette Greetal.

“Atoo, Bruunoo?” jedhe abbaan. “Hiriyyoota kee ni yaaddaa?”

Takka yaadee “eeyyee” jedhee deebise. “Eessa iyyuu yoon deeme garuu naman yaadu hin dhabu.” Kan kana jedhe waa’ee Shmuul yoo ta’us akka irratti hin baramneef kana caalaa dubbachuu hin barbaanne.

“As ijoollee dhibba meeqatu jira,” jedhe Bruunoon. Kan kana dubbate itti hin yaadee hin turre. “Dallaa sana keessa jechuu kooti.”

Kana gaafa inni dubbatu manichi callisaan guutame. Abbaa fi Greetal yeroo isa ilaalan naasuudhaan libsate.

Abbaan “maal jechuu keeti? Achi maal akka jiru maal beekta?” jedhee gaafate.

Bruunoon dubbachuuf afaan saaqqatus tarii waan dubbachuun hin malle akka hin dubbanne sodaate. “Foddaa mana ciisichaa koorraan yeroon ilaalu nan arga. Fagoo akka isaan ta’an beeka; dhibba baayyee akka isaan ta’an garuu ni mul’ata. Hundi isaanii bijaamaa sassararamaa uffatu.”

“Sirrii dha, bijaamaa sassararamaa,” jedhe abbaan mataa raasaa. “Isaan ilaalaa turte moo?”

“Argeera,” jedhe Bruunoon. “Arguu fi ilaaluun garuu tokko miti natti fakkaata.”

Abbaan ni seeqe. “Bruunoo, baayyee gaarii,” jedhe. “Sirrii jette; ilaalu fi arguun tokko miti.” Takka turee akka nama waa murteesseetti mataa raase.

“Isheen sirrii jette,” jedhe sagalee guddaadhaan. Gaafa kana dubbatu gara Greetalis ta’e Bruunoo ilaalaa miti. “Sirrii jette. Hamma kana turtaniittu. Amma garuu yoo deebitan wayya.”

Kanumaan murtii irra ga’ame. Manni isaanii qulqullaa’ee, haaromfamee akka isaan eegu ajajni darbe. Harmee, Greetalii fi Bruunoon turban tokko booda Barliinitti akka deebi’an abbaan dubbate.

Bruunoon Barliinitti deebi’uu isaanitti hamma kanatti hin gammadne; Shmuulitti maal jedhee akka himu yaadda’e.

Boqonnaa 18

Adveencharii Isa Dhumaa

Bruunoon Barliinitti akka deebi'an baree borii isaa Shmuul akka durii gara dallichaa hin dhufne. Borii isaas akkasuma ni hafe. Guyyaa sadaffaatti Bruunoon yeroo achi ga'u namni miilla wal-qaxxaamursee taa'ee isa eegu hin turre. Daqiiqaa kudhan eegee isumaa lammaffaa Shmuuliin akka hin argine yaadda'aa deemuuf jedhuu fagootti isa arge.

Bruunoon Shmuul dhufaa jiraachuu isaa gaafa argu ni gammade. Daabboo fi appilii kiisii isaa keessa dhoksee fide kennuufiif itti hiixate. Haa ta'u malee fageenya irraayyuu Shmuul isa durii caalaa gaddarra jiraachuu isaa hubate. Shmuul dallicha bira gaafa ga'u akka durii nyaata harkaa fuudhuuf hin ariifanne.

"Kana booda as dhufuu ni dhiisten se'e," jedhe Bruunoon. "Kaleessaa fi dheengadda dhufeen si dhabe."

"Dhiifama. Waatu uumame."

Bruunoon xiyyeeffatee isa ilaale. "Maaltu ta'e laata" jedhee tilmaamuu yaale. Tarii Shmuulis akkuma isaa manatti deebi'uuf jedha ta'a jedhee yaade. Akkuma guyyaan dhalootaa isaanii tokko ta'e guyyaa tokkotti manatti deebi'uu akka danda'an yaade."

Bruunoon "maaltu ta'e?" jedhee gaafate.

"Abbaan koo lafa inni jirun wallaale."

"Ni bade jechuudhaa?"

"Ta'uu danda'a. Wiixata nu faana ture. Booda hojiif namoota muraasaa wajjin deeme. Hundi isaaniyyuu hin deebine."

"Xalayaa isiniif hin erginee? Yookin immoo yoom akka deebi'u barreessee kaa'ee hin deemnee?"

"Lakki."

"Nama dhiba," jedhe Bruunoon. Takka turee "hin barbaanneenii?" jedhee gaafate.

“Barbaadeera,” jedhe Shmuul afuura baafatee. “Naanna’ee barbaadaan oole.”

“Mallattoon homaa hin jiruu?”

“Homaa.”

“Maal waan akkasii?” jedhe Bruunoon. “Deebii salphaan jira jedheen yaada.”

“Maal ta’a jettee yaadda?”

“Namoonni kun hojiif gara magaalaa biraa deeman ta’a. Hojichi hamma dhumutti guyyoota muraasaaf turu. Yeroo dhiyootti ni deebi’a jedheen yaada.”

“Akka inni deebi’un abdadha,” jedhe Shmuul akka boo’uu ta’ee. “Isa malee maal akkan ta’u hin beeku.”

“Barbaannaan abbaa gaafachuu nan danda’a,” jedhe Bruunoon akka inni didu abdachaa.

Shmuul “yaada gaarii miti” jedhee deebise. Akkas takkaatti diduun isaa Bruunoo mufachiise.

“Maalif? Abbaan waa’ee iddoo keessanii sirriitti beeka.”

“Loltoonni waan nu jaallatan natti hin fakkaatu. Akka isaan nu hin jaallanne sirriittin beeka. Nu jibbu.”

Bruunoon naasuudhaan “lakki, isin hin jibban” jedhe.

“Nu jibbu,” jedhe Shmuul ciniinnachaa. “Anis isaan hin jaalladhu. Baayyeen isaan jibba” jedhe jabeessee.

“Abbaa koo ni jibbitaa?”

Shmuul ciniinnatee callise. Abbaa Bruunoo yeroo baayyee waan argeef namni hamaan akkasii ilma gaarii akkasii akkamitti akka qabaate gaaffii itti ta’a.

“Waanuma fedheefuu,” jedhe Bruunoon haasaa jijjiiruuf. “Anis waanan sitti himu qaba.”

“Maal natti himuu barbaadde?” jedhe Shmuul abdiidhaan.

“Barliinitti deebi’uufin jedha.”

Shmuul naasuudhaan bishaan ta'e. Sagalee hudhamaadhaan "yoom?" jedhee gaafate.

"Har'i kamisa mitii? Sanbat-duraa deemna. Laaqana booda."

"Hammam turtu garuu?"

"Kana booda achuma jiraanna natti fakkaata. Harmeen Awut-wiiziin hin jaallattu. Biyya itti ijoollee guddisan miti jetti. Abbaan hojiif asitti hafa. Nuti garuu ni deemna."

"Kana booda sin argu jechuudhaa?"

"Gaaf tokko deebinee wal-arguun keenya hin oolu. Bashannanaaf Barliiniin dhufuu dandeessa. Asitti hin haftu mitiiree?"

Shmuul gaddaan mataa raase. "Ta'uu danda'a. Ati deemnaan naman faana haasa'u hin qabu."

"Lakki," jedhe Bruunoon. "Anis sin yaada, Shmuul" jechuu fedhus ni saalfate. "Bor guyyaa dhumaa keenya jechuu dha. Nagaa walitti dhaamuu qabna."

Shmuul keessi isaa gaddaan waan guutameef homaa dubbachuu hin dandeenye.

"Bruunoon takka turee "Al tokko utuu wajjin taphannee natti tola ture. Al tokko, yaadannoof" jedhe.

"Anis akkasuma nan barbaada."

"Waggaa tokkoo ol wajjin haasofnus takkaa illee wajjin taphannee hin beeknu. Kan biraa immoo, foddaa mana ciisichaa irraa mana keessan argus qaamaan dhufee ilaalee hin beeku."

"Waan sitti tolu hin fakkaatu. Harka meeqa mana keessan wayya."

"Ta'us utuun ilaalee natti tola."

Shmuul takka itti yaadee shiboo dallichaa ol-qabe. Banaa xiqqoon jiru ijoollee akka Bruunoo gabaabduu waan seensisu fakkaata."

Shmuul "Seenuu barbaannaan ni dandeessa" jedheeni.

Bruunoon takka yaadee "seenuun waan naa eyyamamu natti hin fakkaatu" jedhee deebise.

“As dhuftee guyyaa guyyaatti naa wajjin haasa’uun siif eyyamamuu baatus hinuma dhufata mitii?”

“Yoon argame adabamuu kooti.”

“Sirrii dha,” jedhe Shmuul ija isaa imimmaan guuteen lafa ilaalaa. “Bor wal-arginee nagaa natti dhaamta kaa?”

Lachuu iyyuu takka callisanii tureni. Bruunoof akka tasaa yaadni tokko dhufeefi.

“Maal goona beektaa...” jedhee ammas dabalee yaade. Rifeensa mataa kee erga murattee na fakkaatta isa naan jettee turte ni yaadattaa?”

“Eeyyee narra furdaa taatus.”

“Akkas taanaan anis bijaamaa sassararamaa yoon argadhe dhufeen sii wajjin oola. Namni nurratti baru hin jiru.”

Fuulli Shmuul ni ife. “Dhugaa? Akkas ni gootaa?” jedhee gaafate.

“Eeyyee, adveencharii gaarii ta’a. Adveencharii keenya isa dhumaa.”

“Abbaa koo barbaaduuttis na gargaarta.”

“Rakkoo hin qabu. Takka deddeemnee ragaa barbaanna. Yeroo abuuran hunda ragaa hordofuun gaarii dha. Amma wanti nu dhamaasu bijaamaa sassararamaa argachuu qofa.”

Shmuul mataa raasee “inni salphaa dha,” jedhe. “Godoo isaan keessa kaa’an jira. Kan anaaf ta’u fideen dhufa. Uffata kee jijjiirrattee wajjin abbaa koo barbaanna.”

“Yaada bareedaa dha. Ni ta’a.”

“Bor yeroo kanatti wal haa arginu.”

“Akka har’aa hin guyyaafatin,” jedhe Bruunoon surree isaarraa awwaara hurgufaa. “Bijaamaa sassararamaa sana hin irraanfatin.

Lachanuu guyyaa sana gammadaa manatti galani. Bruunoon adveencharii gaarii argachuufi. Utuu Barliinitti hin deebi’in carraa dallaa sana daawwachuu argachuu isaatti gammade. Abuurraafis ni ta’aafi. Shmuul immoo abbaa isaa barbaaduutti nama isa gargaaru argachuutu isa gammachiise. Walumaa galatti karoora gaarii fi carraa ittiin sirriitti nagaa walitti dhaaman ta’ee itti mul’ate.”

Boqonnaa 19

Guyyaa Itti Aanu

Jimaatni roobaan bari'e. Bruunoon ganama gaafa hirribaa ka'u foddAA isaarraan ala ilaalee roobuu isaatti aare. Utuu akka guyyaa isa kaanii ta'ee itti dhiisee guyyaa biraa eega ture. Har'a garuu carraa inni Shmuulii wajjin taphachuu fi abuuruuf qabu isa dhumaa waan ta'eef obsa dhabe.

Yeroon deemus homaa gochuu hin dandeenye. Kan wal-argan waaree booda waan ta'eef ammas yeroon jira. Hammasitti caamuu hin oolu.

Ganama yeroo Heer Liiz isa barsiisu ammaa ammaa ala ilaalaa ture. Bokkaan garuu caalaatti yandoo robe. Yeroo laaqanaa karaa foddAA mana nyaataa ilaale. Amma akka tittiifuuti; aduunis ba'uuf waan jettu fakkaatti. Waaree booda yeroo inni seenaa fi ji'oograafii baratu garuu caalaatti yandoo roobe. Akka carraa garuu Heer Liiz deemuuf yeroo inni ka'u bokkaan ni caame. Bruunoon kophee boottii fi jaakkeettii roobaa uffatee utuu namni isa hin argin manaa ba'e.

Deemsi inni dhoqqee keessa deeme yoomiyyuu caalaa itti tole. Mucucaachaa deemus takkaa hin kufne.

Gara samii gaafa ol-ilaalu duumessaa'uu isaa arge. Guyyaa guutuu roobaa waan ooleef deebi'ee ni rooba jedhee hin yaaddofne. Booda manatti yeroo galu uffanni isaa akkamitti akka dhoqqaa'e gaafatamuun isaa hin oolu. Akka harmeen jettu ijoollee waan ta'eef waan biraa namni shakku hin jiru. Guyyoota muraasa darban Barliinitti deebi'uuf uffanni isaanii konkolaataatti waan fe'ameef harmeen gammadduu taateetti.

Shmuul taa'ee Bruunoo eegaa ture. Har'a yeroo duraaf miilla wal-jala qaxxaamursee taa'ee hin eegne. Dallaatti hirkatee dhaabateera.

"Bruunoo, akkami?" jedhe akka isa argeen.

"Fayyaa."

"Lammaffaa deebinee wal-arguun keenya na shakkisiisee ture. Bokkaan manatti si ittisa jedhee yaadeen ture."

"Sirrii dha. Har'a qilleensi isaa sirrii miti."

Shmuul harka isaa gaafa diriirsu Bruunoon ni gammade. Shmuul surree bijaamaa sassararamaa, kanateeraa sassararamaa fi koofiyyaa baatee jira. Qulqulluu fakkaatuu baatus Bruunoon dhimma hin godhanne.”

Shmuul “abbaa koo barbaaduuf qophoofteettaa?” jennaan Bruunoon dafee “eeyyee” jedhee deebise. Abbaa Shmuul barbaaduu caalaa kan isa hawwisiise garuu abuurraa dha.

Shmuul Bruunoon akka ol-seenuuf shiboo ol-qabeefi. Bruunoon boorsaa uffata isaa keessa kaa’u fiduu dhiisuu isaatti gaabbe. Lafti isaa dhoqqaa’aa waan ta’eef lafatti dhiisnaan uffanni isaa jalaa xuraa’a. Ta’us filannoo biraa hin qabu. Uffata isaa asitti dhiisuu baannaan abuurraatu itti hafa. Kun immoo gonkumaa hin yaadamu.

Bruunoon “achi garagali kaa” jedheeni.

Shmuul gaafa achi garagalu Bruunoon jaakkeettii isaa baasee suuta jedhee lafa kaa’e. Shamizii isaa gaafa baasu itti qorrinaan dafee kanateeraa bijaamaa uffate. Yeroo mataa isaatti gashu itti ajaa’e.

“Dhiyootti miiccameeraa kanateeraan kun?” jedhee gaafa inni gaafatu Shmuul as garagalee “gonkumaa miiccamee waan beeku natti hin fakkaatu” jedhee deebise.

Bruunoon “achi garagali!” jedhee itti iyyinaan deebi’ee achi garagale. Bruunoon asii fi achi mil’atee surree baafachuutti ka’e. Akkas dirree irratti surree baafachuun isaa adda itti ta’e; ‘namni utuu na argee maal naan jedha laata jedhee’ yaade.

“Amma as garagaluu dandeessa.”

Bruunoon uffatee akka fixeen Shmuul as garagale. Baayyee isa ajaa’ibe. Utuu Shmuul akka ijoollee dallicha keessaa huqqataa hin taanee gargar isaan baasuun hin danda’amu ture. Baayyee wal-fakkaatu.

Bruunoon “maalin yaadadhe beektaa?” jedhee gaafannaan Shmuul mataa raase.

“Maal yaadatte?”

“Akkoo koon yaadadhe. Waa’ee ishee isan sitti hime ni yaadatta mitii? Akkoo koo iahee duute?”

Shmuul “eeyyee” jedhee deebise. Bruunoon waggaa guutuu waa’ee akkoo isaa odeessaa waan ba’eef ishee irraanfachuu hin danda’u. Bruunoon akkam akka ishee jaallatu turee fi xalayaa baayyee utuu isheen hin du’in dura barreessuufii dhiisuu isaatti guddaa akka gaabbu itti himaa ba’e.

“Tapha dur Greetalii wajjin taphannu na yaadachiiste” jedhe jireenya isaa isa Barliiniin yaadaa. “Yeroo hunda uffata sirrii naa filti. Uffata sirrii uffannaan nama fakkaachuu barbaaddu sana fakkaatta jetti. Anis amma akkas gochaan jira mitiiree? Namoota dallaa sana keessaa fakkaachaan jira.”

“Ayihuudii jechuudha” jedhe Shmuul.

“Eeyyee, sirrii dha.”

Shmuul kophee Bruunootti quba qabe. “Baasuu qabda.”

Bruunoon ni na’e. “Dhoqqee hoo? Akkamittin miilla duwwaa dhoqqee keessa deema?”

“Kanaa achi sirratti barama. Filannoo biraa hin qabdu.”

Bruunoon hiriyaan isaa sirrii akka ta’e waan beekuuf kophee fi kaalsii isaa baafatee uffata isaa bira kaa’e. Jalqaba dhoqqee keessa ejjechuun isa jibbisiisee ture. Booda garuu jaallachaa dhufe.

Shmuul gadi jedhee shiboo dallichaa ol-qabe. Bruunoon jala lo’ee darbe. Bijaamaan sassaramaan isaa ni dhoqqaa’e. Jireenya isaa keessatti takkaa akkas xuraa’ee hin beeku; itti tole.

Shmuulis gammadee seeqe. Takka callisanii dhaabatani; dallicha keessa gar-tokkoon lama ta’anii hin beekani.

Bruunoon Shmuuliin haammatee hammam akka isa jaallatuu fi isaa wajjin waggaa gaarii akka dabarse itti himuu fedhe.

Shmuulis akkasuma haammachuunii barbaade. Gaarummaa isaaf, nyaata inni kennaafii ba’ee fi abbaa isaa barbaaduutti isa gargaaruu isaaf isa galateeffachuu fedhe.

Lachuuyyuu garuu wal hin haammanne. Suuta jedhanii gara kaampichaatti deemuu jalqabani. Shmuuliif haaraa miti; loltoota dhokotee gara kana dhufaa ba’e. Bruunoo wajjin kan wal-bares akkasitti ture.

Utuu badaa hin turin lafa barbaadan ga’ani. Bruunoon wanti inni arge afaan isa bansiise. Akka inni dur yaadutti godoowwan sun maatiilee gagammadoo barcuma ala kaa’atanii taa’anii “ijoolleen ammaa maatii kabajuu dhiisteetti” jedhanii haasa’aniin kan guutaman itti fakkaatu ture. Ijoolleen immoo garee gareedhaan teenisii yookin kubbaa miillaa taphatu yookin immoo fakkii kaasu jedhee yaada ture.

Suuqiin gara wiirtuu ni jiraata jedhee yaadee ture; kaaffeewwan akka warra Barliinii fi gabaan kuduraa fi muduraa ni jiraata jedhee yaada ture.

Wanti inni arge garuu isa inni yaadaa ture irraa guutummaan guutuutti adda.

Namoonni gurguddaan ala taa’anii haasa’an hin jirani.

Ijoolleen gareedhaan taphatan hin jirani. Kaaffees ta’e gabaan akka Barliin hin jiru.

Namoonni gartuudhaan taa’anii gaddu. Lafa lafa ilaalu; hundinuu gar-malee huqqatoo, iji isaanii dhidhimaa dha. Hundinuu mataan isaanii haadamaa dha. Bruunoon asis injiraan waan isaan rakkiseef haaddatan jechuudha jedhee yaade.

Gara bitaatti loltoota sadii kan gara namoota digdamaa ajajan arge. Itti dhedheekkamu. Namoonni gan jilbeeffatanii gaddu.

Gara mirgaatti loltoota biroo kan dhaabatanii haasa’an arge. Kokkolfaa qawwee isaanii ilaalu; halaalatti aggaamanis hin dhukaasani.

Gara ilaalu hundumaatti namoota gosa lama arge; loltoota gagammadoo kokkolfaa oolanii fi takka dheekkaman, namoota gaddaa fi boo’ichaan gara samii ol-ilaalan kan hirribni isaan kuffisuuf waan jedhu fakkaatan.

“Bakka kana hin jaallanne,” jedhe Bruunoon takka turee.

“Anis akkuma kee hin jaalladhu.”

“Manatti deebi’uu naa wayya.”

Shmuul deemsa dhiisee dhaabatee isa ilaale. “Abbaa koo hoo? Wajjin barbaanna naan hin jennee?”

Bruunoon takka itti yaade. Hiriya isaaf waadaa seeneera; waadaa cabsuu immoo hin fedhu; keessumaa immoo guyyaa dhumaa wajjin dabarsanitti.

“Tole. Eessa eessa barbaannu.”

“Ragaa argachuu qabna hin jennee ati?” jedhe Smuul. Yaadda’eera. Bruunoon isa gargaaruu baannaan eenyutu isa gargaararee?

“Sirrii dha. Ragaa barbaaduu qabna. Haa jalqabnu.”

Bruunoon akkasitti waadaa isaa eege. Gara sa’atii lamaa fi walakkaaf ragaa barbaacha kaampii keessa naanna’aa oolani. Maal akka barbaadan sirriitti beekuu baatanis Bruunoon ‘abuuraa gaariin ragaa gaafa argu ni beeka’ jedhee irra deddeebi’ee dubbate.

Haa ta’u malee abbaan Shmuul eessatti akka bade kan agarsiisu ragaa tokkollee hin arganne. Lafti duukkanaa’aa dhufe.

Bruunoon ammas ol-jedhee gara samii ilaale. Ammas deebi’ee waan roobu fakkaata. “Nan gadda, Shmuul,” jedhe afaan keessa qaqqabachaa. “Ragaa tokkollee argachuu dhabuu keenyatti nan gadda.”

Shmuul gaddee mataa raasus ragaa dhabuun isaanii isa hin dinqine. Silumayyuu badaa hin abdanne. Ta’us hiriyaan isaa dhufee lafa inni jiraatu arguu isaatti gammadeera.

“Manatti deebi’uu naa wayya,” jedhe Bruunoon. “Nan gaggeessituu?”

Shmuul deebisuuf yeroo afaan saaqqatu sagaleen fiishkaa dhaga’ame. Battalumatti loltoonni kudhan naannoo kaampii Bruunoo fi Shmuul keessa jiran marsani.

Bruunoon “maal inni?” jedhee hasaasee gaafate. “Maaltu ta’aa jira?”

“Takka takka akkasuma. Hiriiraan nama deemsisu.”

“Hiriira?” jedhe Bruunoon dinqifatee. “Hiriiraaf yeroo hin qabu. Irbaanni har’aa foon waaddii dha. Dafee galuun qaba.”

“Ush,” jedhe Shmuul quba isaa hidhiitti maxxansee. “Nutti dheekkamsiista.”

Bruunoon mufatus namoonni bijaamaa sassararamaa walitti qabamuu isaaniitti ni gammade. Baayyee waan ta’aniif Bruunoo fi Shmuul keessaa hin mul’atani. Maal akka isaan sodaachise gaaffii itti ta’e; hiriirri waan nama miidhu hin qabu.

Keessattuu ajajaan loltootaa abbaa isaa akka ta'e itti himuu barbaade. Abbaan waan hamaatti nama hin ajaju.

Fiishkaan ammas ni iyye. Namoonni gara dhibba tokkoo ta'an wallin hiriiranii deemsa jalqabani. Bruunoo fi Shmuul gara wiirtuu jiru. Gara duubaadhaa jeequmsa wayiitu dhaga'ama. Namoonni hiriiruu hin barbaanne waan jiran fakkaata. Bruunoon gabaabaa waan ta'eef wanti ta'aa jiru itti mul'achuu hin dandeenye; sagalee dhukaasa qawwee kan fakkaatu kan dhaga'e itti fakkaatus adda hin baafanne.

Beela'aa waan dhufeef “hiriirichi ni turaa?” jedhee hasaasee Smuuliin gaafate.

“Natti hin fakkaatu. Warra hiriiranii deeman tasa deebi'ee argee hin beeku. Hiriirichi waan turu garuu natti hin fakkaatu.”

Bruunoon ni aare. Gara samii yeroo inni ol-ilaalu sagaleen qaqawweessaa ni dhaga'ame. Samiin battaluma duumessaa'ee yadoo roobe. Bruunoon ija isaa dunuunfatee yeroo banu hiriirichi fuulduratti deemaa jiraachuu arge. Bokkaan jabeessee gaafa itti roobu utuu mana jiraatee hawwe.

“Na ga'a,” jedhe Shmuulitti garagalee. “Qorri akka nan rukunneef manatti deebi'uun qaba.”

Isumaa dubbatee afaanii fixuu mana ho'aa keessa seenani. Manichi tasa qilleensa waan gashu hin fakkaatu.

“Baayyee gaarii,” jedhe yeroo xiqqoof illee bokkaa jalaa dheessuu isaatti gammadee. “Hamma inni caamutti eegnee gaafa inni caamu gala.”

Shmuul Bruunootti siqee sodaadhaan isa ilaale.

“Abbaa kee arguu dhabuu keenyatti nan gadda, Shmuul.”

“Homaa miti.”

“Wajjin taphachuu dhabuu keenyattis nan gadda; Barliiniin yeroo dhuftu garuu guyyaa guutuu taphachaa oolla. Hiriyoota koo wajjinis walin si barsiisa. Maqaan isaanii eenyu turee?” jedhee of-gaafate. Maqaa hiriyoota isaa irraanfachuu isaatti ofitti aareera. Maqaa isaanii qofa utuu hin ta'in maal akka isaan fakkaatanis dagateera.

Takka turee garuu gara Shmuul ilaale. “Maqaa isaanii dagadhus dagadhuu baadhus rakkoo hin qabu. Kana booda hiriyaan koo isaan miti.” Gadi jedhee harka Shmuuliin qabe.

“Shmuul, hiriyaan koo si’i. Hiriya koo bara-baraa.”

Shmuul deebii kennuuf afaan saaqqatus Bruunoon hin dhageenyeeni. Namoonni manicha keessa jiran sagalee naasuu guddaa dhageessisani. Balballi manichaas ni cufame; sagaleen sibiilaa guddaan bakkeedhaa dhaga’ame.

Bruunoon homaa galuufii didee ija babaase. Tarii bokkaan nutti roobee qorri akka nun rukunneef cufan ta’a jedhee yaade.

Manichi keessi ni duukkanaa’e. Jeequmsi hammamii harka Shmuuliin isa hin gadhiisne; humni isa gadhiisisuu danda’us hin jiru.

Boqonnaa 20

Boqonnaa Isa Dhumaa

Bruunoon guyyaa sana booda hin argamne.

Guyyoota hedduu booda loltoonni erga Bruunoo naanna'anii barbaadanii booda loltuun tokko uffataa fi kophee Bruunoon dallaa jalatti baasee jijjiirrate arge. Loltuchi uffata Bruunoo achitti dhiisee abbaa Bruunoo waamee dhufe. Abbaan Bruunoo bitaa fi mirga isaa ilaale. Ilmi isaa eessa akka deeme galuufii dide. Uffata isaa lafatti dhiisee samiitti waan butame fakkaata.

Harmeen Bruunoo akka yaadde daftee Barliinitti deebi'uu hin dandeenye. Waa'ee Bruunoo adda baafachuuf ji'oota baayyee Aawutwiizitti dabarsite. Gaaf tokko akka inni qofaa isaa manatti deebi'etti itti dhaga'amnaan daftee mana isaanii isa duriitti deebite. Gaafa deebitu balbala dura taa'ee akka argitu yaadde.

Bruunoon garuu achis hin jiru.

Greetal harmee wajjin Barliinitti deebite. Greetal yeroo ishee irra caalaa kan dabarsitu boo'ichaani. Kan boossu sababii ashaangulliitota ishee dhabdeef yookin Awutwiiziin yaaddeef miti. Kan ishee boossisu Bruunoo yaaduu isheeti.

Abbaan Bruunoo waggaa tokko itti fufee achi jiraate. Hojii garmalee itti baayyisuu waan jalqabeef loltoonni isa jibbani. Galgala kan hirribni isa fudhatu utuu waa'ee Bruunoo yaaduuti; hirribaa yeroo ka'us Bruunoo yaada. Gaaf tokko Bruunoon maal akka isa mudate tiyoorii mataa isaa uummate. Bakka uffatni Bruunoo itti argame deemee ilaale.

Iddicha waan adda godhu tokko illee argachuu hin dandeenye. Akka tasaa garuu shiboon dallichaa karaa sanaan sirriitti lafatti maxxanaa akka hin taane arge. Shibicha ol qabnaan nama xiqqoo (fakkenyaaf mucaa waggaa sagalii) ni gasha. Sirriitti xiyyeeffatee karicha hordofe. Utuuma deemuu miilli isaa socho'uu dadhabuu eegale. Miilla isaa wal-qaxxaamursuu baatus akkuma Bruunoon guyyaa guyyaa waggicha guutuu dallicha bira taa'aa turetti ofirra taa'e.

Ji'oota muraasa booda loltoonni biroo gara Aawut-wiiz dhufanii abbaa Bruunoo fuudhanii deemani. Innis tasa hin mormine; waan isaan isa gochuuf jedhanis homaa isa hin yaaddeessine.

Egaa seenaan Bruunoo fi maatii isaa kanaan xumurame. Kun kan ta'e yeroo dheeraa dura ture. Waan akkanaas gonkumaa deebi'ee hin uumamu.

Bara kanas ta'e gara fuulduraatti.

Hunda caalaa waanan beeku kana: warri cunqursaa jala jiran akkuma bilisoomuun isaaniif malu inni cunqursus akkasuma biilisa ba'uu qaba. Bilisummaa nama biraa kan sarbu ofii isaas jibbaan kan hidhame ta'a. Inni kan hidhamee jiru mana hidhaa jibbaa fi dhiphummaa keessatti. Ani bilisummaa nama biraa sarbinaan ofii koos bilisa miti; anis akkuma isa bilisummaa isaa humnaan sarbameeti. Inni cunqursamus inni cunqursus tokko kan isaan godhu namummaan isaanii sarbamu isaati.

Neelsan Maandeellaa, "Long Walk to Freedom".



Loltoonni Ameerikaa sadii lafee ayihuudotaa ibiddatti nam'ee jiru yeroo ilaalan



Ayihuudota kaampii Naazii keessatti beelaan dhumuuf jiran



Hidhamtoota Kaampii Naazii Keessa Turan- Bilisummaa Booda



Ijoollee Kaampii Naazii Keessa Turan



Adoolf Hiitlar, Dura Taa'aa Paartii Naazii



Adool Hiitlar (1935) Mallattoo Naazii Yeroo Mul'isu



Jarman Bara Nazii

Teessoo

Gutuamsalu7@gmail.com

Facebook.com/gutuamsalu

Guutuu.blogspot.com

t.me/Nadhii7

t.me/odeeffannoo

+251 925835052

